

Baroota Waldaa Torbanii

Boqonnaa Shan

Bara Waldaa Phergamoont

Mul'ata Yohannis 2:12-17

"Gara ergamaa waldaa Phergamoontti, 'Ergaan kun isa billaa qara-qabeessa gara lamaan qarame qabu sana biraad dhufe' jedhii caafi.

Ergichi, 'Ani iddo ati jiraattu beeka, inni lafa teessoo Seexanaa ti. Ati garuu maqaa koo jabeessitee qabatte malee, bara Antiiphaas dhuga-baatuun koo amanamaan koos isin gidduutti iddo Seexanni jiraatu sanatti ajjeefame iyyuu, anatti amanuu kee hin ganne.

Garuu wanta muraasa si irratti argadheera; namoota warra barsiisa Bala'aamitti qabamanii jiran achii qabda. Balaaq ijoollee Israa'el dura gufuu kaa'ee qalma waaqayyoolii tolfaamaniif dhi'aate akka nyaatanii fi gaalamootummaatti akka jiraatan gochuu Bala'aamtu barsiisee ture.

Akkasuma immoo barsiisa warra Niqolaawotaatti qabamanii warra jiraatan qabda.

Ammas yaada garaa kee geeddaradhu! Kana yoo gochuu dhaabaatte garuu, ani nafee sitti nan dhufa; jara sanas billaa afaan koo keessaa ba'uun nan lola.

Namni gurra qabu isa hafuurri qulqulluun waldoota kristaanaatiin jedhu haa dhaga'u! 'Isa mo'uuf maannaa dhokataa sana keessaa nan kennaaf; dhagaa calaqqisaa maqaan haaraan irratti caafame tokkos nan kennaaf; maqichas isa fudhatu sana irraa kan hafe, namni tokko illee hin beeku' kan jedhuu dha."

Phergamoos

Phergaamiyem (maqaa duriitiin) Miisiyaa keessatti kan argamtu yummuu ta'u aanaa laggeen sadii itti yaa'u taatee, karaa tokkoon galaanaan kan daangeffamturte. Asiyaa keessatti magaalaa hundarra beekamtuu turte. Magaalaa barnootaa mana kitaabaa Aleksandiriya keessatti sadarkaa lammaffaa irratti argamu qabdu turte. Haa ta'u malee magaalaa cubbuu guddaa qabdu turte, sirna waqqeffannaa Iskulaapiyoosiif kennname, isa bifaa fakkeenyaa bofa lubbuu qabu mana qulqullummaa keessa kaa'amee sooramu qabu turan. Magaalaa miidhagduu omiisha jal'isiin badhaatuu, kan daandii keessa keessa mimmidiaghoo fi paarkiwwan hawwatoo qabdu kana keessa gareen amantootaa xiqaan of kennan kanneen uffata miidhaginaatiin hin gowwofamnee, fi waqqeffannaa Seexanaa bakka sana guute jibbanis ni jiraatu turan.

Bara

Barri Phergamoont gara wagga dhibba sadii, kana jechuun bara 312 hanga 606 DH.K.B itti fudhate.

Egamaa

Bara tokkoon tokkoon ergamaa filachuuf seera Waaqayyo nuuf kennetti fayyadamuun, jechuunis isa tajaajilli isaa kan ergamaa jalqabaa Phaawuloositti baay'ee dhi'aatu filanna, kanaafis ergamaan Phergamoont Maartiin ta'u isaa osoo hin shakkiin labsina. Maartiin bara 315tti Haangaariitti dhalate. Haa ta'u malee hojjidhaan jirenya isaa guutuu Faransaayi kan ture yoo ta'u, Tuursii fi naannoo isheetti luba ta'ee hojjete. Inni Bara 399tti du'e. Qulqulluun guddaan kun wasiila Kiristaana ajaa'ibaa kan biraq qulqullu Paatriik kan Ayerlaandii ture.

Maartiin gara Kiristoositti kan dhufe yeroo hojji loltummaa hojjechaa turetti ture. Dinqiin baay'ee dinqisiisaa ta'e tokkos kan raawwatame yerooma inni hojji kanarratti bobba'ee turetti ture. Kadhatan tokko daandii magaalaa Maartiin itti ramadame irratti dhukkubsatee akka ciisee ture galma'eera. Wayyaa uffatu waan hin qabneefis qorra waqtii bonaa dandamachuu hin dandeenye ture. Hanga Maartiin isa bira ga'utti namni rakkoo isaatiif xiyyeffannaa kenes hin turre. Inni rakkoo hiyyeessa kanaa ni hubate, garuu uffata dabalataa waan hin qabneef, uffata isaa isa gara alaa ofirraa baasee, billaa isaatiin iddo lamatti kutee, huccuu sana nama qoraa sanatti uffise. Hamma danda'u isa gargaaree deemsaa karaa isaa itti fufe. Halkanuma sanas Gooftaan Yesuus mul'ataan itti mul'ate. Kunoo Inni gamisa wayyaa Maartiin uffatee akka kadhatatti dhaabatee ture. Innis isatti dubbatee, "Maartiin, amani uffata kana Anatti uffifteetta" jedheen. Yeroo sanaa kaasee Maartiin garaa guutuudhaan Gooftaa tajaajiluu barbaade. Jirenyi isas dinqiiwan waldaa duubaan humna Waaqayyoo mul'isan ta'e.

Erga hojji loltummaa keessaa ba'ee waldaa kiristaanaa keessatti geggeessaa ta'ee booda jabeessee

paagaanii dura dhaabate. Mukkeen isaanii in murmure, bifa fakkeenyaa sanas caccabsee iddo aarsaati gadi hare. Hojii warra waaqa tolfamaa dura yeroo dhaabatetti haala Eliyaas raajota Ba'aal dura dhaabateen haaluma wal fakkaatuun isaaniin morme. Muka qilee gubbaa jirutti isa hidhanii mukicha akka muran, Waaqayyo garuu akka isa oolchu isaan ajaje, isaanis haaluma sana gochuu jalqaban. Namoonni Waaqayyon hin beekne kun muka gaara qarqara qilee jiru irratti isa hidhanii, humna harkisa lafaatiin qileetti gadi kufa jedhanii waan yaadaniif mukicha muruu jalqaban. Akkuma mukichi jiguu jalqabeen Waaqayyo gidduu seenee faallaa seera uumamaatiin mukichi gara gaaraatti ol kufe. Warri paagaanii sunis utuu baqachaa jiranii mukichi isaan irratti kufee baay'ee isaanii ni hurreesse.

Barreessitooni seenaa akka dhugaa ba'aniifitti, Maqaa Yesuusiin yeroo sadii namoota du'aa kaaseera. Yeroo tokko daa'ima du'eef kadhatee ture. Akkuma Elsa'iitti daa'imicha irra garaadhaan ciise kadhateef. Innis in fayye. Taatee biraatiin immoo, yeroo ari'atamuud guddaa sanatti obboleessa sadarkaa du'aarra ga'e tokko akka oolchuuf waamamee ture. Yeroo inni achi ga'u lubbuun keessa hin jiru ture. Namichas mukatti fannisaanii turan. Dhagni isaa gogee iji isaas galagalee ture. Maartiin garuu fannoo irraa gadi buusee yommuu kadhateefitti, lubbuun isaa itti deebitee, gammachuudhaan gara maatii isaatti gale.

Maartiin eenuyullee haa ta'uu diina sodaatee hin beeku. Kanaafis qaamaan mootii hamaa du'a qulqulloota Hafuuraan guutaman baay'eef gafatamaa ta'e tokkoon mormuuf bira deeme. Mootichi gurra ergisuufii waan dideef, hiriyaan mootichaa kan ta'e luba Roomaa Damaasoos jedhamu bira dhaqe. Lubichi garuu, muudamaa Kiristaana muka wayiinii sobaa waan ta'eef gidduu seenuu hin dandeenye. Maartiinis gara masaraa mootummaatti deebi'e, yeroo kanatti garuu karri cufamanee waan tureef ol seenuu hayyamuufii didan. Masaraatti ol seenuu akka isa dandeessisuufis jilbeenfatee Gooftaa in kadhate. Sagalee ol jedhi isaan jedhus in dhaga'e. Yommuu ol jedhuttis karri sun ofumaan utuu banamuu in arge. Innis gara mana murtiitti ol seene. Bulchaa of tuulu sun garuu isatti gala galee itti dubbachuu dide. Maartiin ammas in kadhate. Ibiddis akkuma tasaa teessoo mootii qabate, mootichis aariiidhaan guutamaee ariitiidhaan achi keessaa ba'e. Dhugumatti Gooftaan warra ol of qaban gad ni qaba, warra gad of qaban immoo ol ni qaba.

Gooftaan tajaajiluuf fedhiin isaa akkas guddaa waan tureef, seexanni humnaan irratti ka'e. Diinonni dhugaa isa ajjeesuuf ajjeestota in qacaran. Isaan isa ajjeesuuf dhokatanii akka hattuutti mana isaa yommuu seenanitti dhaabatee murma isaa billaa isaaniitti qabe. Akkuma isaan itti dhi'aataniin, akkuma tasaa humni Waaqayyo manichaa keessaa darbatee alatti isaan baase. Akkasitti haala qulqulluu fi sodaachisaa sana keessatti mo'amuudhaan qoomma'anii, jilbeenfataniis yaalii ajjeechaa irratti raawwataniif dhiifama isa gaafatan.

Yeroo baay'ee namoonni Gooftaan haala addaatiin itti fayyadamu of tuuluudhaan of bokoksu. Maartiin bira garuu kun hin jiru. Inni yeroo hundumaa garbicha Waaqayyo isaa gadi of deebisu ture. Galgala gaaf tokkoo utuu inni tajaajilaaf gara waltajiitti ba'uuf qophaa'aa jiruu kadhataan tokko iddo qo'annaa isaatti bira dhaqee wayyaa akka isaaf kennuuf kadhate. Maartiinis gara durabu'aa diyaqaqonootaatti isa erge. Diyaqaqoniin of tuulaan sun garuu kadhatichi dafee akka ba'uuf ajaje. Kanaafis ammas deebi'ee Maartiin bira dhaqe. Maartiin garuu ka'ee wayyaa gati jabeessa kan ofii isaa kadhatichaaf kennee, wayyaa rakasa akka isaaf fiduuf diyaqaqonicha ajaje. Halkan gaafa sanaa utuma Maartiin Dubbii Waaqayyo lallabaa jiruu, sabni Waaqaayyo ifa adii akka jirbii iddamaa dhagna isaa marsee ifu argan.

Dhugumatti inni nama guddaa, ergamaa dhugaa bara sanaa ture. Waaqayyoon gammachiisuu malee homaa kan hin hawwine jirenya baay'ee qulqulluu nama jiraate ture. Utuu dursee irratti hin kadhatin, utuu gorsa hafuuraa Waaqayyo bira karraa Hafuura Qulqullutiin waaqa irraa hin argatin takkaa lallabee hin beeku. Yeroo hedduu hamma mirkaneeffannaa guutuu argatutti kadhataa waan turuuf, namoonni obsaan akka isa eeguu qaban itti himaa ture.

Waa'ee Maartiini fi tajaajila isaa isa dinqisiisaa beekuun qofti tarrii waan ari'atamni qulqullootaa hir'ataa deeme namatti fakkeessuu danda'a. Garuu akkas miti. Ammallee seexanni warra jal'oota meesshaa godhatee ittiin isaan balleessaa ture. Jiraatti qoraanii gubamanii. Saroонni butatoon foon fi garaa isaanii gadi jigsuuf akka mijatuufitti gadi gala galfamanii mismaaraan jirmatti waqaramaniiru, dararaa hamaadhaanis akka du'an taasifamniiru. Garaa dubartoota ulfaa tatarsaasanii daa'imman keessa baasanii hoomaa qarqarloo qallabaniiru. Dubartoonni harmi isaanii irraa murmuramee, hamma dha'annaan onnee isaanii dhiiga facaasee fixutti, hamma dhiigni keessaa dhumeekukkufanii du'aniitti akka dhaabataniif dirqamsiifamaniiru. Wanti gaddisiisaan sun warra Waaqayyoon hin beekne qofaan raawwate utuu hin ta'in, yeroo baay'ee warra nuyi Kristaana ofiin jedhaniin, warra akka waan Waaqayyoof tola oolaniitti of lakkaa'aniin loltoota fannoo amanamoo warra Dubbii Waaqayyoof dhaabatan, warra Hafuura Qulqulluuf abboomaman kana irratti raawwachuun isaa hamma yaadamuun olitti waan nama gaddisiisu akka ture akeeka.

"Manneen sagadaa isaanii keessaa isin in baasu; caalaadhumatti iyyuu yeroon itti isin ajjeesan in dhufa; namni yoo isin ajjeeses Waaqayyoof waan hojjetu isatti fakkaata."

Maatewos 24:9,

"Yommus rakkinatti dabarsanii isin in kenu; isin in ajjeesu; anaaf jettanii saba hundumaa biratti kan jibbamtan in taatu."

Milikkita fi dinqiidhaan, humna Hafuurichatiin, Maartiin ergamaa bara sanaa ta'uun dhuguma mirkanaa'eera. Nama kennaa tajaajila guddaatiin badhaafame qofa utuu hin taane, nama hamma dhumaatti Dubbii Waaqayyoof amanamu ture. Inni jaarmiyaa in lole. Hadheeffatee cubbuudhaan in morme. Dubbii fi gochaan dhugaa falmatee jirenya isaa guutuu injifannoo Kiristaanaa injifatee jiraate.

Barreessaan seenaa jirenyaa tokko waa'ee isaa haala kanaan barreesse. "Isaa aaru, ykn isaa jeeqamu, ykn isaa gaddu, ykn isaa kolfu takkaa namni argee hin beeku. Yeroo hundumaa amala dhaabbataa qaba, nama nama foonii bira achi darbes fakkaata ture, fuula isaatti gammachuu waaqarraatu uwatifamee ture. Kristos malee homtuu afaan isaa keessaa hin ba'u, namaaf gadduu, nagaa, jaalala malee homtuu garaa isaa keessa hin jiru. Yeroo hedduu cubbamoota warra isa tuffatan, warra lafa inni hin jirretti, lafa inni callisettis afaan mar'ataa fi arraba summii isatti facaasaniif illee nama boo'ee kadhataa ture dha. Baay'een isaanii safuu fi fakkeenyummaa ofii issaaniitii hin qabneef isa jibbaa turan; wayyoo! Warri hunda caalaa hadheeffatani isa jibban luboota turan."

Nagaa

Mul'ata 2:12b,

"Ergaan kun isa billaa qara-qabeessa gara lamaan qarame qabu sana biraadhu."

Ergaan bara waldaa sadaffaa ifatti ba'uuf jedha. Diraamaa wal qabataan, "Kristos waldaa Isaa gidduu jira" jedhu kutaa sadaffaan agarsiifamuu jalqabaa jira. Sagalee sagalee malakataa fakkaatuun, Hafuurri Qulqulluu Isa Qixxee Hin Qabne, "Isa billaa qara-qabeessa gara lamaan qarame qabu" dhi'eessaa jira. Dhi'eessiin kun isa Philaaxos uffata dhiilgee itti uffisee, reebaa, gonfoo qoraattii mataa Isaa irra kaa'ee, "Ilaa Mootii keessa!" jedhee Isatti ga'isee irraa baay'ee adda. Amma, Gooftaan kittaa fi gonfoo ulfinaa isa kan mootii uffatee dhaabata, 'Kristos, humna Waaqayyooti.'

Jechoota kana keessatti, "Isa billaa qara-qabeessa gara lamaan qarame qabu," kan jedhu mul'ata waa'ee Waaqayyummaa kan bira lafa kaa'a. Yaadadhaa, Bara Efesoon keessatti, Inni akka Waaqayyo Isa Hin Geeddaramneetti kaa'ame. Bara Waldaa Simiirnaatti immoo, Inni akka Waaqayyo DHUGAA TOKKICHA ta'ee fi Isa bira kan biraan akka hin turre ilaalle. Amma Bara Phergamoona kana keessatti immoo mul'anni Waaqayyummaa Isaa caalmaatti ifa ba'ee billaa qara-qabeessa gara lamaan qarame isa Sagalee Waaqayyoo ta'een wal qabsiifamee kaa'am.

Ibroota 4:12,

"Dubbiiin Waaqayyoo jiraataa dha, humna hojjetus of keessaa qaba, billaa gar lamaan qarame caalaa qara qaba; inni lubbuu fi hafuura, buusaa fi dhuka gar gar in baasa, yaadaa fi akeeka garaa namaas qoree faraduudhaaf in danda'a."

Efesoon 6:17,

"Fayyina akka gonfoo sibiilaatti, Sagalee Waaqayyoo akka billaatti, hafuura qulqulluu biraadhu."

Mul'ata 19:13 fi 15a,

"Uffata dhiiga cuuphame tokko in uffata, maqaan isaas, 'Sagalee Waaqayyoo' jedhama. 'Afaan isaa keessaa billaa qara lamaatu ba'e.'

Yohannis 1:1-3,

"Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture; sagalichi Waaqayyo bira ture; sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture. Inni kun jalqabumaa jalqabee Waaqayyo bira ture. Wanti hundinuus isumaan ta'e; waan ta'e keessaas isa malee kan ta'e tokko illee hin jiru."

1Yohaannis 5:7,

"Dhuga baatuu saditu waaqarra jira. Isaan kunis Abbaa, Sagalee fi Hafuura Qulqulluu dha. Isaan kun sadanuu TOKKO [KJV]." (Hub:Macaafa Afaan Oromoo irra caaffanni kun hin jiru.)

Egaa amma walitti dhufeinya Inni Sagalee wajjin qabu ilaaluu dandeinya. INNI SAGALEE DHA. Innis Eneyummaa Isaa ti. SAGALEE MAQAA ISAA KEESSAA TI.

Yohannis 1:1 keessaa iddo "Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture" jedhutti, jechi "Sagalee" jedhu kan hiikame jecha 'Logos' jedhu irraa ti. Logos jechuunis, "Yaada ykn yaad-rimee" jechuu dha. Inni hiika dachaa 'yaadaa' fi "haasaa" jedhu qaba. Sun waan dingii fi miidhagaa mitii? Yohaannis yaad-rimeen Waaqayyoo Yesuus irraa calaqqisa jedhe.

Phaawulosis waanuma wal fakkaatu Ibroota 1:1-3 keessatti dubbate,

"Bara duriitti Waaqayyo si'a baay'ee karaa garaa garaatiin, raajotaan abboota keenyatti dubbateera."

Guyyoota bara isa dhumaan kanatti immoo ilma (Logos) isaatiin nutti dubbate; Waaqayyo ilma isaa kanaan waaqaa fi lafa uume; waan hundumaas harka isaatti kenuuf isa dhaabe.

Ifni ulfina Waaqayyoo isa irraa in calaqqisa, Waaqayyo akkuma jirutti isaan in mul'ata; dubbii isaa isa humna qabeessaanis waan uumame hundumaa in baata. Inni cubbuuttii qulqulleeffamuu erga argachiisee booddee, ol gubbaa mirga isa surra-qabeessaa dhaqee in taa'e."

Waaqayyo akkuma jirutti Yesuus Kiristoosiin mul'ata. Yesuus Calaqqisa Fakkaattii Waaqayyoo ture.

Ammas Yohannis 1:14,

"Sagalichi nama foonii ta'ee, nu gidduus buufate."

Waaqayyo akkuma jirutti nama foonii ta'ee, nu gidduus buufate. Hafuurri guddaan—Waaqayyo Inni homtinuu isa siquu hin dandeenye, Inni namni tokko illee takkaa hin argin ykn ilaaluu hin danda'in, amma kunoo godoo foonii uffatee namoota gidduus in buufate, guutummaa Waaqayyoos namootatti in calaqqisiise.

Yohannis 1:18,

"Homtinuu takkaa Waaqayyoon hin argine, ilma tokkicha isa abbaa bukkee ture sanatu waa'ee isaa hiikee beeksise malee."

Waaqayyo, yeroo tokko tokko jiraachuu Isaa karaa duumessaa fi utubaa ibiddaa isa sodaadhaan garaa namootaa diilalleessuun mul'isa ture; Waaqayyo kun, Inni amalli yaada garaa isaa mul'ata sagalee karaa raajotaa duwwaa dhufuun beekamu, amma Amaanu'el (Waaqayyo nu wajjin jiru) akka ta'e labse (declare). Jechi 'declare' jedhu hundeen isaa jecha Griikii yoo ta'u hiikni isas 'hiikanii beeksisu (exegesis' jechuu dha. Wanti SAGALEE Jiraatan inni ta'e Yesuus godhes sanuma. Inni Waaqayyoon gara keenyatti fide, Inni Waaqayyo waan ta'eef.

Inni akkuma Yohaannis 1:1-3 keessatti waa'ee Isaa dubbatetti ifa guutuu ta'een Waaqayyoon nuuf mul'ise.

"Waa'ee isa jalqabaa jalqabee turee, sagalee jireenyaa sanaa isiniif in caafna. Nuyi isa dhageenyerra, ija keenyaan isa argineerra, ilaallees harka keenyaan isa qaqqabanneerra.

Jireenyichi mul'ifameera; nuyi isa argineerra, issafis dhugaa in baana; jirenya bara baraa isa abbaa bira ture, nuttis mul'ifame kana isinitti in himna.

Isinis nuu wajjin tokkummaa akka qabaattaniif, isa arginee fi isa dhageenyae sana isinitti in himna; tokkummaan keenya immoo abbaadhaa wajjin, ilma isaa Yesus Kristosii wajjinis."

Waaqayyo yeroo dhugaatti mul'atetti, foon uffatee mul'ate. "Namni ana arge abbaa arge."

Amma gara Ibroota 1:1-3tti yoo deebine, Yesuus calaqqee fakkaattii Waaqayyoo akka ta'e hubanna. Inni Waaqayyo nama keessaan namatti of calaqqisiisu ture. Garuu lakkofsota kana keessatti wanta hubatamuu qabu kan biraatu jira, keessattuu lakkofsaa 1 fi 2 keessatti.

"Bara duriitti Waaqayyo si'a baay'ee karaa garaa garaatiin, raajotaan abboota keenyatti dubbateera. Guyyoota bara isa dhumaan kanatti immoo ilma isaatiin nutti dubbate."

As keessatti Macaafa Qulqulluu keessan irraa waa akka sirreessitan nan barbaada. Jecha raajotaan jedhu keessatti maxxantuu '-n'n hiikka sirrii hin kennisiiftu, jechi sirriin xum-ibsa 'keessaan' jedhu ta'uu qaba. Yoos akkasitti sirreeffamee in dubbifama, "Bara duriitti Waaqayyo si'a baay'ee karaa Sagalee raajota keessaan abboota keenyatti dubbataa ture" kan jedhu ta'a.

1Saamu'el,

"Shiiloo iddo itti dubbii isaa Saamu'elitti mul'ise sanatti Waaqayyo ittuma fufee ofii isaa in mul'ise."

Kun immoo 1Yohannis 5:7 sirrii akka ta'e mul'isa, "Hafuurichii fi Sagalichi TOKKO." Yesus Abbaa mul'ise. Sagalichi Abbaa mul'ise. Yesuus Sagalee Jiraataa ture. Waaqayyo haa ulfaatu, Inni har'as Sagalee Jiraataa ti.

Yesus yeroo lafarra turetti akkas jedhe,

"Ani abbaa keessa, abbaanis ana keessa akka jiru hin amantuu ree? Abbaa isa ana keessa jiraatutu hojii isaa hojjeta malee, dubbii ani isinitti dubbadhu hundumaa ofuma kootiin hin dubbadhu." (Yohannis 14:10.)

Asitti guutummaan mul'ina Waaqayyoo Ilma keessatti raawwate karaa Hafuura Isa keessa buufatuu Dubbii fi hojiidhaan mul'achuudhaan akka akka mirka'aanaa'u ifaadha. Yeroo hundumaas wanti barsiisa turre sirriitti kanuma. Misirrottii gara misirroo Sagalee ta'uutti yeroo deebitu, hojiiwan Yesuus hojjete sana ni hojjetti. Sagaleen Waaqayyodha. Hafuurri Waaqayyoodha. Hundi isaanii TOKKO dha. Inni tokko isa kaan irraa adda ba'ee hojjechuu hin danda'u. Namni tokko dhuguma Hafuura Waaqayyoo yoo qabaate Dubbii Waaqayyoo ni qabaata. Raajoonni akkas turan. Hafuura Waaqayyoo isa nama keessa jiraatu waan qabaniif Sagaleen gara isaanii dhufaa ture. Yesuus akkasuma ture. Hafuurri safara hin qabne Isa keessa waan tureef Sagaleen gara Isaa dhufe. (Yesuus hojii BARSIISUUS lachuu raawwachuu jalqabe. Barsiisi koo kun kan ofii kootii miti, kan Abbaa isa Ana ergeeti malee. Hojii Ergamootaa 1:1, Yohaannis. 7:16.)

Amma yaadadhaa, Yohaannis cuuphaan raajii fi ergamaa bara isaa ture. Inni gadameessa haadha isaa keessatti Hafuura Qulqulluudhaan cuuphame. Laga Yordaanositti yummuu cuuphaa turettis Sagaleen Waaqayyoo (Yesuus) gara isaa dhufe. Sagalichi yeroo hundumaa gara warra dhugaatti Hafuurichaan guutamanii dhufa. Sun ragaa mirkanoeffanna Hafuura Qulqulluun guutamuu ti. Rangaa ta'a jedhee kan Yesuus dubbate kanuma. Inni, "Ani abbaa nan kadhadha, inni bara baraan isin bira haa jiraatuuf, kan biraan kan isiniif dubbatu, isiniif in keenna. Inni isiniif dubbatu kun hafuura dhugaa ti; biyyi lafaa waan isa hin argineef isa hin beekneefis, isa fudhachuu hin danda'u." Amma Dhugaan maal akka ta'e in beekna.

"Dubbiiin kee dhugaa dha." (Yohannis 17:17b.)

Ammas Yohaannis 8:43,

"Maaliif akka ani itti dubbadhu hin hubattan? Dubbii koo dhaga'uu waan hin dandeenyeef hin hubattan."

Biyyi lafaa Hafuura Qulqulluu fudhachuu akka hin dandeenye isa Yesuus dubbate hubattanii? Ba'eessa, luqqisuman amma dubbise keessatti akka ifoometti isaan Sagalichas fudhachuu hin danda'an. Maaliif? Sababiin isaa Hafuurichii fi Sagaleen tokko waan ta'aniif, utuu akka raajotaa Hafuura Qulqulluu qabaattanii silaa Sagaleen gara keessan dhufa ture. Silaa ni hubattu turan.

Yohannis 14:26,

"Inni isiniif dubbatu hafuurri qulqulluun, inni abbaan maqaa kootiin ergu garuu, waan hundumaa isin in barsiisa, waanan isinitti hime hundumaas isin in yaadachiisa."

Asirratti ammas Sagalichi sababa Hafuura Waaqayyootiif akka dhufu arganna.

Ammas Yohannis 16:13,

"Haffuuri Dhugaa sun (Sagalichi) yommuu dhufu, gara dhugaa hundumaa keessatti isin in geessa ('Sagaleen kee dhugaa dha); inni waan dhaga'u (Sagalee Waaqayyoo) dubbata malee, of keessaa fuudhee hin dubbatu; waan dhufuuf jirus isinitti in mul'isa." (Hafuurichi Sagalee raajii fida.)

Yesuus ragaan Hafuura Qulqulluun cuuphamuu afaan haaraa dubbachuu, afaan haaraa hiikuu, raajii dubbachuu ykn iyyuu fi shubbisuudha jedhee akka hin dubbatin of eeggannooodhaan akka hubattan nan barbaada. Ragaa isaa DHUGAA keessa jiraachuudha jedhee dubbate; ragaan isaa Sagalee Waaqayyoo bara keessaniif dhufe keessa jiraachuudha jedhe. Ragaan isaa Sagalicha fudhachuu wajjin wal qabata.

1Qorontos 14:37,

"Namni tokko, waan Waaqayyo isatti mul'ise himu yookiis nama kennaa hafauuraa argate yoo of se'e, wanti ani isiniif caafu kun abboommii isa kan gooftichaa ta'uun isaa haa beeku."

Egaa amma sana ilaala. Mirkaneeffanna Hafuura Qulqulluun guutamuu, raajii Waaqayyo bara sanatti ergee ittiin waldaa seera qabsiisuu beekamtii kennanuu fi isa DUUKAA BU'UU dha. Phaawuloos warra mul'ata biraan qabna jedhaniin akkas jedhe, (Lakkoofsa 36),

"Attam inni? Dubbiin Waaqayyoo isin biraan ba'e moo? Isinuma duwwaa bira ga'e ree?"

Ragaan mirkaneeffanna amanaa Kristaana Hafuura Qulqulluun guutamee tokkoo dhugaa (Sagalee)

omiishuu utuu hin ta'in, dhugicha (Sagalee) fudhachuu, itti amanuu fi isaaf abboomamuu dha.

Mul'ata 22:17 keessatti hubattaniittuu?

"Hafuurichi fi Misirrottiin, 'Kottu' in jedhuun, namni kana dhaga'us, 'Kottu' haa jedhu!"

Ilaalaa, misirrottiin Sagaleedhuma Hafuurichi dubbatu dubbatti. Isheen misirroo Sagalichaa ishee Hafuuricha akka qabdu mirkaneessitudha. Bara waldaa hundumaa keessatti duwwaan kana dhageenya,

"Namni gurra qabu, isa hafurri qulqulluun waldoota kristaanaatiin jedhu haa dhga'u."

Hafuurichi Sagalee kenna. Yoo Hafuuricha qabaattan akkuma Kristaanota bara isaaniitti Sagalee bara sanaaf ergame fudhatan, isinis Sagalee bara keessaniif ergame ni fudhattu.

Yaadni gara xumuraa sun isiniif galeeraa? Irran deebi'a, barri waldaa hundi gorsa tokkicha, "Namni gurra qabu (dhuunfaa dhuunfaatti), isa hafurri qulqulluun waldaa kristaanaatiin jedhu haa dhga'u" jedhuun xumurama. Hafurri Qulqulluu Sagalilee kenna. Inni bara tokkoon tokkoon isaatiif dhugaa qaba. Tokkon tokkoon baraa garee fo'aman kan ofii isaa qaba ture, gareen fo'aman sun yeroo hundumaa, 'sagalicha dhaga'aniiru,' fudhataniirus, akkasittis Sanyiin akka isaan keessa jiru mirkaneessaniiru.

Yohannis 8:47,

"Kan Waaqayyoo inni ta'e, dubbii Waaqayyoo in dhaga'a; isin immoo kan Waaqayyoo waan hin ta'inif dubbii isaa hin dhageessan."

Isaan Sagalichaa (Yesuus) fi Sagalee Isaa isa bara isaaniif kennname fudhachuu didan, sanyiin dhugaa garuu Sagalicha in fudhatan; sababiin isaa isaan kan Waaqayyoo waan ta'anif.

"Ani Waaqayyo ilmaan kee hundumaa nan barsiisa."

Isaayaas 54:13.

Yohannis 6:45 keessatti Yesuus kanuma dubbate. SAGALICHA WAJJIN TOKKO ta'uutu kan Waaqayyoo ta'u fi Hafurichaan guutamuu keessan mirkaneessa. Ulaagaan biraa hin jiru.

Afaan haaraa dubbaachuu, afaan haaraa hiikuu fi kennaaleen biroo maali ree? Isaan kun mul'ina kennaan nama keessaa ti. Wanti Sagalichi barsiisus kanuma.

1Qorontos 12:7 dubbifadhaa,

"Karaan kennaan hafuuraa adduma addaan NAMA KEESSAA MUL'ATU, hundumaaf bu'aa akka ta'uuf kennname."

Mul'annowwan kanneen Phaawulos maqaadhaan tarreesseera.

Amma gaaffiin baay'ee gaariin kun yummuu ka'u, hundi keessan akka gaafachuuf dhiphattan nan beeka. Mul'achuun kennaan hafuuraa maaliif ragaa Hafuura Qulqulluudhaan cuuphamuu hin ta'u, sababiin isas dhuguma Hafuuraan yoo guutamtan malee kennaan Hafuura Qulqulluu mul'isuu akka hin dandeenye beekamaadha mitii? Amma sun utuu sirrii ta'ee nan hawwa, sababiin isas ani namoota miidhuu ykn barumsa isaanii irra deemuu hin jaalladhu; garuu guutummaa gorsa Waaqayyoo isinitti hin himne utuun ta'ee, silaa tajaajilaa Waaqayyoo isa dhugaa hin ta'un ture. Sirriidha mitiiree?

Mee waa'ee Bala'aam waa xiqqoo haa ilaallu. Inni amantii qaba ture, Waaqayyoon ni waaqeffata ture. Inni mala sirrii ittiin aarsaa dhi'eessanii fi gara Waaqayyotti dhi'aatan ni hubate, garuu beenyaa jal'inaa waan fudhateef raajii Sanyii Dhugaa hin turre, hamminni hojii isaa hundarra caalu immoo isa inni saba Waaqayyoo gara cubbuu ejja fi waqa tolfamaa waqessuutti oofe ture. Haa ta'u malee Hafurri Waaqayyoo isa keessaan mul'atee raajii wanta dhibbaa dhibbatti dhugaa ta'ee kan biyyi lafaa takkaa argitee hin beekne raajuu isaa mormuuf eenyutu ija jabaata? Garuu gonkumaa Hafuura Qulqulluu gabaatee hin beeku.

Yoos egaa, waa'ee Qayyaafaa angafa lubootaa maal jettu ree? Macaafni Qulqulluun akka dubbatutti, inni akkataa Gooftaan itti ajjeefamuuf jiruu raajee ture. Akkuma hundi keeyaa beeknu, inni akka jaallatamaa Simi'oona isaa lafa guuree ykn akka qulqulleettii mi'ooftuu ishee Haannaa jedhamtu sanaa nama Haafuuraan guutamee fi nama Hafuuraan geggeeffamu ta'u isaa kan ibsu ragaan galmaa'e akka hin jirre ni beekna. Ta'us garuu mul'ina kennaan Hafuura Qulqulluu isaa dhugaa qaba ture. Sana haaluu hin dandeenyu. Kanaafuu mul'achuun kennaan hafuuraa Hafuura Qulqulluun guutamuuf ragaa ta'uun isaa meerre ree? Hin jiru. Yoo dhuguma Hafuura Waaqayyoon guutamtan jirenya keessatti ragaa SAGALICHA ni qabaattu.

Mul'ata Waaqayyo naaf kenneen waa'een dhugaa kanaa hammam akka natti dhaga'amuu fi hamman hubadhe isinitti haa agarsiisu. Egaa osoon isinitti hin himin dura kana jechuun barbaada. Namoonni

baay'een keessan raajii ta'u koo ni amantu. Ani akkas ofiin hin jedhu. Isintu jedhe. Garuu mul'anni Waaqayyo naaf kenu GONKUMAA UTUU HIN RAAWWATIN HAFEE AKKA HIN BEEKNE isinis anis ni beekna. AL TOKKOOF ILLEE KUFEE HIN BEEKU. Mul'ata tokko illee haa ta'u, fashalaa'u isaa namni mirkaneessuu danda'u yoo jiraate waan sana baruun barbaada. Hanga ammaatti kan na hordofaa turtaniif seenaan koo kunooti.

Waggoota dheeraa dura yeroon jalqaba namoota Pheenxeqoostaalii wajjin wal arge, wal ga'ii kaampii isaanii tokko keessatti ture, achittis mul'ina kennaan afaan hin beekamne dubbachuu, afaanicha hiikuu fi raajii dubbachuutu ture. Keessumaa lallabdoonni lama obboloota kaan kamiyyuu caalaa dubbii akkasii irratti bobba'anii turan. Tajaajila sanatti baay'een gammade, kennaan hafuuraa isaan keessaan mul'achuuttis baay'ee garaan koo na ciise, maaliif jennaan, geengoo dhugaa keessa waan jiraniif. Waa'ee kennawwan sanaa baruun fedha koo isa guddaa waan tureef, namoota lamaan sanaa wajjin haasa'uuf nan murteesse. Karaa kennaan Waaqayyoo isa na keessa jiruutiin, hafuurri namicha isa jalqabaa keessa jiru dhuguma kan Waaqayyoo ta'u fi dhiisuu isaa baruun barbaade. Obboleessa mi'aawaa fi gad of deebisaa sanaa wajjin yeroo gabaabaaf erga haasofnee booda, Kiristaana dhugaa fi jabaa ta'u isaan hubadhe. Inni dhugaa ture. Dargaggeessi lammafaan garuu tasumaa akka isa jalqabaa hin turre. Inni nama kooru nama oftuulus ture. Akkuman isatti haasa'aa jiruunis mul'anni ija koo dura dhufe; inni dubartii 'blond' tokko fuudhee garuu dubartii 'brunette' tokkoo wajjin akka jiraatuu fi ijoollee lamas akka irraa godhaten arge. An nama of hin arginee akka isaa takkaa hin argine.

Amma mee isinittan hima, nan rifadhe. Maaliifan hin rifadhu ree? Kunoo namoota lamatu turan, isaan keessaa tokko amanaa dhugaa yoo ta'u, inni kaan immoo itti fakkeessaa cubbuu kan hojjetu ture. LAMAANUU GARUU KENNAA HAFUURAA CALAQQISIISAA TURAN. Egaa burjaajii kanatu na dhibe. Waaqayyo biraan deebii isaa argachuuf wal ga'icha dhiiseen ba'e. Kophaa koo iddo dhoksa wayii dhageen achittis Macaafa Qulqulluu qabadhee nan kadhadhe, deebii isaaafis Waaqayyoon nan eege. Kutaa Macaafaa keessaa eessa akkan dubbisu wallaaleen cal'isee Wangeela Maatewos keessaa iddo tokko bane. Yeroo xiqqoof ergan dubbeesee booda Macaaficha lafan kaa'e. Battaluma sanatti bubbeen kutaan keessa jirutti bubbisee Ibroota boqonnaa 6 bane. Anis guutummaatti nan dubbise, keessumattuu kutaan na dinqisiisan muraasni,

Ibroota 6:4-9 ti,

"Warri ga'an yoo gara galan immoo, attamitti isaan deebisuun dandaa'ama ree? Isaaniif takka ifeeraaf; isaan kennaan waaqa irraa miyeeffataniiru; hafuura qulqulluutii hirmaataniiru.

Gaarummaan dubbii Waaqayyoo fi humni bara isa dhufuuf jiruu isaanitti dhaga'ameera.

Warri akkasii kun amantii irraa garagallaan, deebi'anii yaada garaa isaanii geeddarachuudhaaf haareffamuu hin danda'an; isaan ofuma isaanitii ilma Waaqayyoo deebisanii fannisaniiru, mul'inattis isa tuffachiisaniiru.

Lafti bokcaa yeroo baay'ee irratti roobu dhugee, biqiltuu warra qotameefiif waa'ee baasu biqilchu eebba Waaqayyoo in argata.

Qoraattii fi baalaanwaraantee yoo baase garuu, abaaramuuf jedha malee, homaa dhimma hin baasu, dhuma irrattis in gubama.

Nuyi yoo akkas dubbanne iyyuu, michoota nana, isiniif wanti wayyu fayyina keessanii wajjin akka dhufu in amanna."

Macaafa Qulqulluu cufee lafa kaa'ee, yeroo muraasaaf 'meditate' godheen amma tokko dabalataan kadhadhe. Amma iyyuu deebii hin argannen ture. Ammas calliseen Macaafa Qulqulluu bane, garuu hin dubbisne. Akka tasaa ammas bubbeen gara manaatti qilleensa'ee, ammas Ibroota boqonnaa 6 banee, erga bubbichi dhaabatees banamee achumatti hafe. Ammas irra deebi'en dubbise, yummusis Hafuurri Waaqayyoo gara kutichaa dhufee, anis mul'ata nan arge. Mul'ata keessattis nama wayyaa adii qululluu uffatee gara maasii haaraa qotame tokkootti ba'ee midhaan facaasu tokkon arge. Guyyaan sun guyyaa saafaa waan tureef, facaasuun ganamaan raawwatama ture. Garuu halkan gaafasii gara galgalaatti erga namichi uffata adii uffatee sanyii facaasu sun deemee booda, namichi uffata gurraacha uffatu tokko dhufee isa namichi wayyaa adii uffatu sun facaase keessa sanyii dabalataa dhoksee facaase. Guyyonnis darbaa deeman— aduu fi roobni eebbisan; gaaf tokkos midhaan sun biqilanii mul'atan. Attam babbareedu turan. Garuu guyyaa tokko booda inkirdaadi biqilanii mul'achuu eegalan.

Qamadii fi inkirdaadi wal faana guddatan. Biyyee gosa tokko keessa biqilan, sooratas gosuma tokko sooratu turan. Aduu fi roobas gosuma tokko irraa dhugan.

Gaaf tokko bantiin waaqaa akka sibiila diimaa laboobe, biqilooni hunduu collaganii du'uuf ka'an. Qamadiin mataa ol qabatanii roobaaf gara Waaqayyotti utuu boo'anii nan dhaga'e. Inkirdaadis sagalee ol kaasanii roobni akka roobuuf kadhathan. Sana booda bantiin waaqaa ni duumessaa'e, bokkaanis in robe, ammas qamadiin amma humna guutuudhaan sagalee isaanii ol kaasanii, gammachuudhaan, "Yaa Gooftaa

si galateeffanna" jedhanii iyyan. Kan na ajaa'ibe garuu inkirdaadi deebi'anii jiraatanis ol ilaalaanii, "Haaleluyyaa!" utuu jedhanii dhaga'u koo ti.

Sana booda dhugaa wal ga'ii kaampii sanaa fi mul'ata sanaa nan bare. Dubbiin fakkeenyaa namicha sanyii facaasuu fi sanyichaa, Ibroonni boqonnaan 6 fi mul'inni kennaa Hafuura Qulqulluu hordoftoota wal makoo keessaa hunduu haala dinqii ta'een ifatti ba'e. Inni wayyaa adii uffatee sanyii facaasu sun Gooftaa ture. Inni wayyaa gurraacha uffatu immoo seexana ture. Maasiin sun biyya lafaa ture. Sanyiwwan sun namoota turan; warra fo'amani fi warra hin fo'amin. Lamaanuu soorata gosa tokko, bishaanii fi aduu sooratan. Lamaanuu kadhataniiru. Lamaanuu Waaqayyo bira gargaarsa argataniiru, sababiin isaas aduu fi roobni Isaa warra qajeelotaafis warra jal'ootaafis al tokkicha waan kennuuf. Lamaanuu eebba ajaa'ibaa gosa tokko haa qabaatan iyyuu malee, lamaanuu mul'ina kennaa hafuuraa ajaa'ibsaa gosa tokko haa qabaatan iyyuu malee, AMMAS GARAAGARUMMAA GUDDAA TOKKOTU JIRA, SANYII GARAA GARAA TURAN.

Kana malees deebiin Maatewos 7:21-23 kana ture,

"Jaalala abbaa koo isa waaqa irraa nama hojjetutu mootummaa waaqaatti gala malee, namni, 'Yaa gooftaa, yaa gooftaa' naan jechuu duwwaadhaan itti gala miti.

Guyyaa isa dhumaan sanatti namoonni baay'een, 'Yaa gooftaa, yaa gooftaa, nuyi maqaa keetiin raajii dubbanneerra, maqaa keetiin hafuurota hamoota baafneerra, hojii aangoos maqaa keetiin baay'ee hojjenneerra mitii?' anaan jedhu.

Ani immoo yeroo sanatti, 'Matumaa ani isin hin beeku, isin yaa warra hamaa hojettanii, ija koo duraa badaa!' jedheen mul'inatti isaanitti hima."

Yesuus hojii jajjaboo Hafuurri Qulqulluu duwwaan karaa namootaatiin raawwachuu danda'u akka hojjetan hin haalu. Garuu isaan beekuu isaa ni haale. Isaan sun warra duubatti mucucaatan hin turre. Isaan kun warra hamoo, warra deebi'anii hin haaromfamne, warra hin fo'amne turan. Isaan kun sanyii Seexanaa turan.

Egaa haalichi akkasi. Mul'inni kennaa hafuuraa ragaa Hafuuraan dhalachuuti, ragaa Hafuuraan guutamuutis jechuu HIN DANDEESSAN. Lakki obbo. Mul'inni kennaa hafuuraa inni dhugaan ragaa Hafuurri Qulqulluu hojii jajjaboo hojjechuu isaa mul'isu akka ta'e nan amana, garuu namni dhuunfaa sun kennaa sana hammam baay'isee yoo qabaate iyyuu, ragaa namni dhuunfaa sun hafuuraan guutamuu isaa mirkaneessu MITI.

Ragaan mirkaneeffanna Hafuura Qulqulluu fudhachuuakkuma bara Gooftaa keenyaatti har'as deebi'ee ture. Innis guyyaa keessa jiraattaniif Sagalee dhugaa ergamu fudhachuudha. Yesuus akka barbaachisummaa Sagalichaa irratti xiyyeeffatetti gonkumaa Hojii irratti xiyyeeffattee hin beeku. Namoonni SAGALICHA yoo argatan hojiin akka isaan hordofu ni beeka ture. Sunis Macaafa Qulqulluudha.

Yesuus bara Phergamoontisa mul'ata Phaaximoo irraa wagga dhibba lama fagaatu keessatti Sagalicha irraa fagaachuun haala hamaa irra akka ga'u ni beeka ture. Irraa kaachuun kunis Bara Dukkanaatti galan akka isaan taasisu ni beeka ture. Karaan namni inni jalqabaa Waaqayyo irraa ittiin fagaate jalqabatti Sagalicha dhiisuudhaan akka ta'e ni beeka ture. Sagalicha dhiiftaniittu taanaan, Waaqayyo dhiiftaniittu. Kanaafis Inni waldaa Phergamoonti argamtti, eeyyee waldoota bara hundumaattis, "Ani Sagalicha. Waaqummaa (Deity) of gidduutti yoo barbaaddan, baga nagaan dhufte jedhatii Sagalee sana simadhaa. Gonkumaa namni ykn wanti bira Sagalee sanaa fi isin gidduu akka seenu hin godhinaa. Inni Ani isiniif kenu kun (Sagalichi) mul'ata Ofii Kooti. ANI SAGALICHA. Kana yaadadhaa!" jedhee Ofii Isaa beeksise

Sagalee gidduu keenya jirutti guddaa gammadneerraa laata jedheen shakka. Mee asitti yaada tokkon isiniif kenna. Akkamittiin kadhanna? Maqaa Yesuusiin kadhanna, akkas mitii? Kadhannaan hundi Maqaa Isaatiin kadhataama, kanaa achii deebii hin argatu.

Akka 1Yohaannis 5:14-15tti nu himametti garuu,

"Akka fedha isaatti isa yoo kadhante inni nuuf in dhaga'a; akka kanatti isa in amanna.

Kadhata keenya akka inni nuuf dhaga'u yoo beekne, waan kadhante akka isa bira argannus in beekna."

Amma, "Fedha Waaqayyo maali?" jennee gaafanna. KARAAN ittiin fedha Isaa baruu dandeenyu TOKKO qofa, innis karaa SAGALEE WAAQAYYOOTI.

Faaruu Ermiyaas 3:37,

"Utuu Waaqayyo hin abboomin, eenyutu waa dubbatee taasisuu danda'a ree?"

Kunoo akkasi. Sagalicha keessa hin jiru taanaan isa argachuu hin dandeessan. Kanaafuu waan Sagalicha keessa jiru malee kadhachuu hin dandeenyu, Maqaa Isaatiin yoo ta'e malees iyyachuu ykn kadhachuu hin dandeenyu. Ammas ammas kunoo ti. YESUUS (Maqichi) SAGALICHA (fedhicha). Waaqayyoo fi Sagalicha addaan baasuu hin dandeessan. Isaan TOKKO.

Amma egaa, Dubbiin inni fuula maxxanfame irratti dhiise kun yeroo ati amantiidhaan gara jirenya hafuuraan guutametti fudhattu kutaa isaati. Dubbiin Isaa jirenya akka ta'e dubbateera. Yohaannis 6:63b. Garuu inni sirriitti kanuma:

Amma egaa, Sagaleen Inni bifa waraqatiin nuuf dhiisee deeme kun yeroo amantiidhaan gara jirenya Hafuuraan guutameetti fudhattanitti, bu'aa dhagna Isaa ti. Sagaleen Isaa jirenya akka ta'e dubbateera. Yohannis 6:6b. Inni dhugumatti jirenya dha.

Yohaannis 14:6,

"Karichi , dhugaan, jirenyis, ana."

Roomaa 8:9b,

"Namni hafuura Kristos of keessaa hin qabne, kan Kristos miti."

Kunoo akkasi, Inni Hafuura Jirenyas. Sagaleen sirriitti kanuma; Yesuus sirriitti kanuma. Inni Sagalee dha. Kanaafuu namni Hafuuraan dhalate, namni Hafuuraan guutame amantiidhaan Sagalicha garaa isaa keessatti fudhatee afaan isaa irra in kaa'ata, maaliif jennaan sun isa Waaqummaan (Deity) dubbachaa jiruu wajjin tokko. Gaarri hunduu isa duraa deemuu qaba. Seexanni nama sana dura dhaabbachuu hin danda'u.

Waldaan bara sadaffaa utuu mul'ata Sagalee jiraataa ishee gidduu ture qofa qabattee jiraatteetti ta'ee, silaa Bara dukkanaatti humni Waaqayyoo hamma kanatti fiixee baduu irra hin ga'u ture. Har'as yeroo waldaan amantiidhaan gara Sagalichaatti fuula deeffattu, ulfinni Waaqayyoo fi hojii dinqisiisoon Waaqayyoo ammas gidduu isheetti akka argamu shakkii tokko malee dubbachuu dandeenyaa.

Halkan gaaf tokkoo utuun Gooftaa barbaadaa jiruu Hafuurri Qulqulluu gara koo dhufee, qalama fuudhee waa barreessuu akkan qabu natti hime. Akkuman barreessuuf qalama qabadheen Hafuurri Isaa ergaa waldaadhaaf dhufe naaf kenne. Ergichas isiniif dhi'eessuun barbaada... Innis Sagalichaa fi misirrottii wajjin kan wal qabatu dha.

"Wanti ani sitti dubbachuuf jedhu kunoo ti. Seera wal hormaataa keessatti tokkoon tokkoon qomoo hundaa gosa mataa isaa godhata, akka Uumama 1:11ttis, 'Amma immoo Waaqayyo, 'Lafti biqila haa baasu! Dhaabaan akka qomoo isaatti sanyii godhatu mukkeetiin ija kennanii iji isaanii immoo sanyii of keessaa qaban adduma addaan akka qomoo isaaniitti lafa irratti haa argaman' jedhe.' Jirenyi sanyii sana keessa jiru hundinuu biqilaa ta'ee achirraas gara firii biqilaatti ol ba'e. Har'as Waldaan irratti seeruma akkasiitu hojjetaa jira. Sanyiin waldaa bu'uuressee kamuu biqilee sanyiidhuma jalqabaa sana ta'a, sababiin isaas sanyii gosa tokkoo waan ta'eef. Bara dhumaa kana keessatti Waldaan Misirroon dhugaan (Sanyiin Kiristoos) gara Guutuu Manaatti (Headstone) ni dhufti, isheen waldaa ol aantuu, sanyii (race) ol aantuu ta'uudhaan gara Isaatti ni dhi'aatti. Warri misirrottii keessa jiran baay'een Isa fakkaachuu irraan kan ka'e bifu fakkaattii Isaa in ta'u. Kunis Isaa wajjin walitti dabalamuuf jecha kan raawwatu dha. Isaan tokko ta'uuf jiru. Isaan mul'ina calaqgee Sagalee Waaqayyoo jiraataa ta'uuf jiru. Dinoomineeshiiniinonni kana godhachuu hin danda'an (sanyii sobaa ti). Isaan 'Creed' fi 'dogma' ofii isaanii kan Sagalichaan makame ni omiishu. 'Mongrelizing'n kunis dhala diqaalome godhachuuuf jiru.

Ilmi inni jalqabaa (Adaam) sanyii dubbatame—Sagalee Waaqayyoo ture. Akka dhala godhatuufis misirroon isaaf kennamte. Kanaafidha misirroon kan isaaf kennamte, wal horuufi; ilma Waaqayyoo kan biraa akka godhatuuf kennamteef. Garuu ni kufte. Isheen haabriidaayizeeshiidihaan kufte. Isheen akka inni du'u goote.

Ilma lammaffaa (Yesuus), akkasuma sanyiin dubbatame kan ta'e—Sagalee Waaqayyoo kan ta'eefis akkuma Addaam misirroon kennamteef. Garuu isheenis utuu Inni ishee hin fuudhin kufte. Isheenis akkuma haadha manaa Addaam, Sagalee Waaqayyoo amantee jiraatti moo mamtee duuti kan jedhu qormaatatti dhi'eefamte. Isheen in mamte. Sagalicha dhiiftees in deemte. Kanaafis in duute.

Garee xinnoo sanyii dhugaa Sagalichaa taate tokko keessa Waaqayyo Kiristoosiif misirroo jaallatantu ni qopheessa. Durba amanamtuu Sagalee Isaati. 'Creed' ykn 'dogma' namtolchee waan hin beekneef isheen durba amanamtuu dha. Wanti Waaqayyo durba keessa mul'isuuf abdachiise hundi karaa miseensota misirrottii, akkasumas isaan keessaan ni raawwatama.

Sagaleen abdii gara Maariyaam durbaa dhufe. Sagaleen abdii sun garuu Innumti, Ofii Isaatii mul'achuu ture. Waaqayyo mul'ateera. Inni, Ofii Isaatii, yeroo sanatti taatoo ta'ee Sagalee Isaa isa abdachiise durba keessatti fiixaan baase. Ergaa sana kan isheef fide ergamaa ture. Ergaan ergamichaa

garuu Sagalee Waaqayyoo ture. Isaayaas 9:6. Yeroo sanatti wanta waa'ee Isaatiif barreeffame hunda fiixaan baase sababiin isaas isheen Sagalee Isaa waan ofitti fudhatteef.

Miseensonni misirroo durbaa Isa ni jaallatu, dandeettii Isaas ni qabaatu, sababiin isaas Inni mataa isaaniiti, aboon hundinuus kan Isaati. Isaanis akkuma miseensonni bu'aa dhagna keenyaa mataa keenyaaf bitaman Isaaf ni bitamu.

Jaalalaan waliin (harmony) jiraachuu Abbaa fi Ilmaa hubadhaa. Yesuus hanga jalqaba Abbaan Isatti argisiisutti matumaa homaa hin hojenne. Yohaannis 5:19. Jaalalaan waliin jiraachuuun kun amma Dhirs Misirroo fi misirroo Isaa gidduutti jiraachuu qaba. Inni Sagalee jireenyaa Isaa isheetti ni agarsiisa. Isheenis ni fudhatti. Gonkumaas hin shakkitu. Kanaaf du'a illee yoo ta'e, wanti ishee miidhuu danda'u hin jiru. Sababni isaas, sanyiin sun yoo dhaabame, bishaantu deebisee ol isa kaasa. Dhoksaan kanaa kunooti. Sagalichi misirrottii keessa jira (akkuma Maariyaam keessa ture). Misirrottiin yaada Kiristoos qabdi sababiin isaas waan Inni Sagalichaan akka hoijetamu barbaadu waan beektuuf. Sagalee, "Gooftaan akkas jedha" jedhu waan qabduuf abboommii Sagalichaa maqaa Isaatiin ni raawwatti. Sana booda Sagalichi Hafuuraan lubbuu horata, ni raawwatamas. Akkuma sanyii dhaabamee bishaan obaafameetti, kaayyoo tajaajila isaa ba'achuudhaan gara bilchaatee sassaabamuutti ni dhufa.

Warri misirroo keessa jiran fedha Isaa qofa raawwatu. Eenyu illee waan biraakka hoijetan isaan gochuu hin danda'u. 'Gooftaan akkas jedha' kan jedhu qabu, kanaa achii tasgabbaa'anii turu. Kan Hojiwwan hojjechuudhaan, Sagalee Isaa fiixaan baasuu qabu Waaqayyo isa isaan keessa jiru ta'uun akka qabu ni beeku. Yeroo lafa kanarra turetti hojii tajaajila Isaa hundumaa hin xumurre waan ta'eef amma misirrottii keessaa fi karaa misirrottii hojjeta.

Wantoota tokko tokko kanneen amma hojjechaa jiru hojjechuuf yeroon Isaa akka hin ga'in ture waan beektuuf, sana ni beekti. Amma garuu karaa misirrottii hojii yeroo murtoofte kanaaf dhiisee ture fiixaan baasa.

Amma egaa akka Iyaasuu fi Kaalebitti haa dhaabbannu. Biyyi itti galuuf abdachiifamne akkuma kan isaanii fuulleetti mul'achuuf jirti. Amma Iyaasuu jechuun "Yaahwee Fayyisaa" jechuudha, innis geggeessaa bara dhumaa isa gara waldaa dhufuuf jiruu bakka bu'a; inni akkuma Phaawuloos geggeessaa jalqabaa ta'ee dhufe ta'uuf jira. Kaaleb warra dhugaatti Iyaasuu wajjin dhaabatan bakka bu'a. Yaadadhaa, Waaqayyo Israa'eliin akka durba Sagalee Isaattii geggeessuu jalqabe. Isaan garuu waan adda ta'e barbaadan. Waldaan guyyaa gara dhumaas akkasuma. Waaqayyo Israa'el akka hin deemne, ykn hamma yeroon Inni mure ga'utti gara biyya abdachiifamteetti akka hin deemne akkamitti akka godhe hubadhaa. Sabni kun tarii geggeessichaan, Iyaasuudhaan, 'Lafichi kan keenya, deemnee in qabanna. Iyaasuu, ati keessa baateetta, ergama kees dagatteetta, humna duraan qabda turtes hin qabdu. Duraan Waaqayyo biraa dhageenyaan, fedha Waaqayyoo in beekta, daftees tarkaanfii fudhatta ture. Ati rakkoon wayii qabda' jechuudhaan dhiibbaa irraan ga'aniiru ta'a. Iyaasuun garuu raajii Waaqayyo erge waan ta'eef abdii Waaqayyoos waan beekuuf isa eegaa ture. Murtoon ifa ta'e Waaqayyo biraa hanga dhufutti in eege, yeroon deemsaa yummuu ga'ettis Iyaasuun Sagalee Isaa wajjin waan dhaabateef Waaqayyo geggeessummaa guutuu harka isaa keessa kaa'e. Waaqayyo Iyaasuu malee warra kaan amanachuu hin dandeeny. Guyyaa gara dhumaan kanattis waanuma sanatu irra deebi'uuf jira. Rakkoon wal fakkaatu, dhiibbaan wal fakkaatu ta'uuf jira.

Mee fakkeenya Musee keessatti arginu fudhadhaa. Raajiin Waaqayyoo inni jabaan dibame kun, sanyii Abrahaam Gibxii keessaa ba'uuf yeroo sirrii ta'etti keessatti dhalachuu isaatiin, akkaataa adda ta'een dhalate. Inni isaanii wajjin Caaffata Qulqulla'oо irratti wal falmuuf Gibxii keessa hin jiraanne, luboota irrattis jeequmsa uumee hin beeku. Hanga sabni sun isa simachuuf qophaa'oо ta'anaiitti gara lafa onaatti bade. Waaqayyo Musee gara lafa onaatti waame. Boodatti harkifannaan kun gama Museetiin dhufe osoo hin taane jarri isa simachuuf qophaa'oо waan hin taaneef ture. Museen sabni ni hubata jedhee yaade sabni garuu hin hubanne.

Ergasiil Eliyas nama Dubbiin Gooftaa gara isaa dhufe arganna. Yeroo inni dhugaa lallabaa isaan keessa darbetti gareen Izaabel Ameerikaatiif karaa qaqqajeelchan sun Dubbicha fudhachuu didan, Waaqayyo gara lafa onaatti isa waamee, raajichaa fi ergaa Waaqayyo erge fudhachuu diduu isaatiif dhaloota sana dha'ichaan adabe. Waaqayyo gara lafa onaatti waan isa waameef gara mootii illee hin dhaggeeffanne. Warri akkas akka godhu isa amansiisuuf yaalan, ni du'an. Waaqayyo garuu mul'ataan raajii Isaa isa amanamaa sanatti dubbate. Inni iddoor itti dhokatee ture keessaa ba'ee Sagalicha Israa'eliif deebise.

Ergasiis karaa qajeelchaa amanamaa Kiristoos inni ta'e Yohaannis Cuuphaan, raajii jabaan bara sanaa in dhufe. Inni gara mana barumsaa abbaa isaa, mana barumsaa Fariisotaas hin deemne—gara dinoomineeshiinii kamii iyyuu hin deemne, gara lafa onaa lafa Waaqayyo itti isa waame dhaqe malee. Hanga Gooftaan ergaa, 'Masiihichi dhihaateera' jedhu qabatee akka dhaquuf erguutti achuma ture.

Amma akekkachiisa Caaffata Qulqulla'oо asitti haa fudhannu. Bara Museetti nama Waaqayyo mirkaneesse, raajii jabaa sana dura dhaabatee Qoraahi ittiin hin mormine mitii? Musee falmee saba

geggeessuuf dibata guddaa Waaqayyoo biraakka argatee fi warri kaanis akkuma Musee mul'ata Waaqummaa irraa akka hirmaatan dubbate. Aangoo Musee ni gane. Amma namoonni durii sun, Dubbii dhugaa erga dhaga'anii fi raajii dhugaan sun Waaqayyoon kan mirkanaa'e ta'uus isaa sirriitti erga beekanii booda Qoraahii fi dubbii isaa isa waa'ee hin baafne duukaa akka bu'an isinittan hima. Qoraah raajii Caaffata Qulqullaa'oo hin turre garuu namoonni sonaan baay'een geggeessitoota isaanii wajjin isaa duukaa bu'an. Jabbiin bifa warqee lallabdoota wangeelaa har'aas attam kan Qoraahi wajjin wal fakkaata laata! Akkuma yeroo sanatti Qoraahi isaanitti gaarii fakkaatte, isaan kunis namoota biratti gaarii fakkaatanii mul'atu. Adda isaanii irraa dhiiga, harka isaanii irraa zayita, waltajjii irraa immoo ibidda boba'u qabu. Dubartooni akka lallaban ni hayyamu, dubartooni rifeensa isaanii akka muratan, kofoos ta'e qumxaa akka uffatan hayyamuudhaan 'creed' fi 'dogma' ofii tumataniif jecha Sagalee Waaqayyoo dhiisanii bira darbu. Sun egaa sanyiin akkamii akka isaan keessa jiru agarsiisa. Garuu Musee irraa garagalee Dubbii Waaqayyoo dhiisee kan deeme saba hunda miti. Lakki, warri fo'aman isa biratti hafaniiru. Har'as kanumatu irra deebi'ee raawwachuutti jira. Namoonni baay'een Sagalicha dhiisanii deemaa jiru gariin garuu isa biratti hafaa jiru. Garuu fakkeenya qamadii fi inkirdaadaa yaadadhaa. Inkirdaadi gubachuuf walitti sassaabamuuf qaba. Waldooni warra fo'aman hin ta'inii kunnin bissii bissiidaan walitti hidhamanii ibidda firdii Waaqayyootiif qophaa'aa jiru. Qamadiin garuu gara Gooftaatti isaatti sassaabamuuf deema.

Amma iddo kanatti of eeggannooguddaadhaan kana akka hubattan nan barbaada. Waaqayyo yeroo gara dhumaatti Miilkiyas boqonnaan 4 akka raawwatamuuf abdii kenneera. Dubbii Waaqayyoo isa Hafuurichaan jiraachifamu kan raajiin Miilkiyas dubbate waan ta'eef raawwachuu qaba. Yesuus waa'ee isaa eereera. Innis dhufaaatii Kiristoos isa lammataa dura kan ta'udha. Yeroo Yesuus dhufutti Caaffanni Qulqullaa'an hundinuu fixaan ba'uus qaba. Yeroon ergamaan Miilkiyas keessa sun itti dhufu bara Ormootaatti bara waldaa isa dhuma keessa ta'a. Innis Sagalichaa wajjin kan dhaabatu ta'a. Inni guutummaa Macaafa Qulqulluu Seera Uumamaa irraa kaasee hanga Mul'ataatti ni fudhata. Inni Sanyii bofaa irraa eegalee gara ergamaa bokkaa gara boodaatti in ce'a. Garuu warra dinoomineeshiinii biratti ni tuffatama.

Inni akkas ta'uus qaba sababiin isaas sun seenaa bara Ahaab irraa kaasee irra deddeebi'aa jirudha. Seenaan Israa'el bara Ahaabitti ture sun as Ameerikaa iddo raajiin Miilkiyas itti mul'atutti ta'aa jira. Akkuma Israa'el bilisummaadhaan waaqeffachuuuf Gibxii dhiisanii ba'an, warra biyyicha keessa turanis dhiibani baasuudhaan, biyya guddoo geggeessitoota gurguddoo akka Daawit fi kfk qabdu ijaaran, ergasii Ahaab teessootti ol baasanii Izaabel duubaan akka gorsituuf muudan, nutis Amerikaa keessatti sanuma gooneerra. Abbootiin keenya waaqeffachuu fi bilisummaadhaan jiraachuuuf gara biyya kanaatti ba'an. Namoota dhaloota biyya kanaas of duraa oofanii laficha dhuunfatan. Namoonni jajjaboon akka Waashingitanii fi Liinkan teessootti ol baafaman, yeroo muraasa booda garuu namoonni gadheen madaala hin kaafne iddo isaaniif hin malle kana qabatanii osoo hin turinis Ahaabiin teessoo pirezidaantii irra kaa'anii Iizaabel duubaan akka gorsituuf muudan. Ergaa yeroo akkanaa kanatti ergamaan Miilkiyas dhufuu qaba. Sana booda rooba isa gara boodaa keessatti wal falmiin gaara Qarmelos ni dhufa. Kana Sagalicha keessatti akka hubattanii akeekkadhaa ilaala. Yohaannis kara-qajeelchiituu Miilkiyas boqonnaa 3 ture. Inni rooba isa duraatiif sanyii facaase garuu jaarmayoota bara isaa turan biratti fudhatama dhabe. Yesuus dhufee Gaara Jijiiramaa irratti falme. Kara-qajeelchituu dhufaaatii Kiristoos isa lammaffaa rooba isa boodaatiif sanyii facaasa. Yesuus Sagalee Isaa sassaabuu fi misirroo Isaa ol butee fudhachuuf waan dhufuuuf warra dinoomineeshiinii fi 'creeds' gidduutti qorama ta'a. Walmorkiin jalqabaa gaara Qarmelos irratti ture; inni lammaffaan Gaara Jijiiramaa, inni sadaffaan immoo Gaara Xiyoon irratti ta'a.

Musee, Eliyaasii fi Yohaannis namoota keessaan kophatti of baasuun isaanii amala hin baratamin waan ta'eef sun namoota hedduu burjaajesse. Ergaan isaanii waan fudhatama dhabeef akka ta'e hin hubanne turan. Garuu sanyii facaafameera, yeroon facaasaa xumurameera. Kan itti aanu firdii ture. Akka milikkitaatti sabicha tajaajiluudhaan ergama isaanii waan ba'aniif kan itti aaneetdhufu firdii ture.

Akka Mul'ata 13:16tti misirroon lallabuu dhiisuuf qabdi jedheen amana sababiin isaas yoo hayyamni lallabuu isheedhaaf kennname bineensichi milikkita harka ykn adda irratti akka fudhattu barbaadaa jira waan ta'eef. Warri dinoomineeshiinii milikkitcha ni fudhatu, ykn lallaba dhiisuuf ni dirqamu. Sana booda Hoolichi misirroo Isaatiif dhufee ejjituu guddittiitti ni farada.

Amma Museen hojii murtaa'aa tokkoof akka dhalate yaadadhaa, hanga kennaa hojii sana hojjechuuf isa dandeessisu argatutti garuu hojii sana hojjechuuf hin dandeenye. Gara lafa onaatti ba'ee achitti eeguu qaba ture; Waaqayyo yeroo muramee kaa'e qaba ture. Waaqayyo deebisee achitti isa erguun dura Fara'on ta'e tokko teessootti ol ba'uus qaba ture, sabnis buddeena jireenyaa dhabee boo'uu qaba ture. Bara keenya kana keessattis akkuma kanadha.

Nuyi garuu bara keenya kana keessatti maal qabna? Namoonni sonaan baay'een milikkita baay'ee hojjechuuf irraan kan ka'e, hanga dhaloota milikkita barbaadu kan waa'ee Sagalichaa waa xiqqoo beeku ykn homaa iyyuu hin beeknee, ykn sochii dhugaa hafuura Waaqayyoo hin beeknee qabaanaachuutti geenyeerra. Dhiiga, zayitaa fi ibidda yoo argan gammadu; wanti Sagicha keessa hin jirre dhimma hin

baasu. Isaan milikkita kamiyyuu, Caaffata Qulqulla'a'oo wajjin kan wal hin qabanne illee yoo ta'e ni deggeru. Garuu Waaqayyo waa'ee waan sanaa nu akeekkachiiseera. Maatewos 24 irratti, bara dhumaatti hafuuronni lamaan baay'ee walitti dhi'oo waan ta'anif, warri fo'amani waan hin gowwoomfamneef, isaan gofti addaan baasanii beekuu akka danda'an dubbateera.

Akkamitti hafuurota adda baasuu dandeessu? Qormaata Sagalichaa qofa kennaafii! Sagalicha hin dubbatan taanaan, isaan kan isa hamaa sanaati. Inni hamaan sun akkuma misirroo lamaan jalqabaa gowwomse, misirroo guyyaa dhumaan kanaas gowwomsuuf ni yaala, karaa 'creeds' akka 'hybridize' of gootu gochuuf ni yaala, yookaan ifatti Sagalicha irraa gara milikkita isheef mijatu kamiyyutti akka gortu gochuuf yaalaa jira. Waaqayyo garuu milikkitoota Sagalee dursiisee hin beeku. Akkuma yeroo Eliyaas akkaataa Sagalee Gooftaatti dubartittiin jalqaba bixxiiltee akka isaaf bixxiltu itti himeetti, milikkitooni Sagalicha duukaa in bu'u. Akkuma Sagalichi jedhe yeroo isheen gootu milikkinni sirriin in dhufe. Dura gara Sagalichaa koottaa, sana boodaa dinqii ta'u ilaala. Sagaleen sanyii Hafuurichaan humna argata.

Ergamaan Waaqayyo biraa ergame tokko akkamitti gam-tokkee Sagalicha amanee amanee garii isaa immoo ganuu danda'a? Raajiin Waaqayyoo inni dhugaan guyyaa gara dhumaan kana keessatti guutummaa Sagalichaa ni labsa. Warri dinoomineeshiiniisa ni jibbu. Dubbiin isaa akkuma dubbii Yohaannis cuuphaa isaa mar'ataa jedhee isaan waameetti eebicha itti ta'uu danda'a. Garuu warri dursanii murtaa'an isaa dhaga'uudhaan ol butamuuf ni qophaa'u. Sanyii Mootii Abrahaam, akkuma Abrahaam amantiidhaan Sagalichatti cichanii ni jiraatu, isaan warra duraan dursee isaa wajjin murteeffaman waan ta'anif.

Ergamaan guyyaa dhumaan yeroo Waaqayyo beellametti ni mul'ata. Israa'el biyya isheetti deebitee waan jirtuuf yeroon kun yeroo dhumaan akka ta'e, namni hunduu ni beeka. Amma yeroo kamitti iyyuu akka raajii Miilkyaasitti ni dhufa. Yeroo isa arginuttis Sagalichaaf nama of kennu ta'a. Milikkinni isatti in agarsiifama (Sagalicha keessattis ni akeeka. Mul'ata 10:7.) Waaqayyos tajaajila isaa ni mirkaneessa. Akkuma Eliyaas dhugaa ni lallaba, morkii lola Tulluu Xiyooniifis ni qophaa'a.

Baay'een isaanii dogoggoraan isa hubatu, sababiin isaas Caaffata Qulqulla'a'oo karaa biraa, karaa dhugaa isaanitti fakkeessuun waan barsifamanii. Gaafa inni barsiisa sana dura dhaabatutti isa hin amanan. Tajaajiltooni dhugaa tokko tokko illee ergamaa kana dogoggoraan ni hubatu sababiin isaas gowwoomsitooni baay'een akka tajaajila dhugaa Waaqayyoo ta'aniitti waan waamamaniif.

Garuu raajiin kun in dhufa, kara-qajeelchituum inni duraa, 'Ilaa Hoolaa Waaqayyoo, isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu' jedhee iyye, innis mama tokko malee, 'Ilaa Hoolaa Waaqayyoo, isa ulfinaan dhufaa jiru' jedhee iyyuuf jira. Inni kana in godha, akkuma Yohaannis ergamaa dhugaa warra fo'amani ta'e, inni kunis ergamaa isa dhumaan warra fo'amani fi misirroo Sagalee irraa dhalattee ti."

Kiristoos Waldaattii Leellisuu Isaa.

Mul'ata 2:13,

"Ani Hojii kee (Kun Macaafa Afan Oromoo irra hin jiru), iddo ati jiraattus beeka, inni lafa teessoo Seexanaa ti. Ati garuu maqaa koo jabeessitee qabatte malee, bara Antiiphaas dhuga-baatuun koo amanamaan koos isin giddutti iddo Seexanni jiraatu sanatti ajjeefame iyyuu, anatti amanuu kee hin ganne."

"Ani hojii kee beeka." Isaan kun jechoota walfakkaatoo tokkoon tokkoon ergamoota torban tokkoon tokkoon baraatiif ergamaniitti kan dubbatamaniidha. Akkuma wayinii lamaanitti (isa dhugaa fi isa sobaatti) dubbatamaniin garaa garee tokkoof kolfaa fi gammachu ni fidu, garaa garee kaaniitti garuu shororkaa naasuu guddaa qabu fidu. Hojii gaariitiin utuu hin ta'in yyaanaan yoo fayyine iyyuu, fayyinni dhugaan hojii ykn gochaa Waaqayyo gammachiisu ni omiisha.

1Yohannis 3:7,

"Yaa ijoollee ko, homtinuu karaa irraa isin hin kaachisin! Inni sun qajeelaa akka ta'e, namni waan qajeelaa hojjetu qajeelaa dha."

Hiikni luqqisa kanaa, HOJIIN nama tokkoo maalummaa NAMICHAAN akka ibsudha.

Yaaqoob 3:11,

"Burqaan tokko bishaan miyaa'aadhaa fi hadhaa'aa in yaasaa ree?"

Roomaa 6:2,

"Kun matumaa hin ta'u! Nuyi warri cubbuu jalaa duune, si'achi attamitti cubbuu jala jiraanna ree?"

Maatewos 12:33-35,

"Muka gaarii qabaadhaa, iji isaas gaarii in ta'a; yookii immoo muka gadhee qabaadhaa, iji isaas gadhee in ta'a; mukti ija isaatiin in beekama.

Isin ijoolle mar'ataa! Ofii keessanii hamoota erga taatanii, attamitti gaarii dubbachuu dandeessu? Waan garaan namaa keessa guute afaan dubbata.

Namni gaariin gaarummaa garaa isaa keessa waan gaarii in baasa; namni hamaanis hammina garaa isaa keessa waan hamaa in baasa."

Egaa amma namni tokko Sagalichattii yoo dhalate (*Isin sanyii baduttii utuu hin ta'in, sanyii hin badnettii Sagalee Waaqayyoo isa jiraataa fi isa akka jirutti hafuun, haaraa taatanii dhalattaniittu*). 1Phexros 1:23), Sagalichuma in godhata. Firiin ykn hojiin jirenya isaa bu'aa gosa sanyii ykn jirenya isaa keessa jiruu ta'a. Kanaaf, hojiin isaa Caaffata Qulqulla'oo irratti kan hundaa'e ta'a. Oo, dhugaan kun bara Phergamoontti himannaa yakkaa attamii ta'uuf deema laata! Inni Qixxe-Hin Qabneen sun, harka Isaa keessa billaa gara lamaan qarame, Sagalee Waaqayyoo qabatee dhaabataa jira. Guyyaa dhumaattis Sagalichatu nutti farada. Dhugaadha, Sagalichi ammuma iyyuu firaduutti jira, yaadaa fi akeeka garaa namaa qoree adda baasa waan ta'eef. Hojii foonii kan Hafuuraa irraa addaan kuta. Caaffata lubbuu qabu isa ulfina Waaqayyoo mul'isu, isaa namni hunduu akka beekuuf akka dubbisuufis caafame nu taasisa.

"Ani hojii kee beeka." Namni tokko Waaqayyoon hin gammachiifnee laata jedhee yoo of sodaate, inni Sagalicha haa raawwatu. Namni tokko jechoota, "Gaarii hojjette, hojjetaa gaarii fi amanamaa" jedhu dhaga'ee yoo dinqisiifate, inni jirenya isaa keessatti Sagalicha haa raawwatu, yoos jechoota galateeffanna sanas dhaga'uun isaa mirkanaa'aa dha. Yeroo sana Sagalee dhugaatu ulaagaa ture; yeroo ammaattis ulaagaan Isuma. 'Standard'n biraa hin jiru; ulee safaraa waaltawaan biraa hin jiru. Biyyi lafaa akkuma Kiristoos Yesuus tokkichaan firdii argachuuf deemtu, akkasumatti Sagaleedhaan firdii argachuuf jirti. Namni tokko akkamitti akka Isa raawwatu beekuu yoo barbaade, waan Yaaqoob akeeke haa godhu: "Of ilaalee Dubbii Waaqayyoo keessatti of haa ilaalu."

"Ani hojii kee beeka." Inni akkuma Sagalicha qabatee achi dhaabatee jirutti, ifa 'blue print' isaaniif wixinneesee ture keessatti jirenya isaanii qoree ilaala ture, isaanis akkuma warra kanaan duraa ari'annaa jal'ootaa obsaan danda'anii gammachuudhaan Gooftaatti jiraachuu waan itti fufaniif, Inni gammachuu daangaa hin qabne isaanitti gammade. Yeroon isaa Gooftaa tajaajiluu yeroon sun baay'ee rakkisaa ta'us, isaan garuu dhugaadhaa fi Hafuuraan Isa tajaajiluu fi Isa waaqessuu hin dhiifne. Mukni wayinii sobaa garuu akkas hin turre. Wayyoo, jirenya Sagalicha irratti ijarame gananii amma dhugaa irraa caalaatti fagaachaa turan. Hojii isaanii gadi fageenya boolla isaan keessatti kufan dhugaa ba'a.

Ati Garuu Maqaa Koo Jabeessitee Qabatte

"Si dhiifnee eenu bira dhaqna ree? Dubbii waa'ee jirenya bara baraa situ qaba'o." Yeroo sanatti cimsanii qabatanii turan; isaan ammas jabeessanii qabatanii turan, garuu akka warra jirenya maseene jiraataniitti sodaa du'aatiif jedhanii miti. Isaan jabina Isaa jabeessanii in qabatan, mirkaneeffanna Hafuura Isaatiin isaan Isa keessatti tokko turan. Kan isaanii beekumsa mirkanaa'aa cubbuu dhiifama argatee waan ta'eef dhuga-ba'umsa isatiifis maqaa 'Kiristaana' jedhu baataniiru. Maqichi maqaa hunda caalu akka ta'e ni beeku, ni jaallatus turan. Maqichaaf jilbeenfataniiru. Arrabni isaanis dhugaa ba'eera. Waan hojjetan hunda Maqaa Gooftaa Yesuusiin raawwatan. Maqichatti of moggaasanii wanta hamaa irraa fagaatan, du'aa ka'uun inni caalu akka jiru waan beekaniifis ejjennoo isaanitti cichanii Maqichaaf wareegamuuf of qopheessan.

Maqaa Yesuus baadhu,
Yaa mucaa rakkinaa fi dhiphinaa;
Isatu gammachuu fi jajjabina siif kennaa,
Kanaaf iddo deemtu maratti baadhu.
Maqaa qaalii, yaa mi'aawaa,
Abdii lafarraa fi gammachuu waqaarras.

Duraanuu jaarraa lammaffaa keessa jechoonni "Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu" jedhaman kunneen namoota baay'eedhaaf 'Trinity' jecha jedhutti kan hiikaman yoo ta'u, yaadni 'polytheism' Waaqayyoota sadii jedhus waldaa sobaa keessatti doktriinii ta'ee ture. Maqaan tokkichi sun mulqamamuuf yeroo dheeraa itti hin fudhanne, yeroon MAQAAN tokkichi Gooftaa Yesus Kristoos jedhamu maqaalee ulfinaa (titles) WAAQAYYO GUDDAA TOKKICHA ibsaniin bakka buufame, dhugaadha bara kanatti ture. Namoonni baay'een ganuudhaan 'trinity' fudhatanii maqaalee ulfinaa Waaqayyummaa ibsanitti kan cuuphaman yoo ta'u, Tuutni Xiqqoon amma iyyuu Maqaa Yesuus Kiristoositti cuuphamuudhaan wanta dhugaa qabatanii hafan jiru turan.

Namni Waaqayyoon akka malee tuffachuu irraan kan ka'e, waqa sadiitti Isa jijiiree, Maqaa Isaa isaa ayaana qabeessas gara maqaalee ulfinaatti jijiiree ka'ee, milikkinnii fi dinqiwwan Maqaa guddaa akkasii irratti argaman ammallee maaliif namoota giddutti argamuu didan jedhee of gaafata. Dhugaadha, milikkitoonni sun muka wayinii sobaa keessatti ta'u baatus, haala jabaa fi ajaa'ibsiisaa ta'een

mul'ataniiru. Namoonni akka Maartiin akka ajaa'ibaatti itti fayyadamaa turan Waaqayyos milikkita fi dinqii baay'eedhaan, kennaa Hafuura Qulqulluu garaa garaatiiniis dhugaa isaaniif ba'eera. Maqichi akkuma yeroo hundumaa bu'a qabeessa turee fi yoomiyuu iddoq qulqullooni karaa Sagalichaa fi amantii ulfina Isaaf kennan jiranitti bu'a qabeessa ta'u, bara kanattis bu'a qabeessa ture.

Ati Anatti Amanuu Kee Hin Ganne

Hojii Ergamootaa 3:16 irratti namicha naafa karra isa Balbala Miidhagaa jedhamu dura taa'u irratti dinqii guddaan sun akkamitti akka raawwatame Pheexiroos yeroo gaafatametti, haala kanaan ibsee, "Humna maqaa Yesustu, maqaa isaattis amanuutu, namicha naafa isin argitanii fi beektan kanaaf jabina kenne; amantiin, amantiin Yesusiin kennname immoo, fuula hunduma keessanii duratti fayyaa guutuu kenneef." Argitanii, akkas kunoo. Maqaan Yesuusii fi Amantiin Yesuusiin kennname dinqii hojjete. Pheexiros akkuma maqaa ofii isaati jedhee hin dubbanne amantii namummaa ofii isaatiis jedhee hin dubbanne. Maqaa Yesuus fayyadamee amantii Yesuusiin kennnameen hojii guddaa sana akka raawwate dubbate. Amantiin kun isa Gooftaan Mul'ata 2:13 irratti dubbatedha. Innis amantii isa kan ISAA ture. Isatti amanuu miti. Amantii isa kan OFII ISAA isa Inni amantootaaf kennedha malee.

Roomaa 12:3,

"Namni adduma addaan akka amantii isaaf kennameetti (akka lakkofsa 1ffaatti namoonni kun OBBOLLOOTA) akka of ilaaluun ta'utti, haa yaadu."

Efesoon 2:8,

"Isin ayyana Waaqayyootiin karaa amantii fayyifamtan; inni (amantichi) immoo kennaa Waaqayyoo ti malee, gochaa ofii keessanii miti."

Akkasumas Yaaqoob 2:1 keessatti akkas jedha,

"Obbolota koo (isas hubadhaa, innis OBBOLOOTATTI dubbataa jira) amantii Gooftaa keenya Yesus Kristos erga qabaattanii (itti amanuu miti), nama wal hin caalchisinaa! KJV"

Bara Pergamean kana keessatti namoonni dhugaa "Fayyinni kan Gooftaa ti" jedhu irraa garagalani, fayyina kan namaa godhaa turan—doktiriini fo'annaa cinaatti dhiisanii, balbala waldaa fi feeloshiippii isaanii nama kamiifuu, kana jechuun nama qajeelfama isaan baafatan (Sagalichattii dhimma utuu hin qabaatin) fudhatu hundumaaf bal'isanii banan, bara saffisaan salphina uffachaa jiru kana keessatti amma iyyuu namoonni muraasni kennaa amantii Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos sanaa qaban jiru turan, amantii sanas hojii aangootiif qofa itti fayyadamaa turan osoo hin ta'in warra miseensa waldaa tokkoo ta'uun keenyaan salphaadhumatti fayyine ofiin jechuuf ija jabaatan dura dhaabatanii ittiin mormaan turan. Akka amantii Gooftaan Yesuus, Ofii Isaatii kenneefiin alatti namni dhugaadhaan jirenya bara baraattii galuu fi qajeelummaa Waaqayyotti amanuu akka hin dandeenyne ni beeku turan. Akkuma Waldaan bara har'aa amantoota hayyuu kanneen durbarraa dhalachuu, dhiigni dhangala'uu, waldaa dhaquu fi irbaata qulqulluu fudhachuu ifatti labsanii deeggaran, garuu immoo gonkumaa lammata hin dhalanneen guutamte, bara sadaffaa sana keessattis rakkoo akkasiitu ture. Amantiin namaa yeroo sana ga'aa hin turre ammas ga'aa miti. Namni Gooftaa ulfinaa gara mana qulqullummaa harka namaatiin hin ijaaramneetti fudhachuu akka danda'uuf amantiin Ilma Waaqayyoo garaa isaa keessatti cophuu isa barbaachisa.

Kun amantii jiraataa ture. "Amantii ilma Waaqayyootiin nan jiraadha, KJV." Phaawuloos ilma Waaqayyotti amanuudhaan nan jiraadha hin jenne. Kan jirenya isaaf kennee fi mo'icha Kiristaanaa keessa akka jiraatu isa taasise amantii Ilma Waaqayyoti.

Lakki, fayyinni jalqaba irraa kaasee hanga dhumaattuu kan uumamaa uumamaan olii ta'uun isaa hin haalle turan. Dhugaa Maqaa Isaa fi Amantii Isaa jiraachisudhaan Gooftaadhaan eebbfamanii, warra Isaaf malanittis lakkaa'aman.

Antiiphaas Amanamaa Koo Isa Wareegame

Obboleessa kana ilaachisee galmeen bira Sagalicha keessas ta'e seenaa caaffata qulqulla hin ta'in kamiyyuu keessa hin jiru. Dhugaadha, barbaachisaas miti. Nama duraan dursee beekamee fi nama Gooftaadhaan beekame ta'uun isaa hammaa olitti ga'aa dha. Amanamummaan inni Gooftaaf qabu Sagalee jiraataa keessatti galmaa'uu isaa arguu qofti hammaa olitti ga'aadha. Kiristaana ture. Maqaa Yesuus qaba ture. Amantii Gooftaa keenya Iyyasuus Kiristoos kan qabuu fi warra ittiin jiraatan keessaas nama tokko ture. Inni nama dubbii Yaaqoob, "Amantii Gooftaa keenya Yesus Kristos erga qabaattanii, nama wal hin caalchisinaa" jedhe hojiitti hiike. Innis akkuma Isxifaanos nama Hafuura Qulqulluu fi amantiin guutame ture, nama kamiifuu hin qoommaane, nama tokkollee hin sodaanne; yeroo namoota Maqicha fudhatanii amantii Yesuus Kiristoosiin deddeebi'an hundumaa irratti duuti labsametti warra duubatti hin deebinee wajjin ejjennoo qabate. Eeyyee, inni du'eera, garuu akkuma Abeel dhugaa ba'umsa Waaqayyo biraargate (maqaan isaa Sagalicha keessatti caafameera), haa du'u iyyuu malee, sagaleen isaa amma iyyuu fuula Galmee Waaqummaa Waaqayyoo keessaa dubbata. Wareegamaan amanamaan bira iddo

boqonnaa isaatti dabarfame. Seexanni garuuakkuma yeroo Angafa Nagaa ajjeese sanaitti mo'ame, yeroo sanattis in mo'ame, sababiinisaas Seexanniakkuma fannoo irratti mo'icha saamame, ammas dhiigni Antiphaas namoota dhibbaan lakkaa'aman warra fannoo isaanii fudhatanii fi Isa duukaa bu'anitti iyya waan ta'eef.

Lafa Teessoo Seexanaa

Sababiin kun qaama leellisa Hafuuraa ta'eef loltoonni fannoo jajjaboon kun Seexana gola teessoo mootummaa isaa gidduuttiisa mo'aa waan turaniifi. Loichas Maqaa fi Amantii Yesuusiin achuma mooraa geggeessitoota dukkanaa keessatti injifachaa turan. Maal galanni guddaan akkasii! Akkuma namoonni jajjaboon Daawit mooraa diinaa weeraranii Daawitiif bishaan dheebuu isa baasu fidaniif, jarri amantiitti jajjaboon kunis mootummaa Seexanaa isa biyya lafaa irratti akka hin jignetti ijaarame weeraranii warra gaadidduu du'aa jala jiraniif gorsaa fi lallaba bishaan fayyinnaa fidan.

Egaa ammma jechoonni waa'ee teessoo fi mootummaa Seexanaan wal qabatan kun qaama galataa isa Waaqayyoo warra Isaaf fo'amaniif dhi'eessuu hamma ta'anitti, dhugumatti hammeenya waldaa keessatti olaantummaa argate balaaleffachuudhaaf waltajjii kan bananan ta'u.

PHERGAMOOS: Teessoo Mootummaa Seexanaa fi Iddoo Jirenyaa. Namoota baay'ee biratti gaaleen kun seenaa dhugaa utuu hin taane fakkii qofa ta'aniru. Garuu dhugaa ta'uun isaanii hin oolu seenaanis kana ni mirkaneessa. Dhugumatti Pergamos teessoo fi bakka jirenyaa Seexanaa ture. Haala kanaan ta'e:

PHERGAMOOS: Teessoo Mootummaa Seexanaa fi Iddoo Jirenya Isaa. Namoota baay'ee biratti ciroon kun seenaa dhugaa utuu hin taane akka ibsama yaada fakkiidhaan qofa ibsamuutti fudhatamaa ture. Wantichi garuu waan dhugaati, seenaanis kana ni mirkaneessa. Dhugumatti Phergamoont teessoo mootummaa Seexanaa fi iddo jirenya isaa ture. Innis haala armaan gadiitiin ta'e:

Phergamoos jalqaba irratti iddo Seexanni (akka qorannoo falaasama 'human affairs' tti) jiraatu hin turre. Baabilon yeroo hundumaa dubbii karaa mul'ataas ta'e karaa dhokataa waajjira muummee Seexanaa ture. Waaqeffannaan Seexanaa kan jalqabe madara Baabilon keessatti ture. Seera Uumamaa 10:8-10, "Kuush, Naamrudin dhalche; Naamrud kun biyya lafaa keessatti nama jabaa isa duraa ture. Inni Waaqayyo duratti iyyuu adamsaa jabaa ture; kanaaf jechi 'Akka Naamrud isa Waaqayyo duratti iyyuu adamsaa jabaa sanaa' jedhamee dubbatamu beekamaa ture. Innis jalqabatti mandaroota biyya Shiinaar isa 'Baabilon' jedhamee beekame keessaa Baabel, Erek, Akaadii fi Kaalnee irratti mo'e."

Seera Uumamaa 11:1-9,

"*Bara sanatti namni lafa irraa guutummaatti, afaan tokkichaa fi haasaa tokkicha qabatue;*

namoonni ba'a biiftuutii yeroo godaanantti, biyya Shiinaaritti bakkee diriiraa argatanii achi qubatan.

Isaan, 'Kottaa, suphee dhoofnee cimsinees ibiddaan in gubnaa!' waliin jedhan; qooda dhagaa xuuphiin, wal qabachiisuuf immoo leeleen isaaniif in hojjete;

yommus, 'Kottaa, mandara riqaan isaa bantii waaqaa bira ga'u tokko ofii keenyaaf in ijaarranna, nuyi guutummaa lafaa irra diidatti akka hin bittimmoofnetti ittiin maqaa in godhanna' jedhan.

Waaqayyo yommus mandarichaa fi riqaa isaa isa ilmaan namaa ijaaran ilaaluudhaaf gadi bu'e;

inni, 'Kunoo, isaan saba tokko, hundumti isaanii afaan tokkicha dubbatu, kun wanta isaan hojjechuuf jiran keessaa isa jalqabaa ti; egaa wanta isaan hojjechuuf yaadaa qaban keessaa, tokko illee kan isaan bira ga'u dadhaban hin jiru.

Kottaa gadi buunee, inni tokko afaan isa kaanii akka hin dhageenyetti, afaan isaanii duraa waliin in maknaa' jedhe.

Achiis Waaqayyo guutummaa lafaa irra isaan bittimse; isaanis ijaarsa mandarichaa achumatti in dhiisan.

Waaqayyo achitti afaan guutummaa biyya lafaa waan waliin makeef, maqaan iddo sanaa 'Baabel' jedhamee moggaafame; ('Baabel' jechuun 'Waliin makamaa' jechuu dha) achiis Waaqayyo guutummaa irra lafaa irra namoota in bittimse."

Baabel maqaa jalqabaa Baabilooniiti. Hiikni isaas waliin makaa ykn burjaajessaa jechuudha. Qabatamaatti kan jalqabes Kuush ilma Haamiin yoo ta'u, garuu gara mootummaa jabaa fi sodaatamaatti kan dhufe ilma isaa Naamrud isa adamsituu jabaa jedhamuun ture. Naamrud akka seenaa Seera Uumamaa

boqonnaa kudha tokkootti akkasumas akka seenaa 'profane'tti waan sadii raawwachuuf ka'e. Biyya jabduu ijaaruu barbaade, kanas ni milkeesse. Amantii ofii isaa babal'isuu barbaade, kanas ni raawwate. Maqaa godhachuu barbaade, kanas raawwateera. Bu'aan Naamrud galmeesse akka malee guddaa ta'u isaa irraan kan ka'e mootummaan Baabilon mootummoota biyya lafaa hunda biratti mataa warqee jedhamee waamama ture. Amantiin isaa beekamtii guddaa akka argate kan mirkaneessu Caaffanni Qulqulla'aan Isaayaas Boqonnaa 14 fi Mul'ata Boqonnaa 17-18 keessatti guutummaatti Seexana wajjin adda baasee kaa'uun isaati. Akkasumas guutummaa biyya lafaa weeraruu isaa, maqaan waaqolii kutaa biyyattii adda addaa keessatti akka afaan sabichaatti garaagarummaa qabaatus sirna waqqeffannaa waqaq tolfamaa hundaaf bu'uura ta'uun isaa fi madda 'mythology' ta'uun isaa seenaadhaan mirkaneessuu dandeenya. Akkasitti maqaa godhatee, duuka buutonni isas hamma bara ammaa kanaatti (hanga Yesuus obboloota Isaatti of mul'isutti) maqaa Naamrud irraa adda ta'een haa ta'u iyuu malee, akkasumas manni qulqullummaa isaanii isa inni jalqabatti ijaare irraa xiqqoo adda haa ta'u iyuu malee itti fufanii isa waqqeffatu.

MacAAFNI Qulqulluu seenaa saboota biroo irratti gadi fageenyaan waan hin xiyyeffanneef, Phergamos akkamitti teessoo amantii Seexanaa Baabiloon taate gaaffii jedhuuf deebii argachuuf ragaalee galmee 'profane' durii sakatta'uun barbaachisaa ta'a. Maddooni odee effanno gurguddoon galmewwan ragaa aadaa Masrii fi Giriikii keessatti argamanii ti. Sababiin kun ta'eefis Gibxiin saayinsii fi herrega ishee warra Kaldoota irraa argatte, Giriikiin immoo dabaree ishee Gibxii irraa argatte.

Amma saayinsii kanneen barsiisuuf luboonti itti gaafatatummaa waan qabaniif, akkasumas saayinsii kanneen akka qaama amantiitti waan itti fayyadamanii, amantiin Baabiloon biyyoota lamaan kana keessatti akkamitti humna argate gaaffii jedhuuf deebii isaa jalqabuma beekna. Kana malees yeroo kamuu biyyi tokko biyya biraa yummuu injifattutti, dhumarraatti amantiin biyya mo'amtee ta'uun dhugaadha. Giriikkoni milikkita Zoodiyaakii kan warra Baabiloonii wajjin tokkoo akka qabaataa turan sirriitti beekamaadha; akkasumas warri Gibxii beekumsa 'polytheism' warra Giriikiif akka kennan ragaalee galmee Gibxii durii irraa argameera. Haaluma kanaan dhoksaawan Baabiloon biyyaa gara biyyaatti babal'achuudhaan hanga Roomaa, Chaayinaa fi Hindii keessatti mul'achuutti ga'e, Ameerikaa Kaabaa fi Kibbaa keessatti illee waqqeffannaadhuma bu'uuraa sana arganna.

Seenaawwan durii amantiin Baabiloon kun amantii dhugaa isa kan namoota gara jalqabaatti lafarra jiraataa turanii akka hin turre Macaafa Qulqulluu wajjin walii galu. Amantii amantii bu'uuraa (original) irraa maqe isa angafaa ture; garuu ofii isaatii isa bu'uuraa hin turre. Barreessitooni seenaa kanneen akka Wilkinsooni fi Maaleet ragaalee barreeffamoota durii irraa qabatamaatti kana mirkaneessaniiru, innis bara ta'e tokkotti sabni lafaarra jiraataa turan hundi WAAQAYYO TOKKO, isa hudumaa gararraatti, isa bara baraatti, isa ijaan hin mul'annetti, Isa Sagalee afaan Isaa keessaa ba'uun dubbatee waan hundumaa umetti, Isa amalli Isaa jaalala, gaarummaa fi qajeelaa ta'etti amanaa turan. Garuu seexanni akkuma yeroo hundumaa waan danda'u hunda mancaasu, akka isaan dhugaa gananiif sammuu fi qalbii namootaas mancaasuu isaa arganna. Yeroo hundumaa akka waan uumamaa fi garbichaa Waaqayyoo osoo hin ta'in Waaqayyoon ta'eetti waqqeffannaa ofitti fudhachuuf yaalii gochaa ture, tarii yoon waqqeffannaa Waaqayyoo irraa moggaatti dhiibe gara ofii kootti isa nan harkisa, ittiinis teessootti ol nan ba'a jedhee yaade. Hawwii amantii isaa addunyaa guutuutti babal'isuu qabus qabatamaatti galmaan ga'ateera. Kanas Waaqayyo Ergaa Gara Warra Roomaatti ergame keessatti dhugoomseera, "Waaqayyo utuma beekanii, akka Waaqayyoottti ulfina hin laanneef, galatas issaaf hin galchine; sammuu isaanii isa duudaa dukkanoeffameenis amantii bifaa wanta du'uu fudhachuudhaan hanga Uumaa utuu hin ta'in uumama waqqessuutti ga'an."

Yaadadhaa, Seexanni uumama Waaqayyoo (Ilma Ganamaa) ture. Akkasitti iddoor dhugaan al tokko namoota gidduutti faca'ee, hundinuuus dhugaa tokkicha sanatti qabamee ture arganna, iddoon boodaarra guyyaan barri gareen bal'aan Waaqayyoo irraa garagalee bifa waqqeffannaa seexanaa addunyaa guutuutti babal'ise itti bari'es achuma. Warri gosa sanyii Seem dhugaa hin jijiiramne waliin dhaabbatanii sanyii Haam warra dhugaa irraa gara soba seexanaatti garagalani wajjin mormii cimaa keessa akka turan seenaan ni mirkaneessa. Waa'ee kanaa keessa gadi seenee ibsuuf yeroon nu hin ga'u; gabaabumatti amantiin lamaa fi lama qofti akka turan akka hubattaniif jedhee kanan tuqe yoo ta'u, inni hamaan amantii addunyaa guutuu ta'e.

Amantiin 'monotheism' Baabilon keessatti gara amantii 'polytheism'tti jijiirame. Sobni seexanaa fi dhoksaan seexanaa dhugaa Waaqayyoo fi dhoksaa Waaqayyoo mandarattii keessa jiru irratti ka'e. Seexanni dhuguma waqqayyo biyya lafaa kanaa ta'ee warra gowwoomse irraas waqqeffannaa argatee, akka waan dhuguma Goftaa ta'etti akka amanan isaan godheera.

Amantiin 'polytheistic' diinaa doktiriini 'trititarian' irraa eegale. Yaadni "Waaqayyo tokko qaamaan sadii" jedhu kan uumame dur bara durii keessa ture. Hayyooni ti'oooloqii ammayyaa keenya kana arguu dhabuun isaanii akkam nama ajaa'iba; garuu akkuma abbootiin isaanii Seexanaan gowwoomfaman, isaanis amma iyuu qaamota sadan Waaqummaatti amanu. Mee Caaffata Qulqulla'aoo keessaa iddoor aboon doktiriini sanaaf kennname tokko illee yoo jiraate nutti haa agarsiisan. Sanyiin Haam waqqeffannaa Seexanaa isa yaadrimee waqqayyolii sadii ta'e qabatanii deemsaa karaa isaanii yeroo itti fufaa jiranitti

sanyii Seem keessaa waan akkasiitti kan amanu ykn sirna waaqeffanna sana fakkaatutti hirmaatu gosi tokko illee dhabamuun waan nama ajaa'ibu mitii? Utuu Waaqummaa keessa qaama sadiit jira ta'ee inni Ibroonni, "Yaa Israa'el dhaga'i! Waaqayyo Gooftaan kee Waaqayyo isa TOKKICHA" jedhanii amanan waan keessummaa namatti hin ta'u? Abrahaam sanyiin Seem, Uumama Boqonnaa 18 keessatti Waaqayyo TOKKO qofa ergamoota lamaa wajjin arge.

Amma 'trinity'n kun maaliin wal qabsifamee ibsame? Innis akkuma har'a Roomaa keessatti ibsamaa jirutti rog-sadee rogoonni sadanuu walqixa ta'een ibsame. Kan nama ajaa'ibu, Ibroonni yaadrimee akkasii hin qaban turan. Amma eenyutu sirriidha ree? Ibroota moo warra Baabiloon? Eeshiyaa keessatti yaadni 'polytheism' waaqayyoliin sadan tokkoo kun bifa fakkaattii tokko kan mataa sadii qabuun gadi ba'e. Innis akka hubannoo sammuu sadiitti ibsama. Hinditti akka waqa tokko ta'ee bifa sadii qabuutti ibsuudhaan garaa isaanii isaanii keessatti qabatu. Amma sun dhuguma ti'ooloojii ammayyaa gaarii dha. Jaappaan keessatti immoo Buudaan guddichi mataa sadii qabu akka isa kanaan dura ibsineen wal fakkaatutti jira.

Garuu hunda caalaa yaadrimen trinitarian sirriitti kan mul'isu yaada Waaqayyoo sadan tokkoo (triune) bifa: 1. Mataa nama dulloomaa Waaqayyoo Abbaatti fakkeeffame, 2. Geengoo dhoksawwan of keessaa qabu kan "Sanyii" agarsiisu yoo ta'u kunis karaa biraatiin Ilma jechuudha. 3. Koolaa fi eegee simbirroo (gugee) ti. Asitti doktiriini Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu, Waaqummaa keessatti namoota sadii, 'trinity' jedhuuf fakkaattii ta'uu mala jedhanii yaadan bocan. Roomaa keessattis kanuma arguu dandeessu. Mee ammas irra deebi'een isin gaafadha, seexanaa fi warri isa waaqessan abbaa amantii, (Abrahaam) fi sanyii isaa caalaa mul'ata dhugaa qabna jechuun isaanii waan ajaa'ibaa mitii? Warri seexana waaqessan ijomlee Waaqayyoo caalaa waa'ee Waaqayyoo beekna jechuun isaanii waan ajaa'ibaa mitii? Amma wanti hayyooni ti'ooloojii ammayyaa waa'ee trinity yeroo dubbatan nutti himuuf yaalan kanuma. Kana booda waan tokko qofa yaadadhaa: galmeewan kun dhugaadha kunis dhugaadha —Seexanni sobaa fi abbaa sobaati, yeroo ifa kamiinuu dhufu hundumaattis amma iyyuu sobaadha. Inni ajjeesaadha. Akkasumatti Doktiriini isaa waa'ee tirinity namoota baay'ee balleesseera hanga gaafa Yesuus dhufuuttis itti fufee ni balleessa.

Akka seenaatti yaad-rimee Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu jedhu kana keessatti jijiiramni dhufuuf yeroo itti hin fudhanne. Seexanni yeroodhaa gara yerootti tarkaanfii tokko tokkoon dhugaa irraa isaan fageessaa ture. Yaadni Waaqummaa (Deity) adeemsa tirannaatiin guddate amma: 1. Abbaa bara baraa, 2. Hafuurri Waaqayyoo haadha NAMAA keessatti foon uffachuu isaa. (Sun akka yaaddan isin taasisaa?) 3. Ilma Hoodaa, firii foon uffachuu sanaa ti, (Sanyii dubartii).

Seexanni garuu amma iyyuu hin quufne. Karaa al-kallattiin malee hanga ammaatti waaqeffaamuu hin arganne. Kanaaf namoota dhugaa irraa daran fageessa. Karaa dhoksawwaan isaatiin abbaan guddaan ijaan hin mul'anne Waaqayyo hojji namootaa keessa of hin galchu, cal'isaan bira daraba malee, akkasittis callisee waaqeffamuu kan danda'u ta'u isaa namootaaf ifa godha. Sirumayyuu guutummaatti yoo ta'u dhaabaate iyyuu hamma danda'ametti isa irraanfachuu jechuudha. Doktiriiniin kun addunyaa irrattis ni babal'ate, har'as Hinditti manneen qulqullummaa uumaa guddaa, waqa callisaa, lakkofsaan baay'ee muraasa ta'an akka jiran arguu dandeessu.

Uumaa—abbaa waaqeffachuu waan hin barbaachifneef, waaqeffannaan akka meeshaa ulfinaatti gara "Haadhaa fi Ilma Isheetti"tti liucceffachuu waan baratame ture. Gibxii keessa walitti hidhamiinsa haadhaa fi ilmaa kanaan wal fakkaatu kan Isis fi Osiris jedhamutu ture. Hinditti Isii fi Iswaraa jedhamutu ture. (Walfakteenyaa maqaa illee hubadhaa.) Eeshiyaa keessatti Siibelii fi Deyoostu ture. Roomaa fi Giriikkittis haaluma kanaan hordofe. Chaayinaa keessattis. Tole, misiyoondonni Kaatolikii Roomaa tokko Chaayinaa seenanii, akkuma achi ga'aniin bifa Maadoonaa fi Mucaa ishee akkasumas xiyya ifaa mataa daa'imichaa irraa ba'u arganii akka ajaa'ibsiifatan yaadaadhaa. Fakkiin kun garaagarummaa bifa fulua mursaasa irraa kan hafe Vaatikaan keessa kan jiruu wajjin wal jijiiruun ni danda'ama ture.

Amma haadhaa fi mucaa jalqabaa argachuutu nuuf ta'a. Waaqayyittiin—haadha Baabiloon jalqabaa Semiramis yummuu taatu biyyoota bahaa keessatti Rhea jedhamti ture. Qoma isheetti ilma tokko baatti ture, inni daa'ima ta'us, dheeraa, cimaa, bareedaa fi keessummaa dubartoota kan booji'u jedhamee ibsama ture. Akka Hisqi'eel 8:14 irratti Taamuz jedhama. Barreessitoota kilaasikaalii biratti 'Bacchus' jedhama ture. Warra Baabiloon biratti immoo Niinus jedhama ture. Daa'ima hammatamu ta'ee utuu jiruu akka nama guddaa fi jabaa ta'eetti ibsamuu isaatiif wanti sababa ta'u "Abbaa Manaa—Ilmas" jedhamuun beekamuu isaati. Maqaawwan isaa keessaa tokko "Abbaa Manaa Haadha Isaa" kan jedhu yoo ta'u, Hinditti Iswaraa fi Isi jedhamuun kan beekaman yoo ta'u, inni (abbaan manaa) daa'ima harma haadha warraa isaa gidduu jiru bakka bu'a.

Niinus kun Naamruud Macaafa Qulqulluu ta'u isaa seenaa Seera Uumamaa wajjin wal bira qabuun mirkaneessuu dandeensa. Pompeius akkas jedheera, "Niinus, mootiin Asoor, fedhii weeraraaf qabuun jirenya giddu galeessa durii jijiire. INNI MOOTII OLLAA ISAA IRRATTI WARANA GEGGEESSE KAN JALQABAA TI. Jarri kun ogummaa waraanaa waan hin beekneef, Asoor irraa kaasee hanga Liibiyaatti saboota hunda injifate." Diyoodoros immoo akkas jedha, "Ninus mootota Asoor seenaa keessatti caqafaman keessaa isa angafaa ture. Amala waraanaa waan qabuuf dargaggoota hedduu ogummaa

waraanaatiin cimsee leenjise. Magaalaan Baabilon utuu hin ijaaramin dura Baabilooniyaa of jala galche." Akkasitti Niinus kun Baabiloon keessatti nama guddaa ta'aa dhufee, Baabel ijaaree Asooriin of jala galchee mootiis ishee ta'ee, achiis naannoo bal'aa biroo kan ummanni isaa ogummaa waraanaa hin qabnee fi akkuma Pompeius jedhe haala jireenyaa giddu galeessaa keessa jiraatu liqimsuu akka itti fufe argina.

Egaa amma, Uumama 10 keessatti yommuu waa'ee mootummaa Naamrud dubbatu akkas jedha,

"Innis jalqabatti madaroota biyya Shiinaar isa 'Baabilon' jedhamee beekame keessaa Baabel, Erek, Akaadii fi Kaalne irratti mo'e. Biyya sanaa ba'ee biyya Asor dhaqee mandaroota Nanawwee, Kalaa fi kkf ijaare."

Garuu warri hiikan Asor (Asshur) akka maqaatti hiikuu isaaniitiin dogoggora raawwataniiru sababiin isasas dhalatoo jecha xumuraa waan ta'eef, Kaldoota keessattis hiikni isaa 'cimsuu' jechuudha. Akkasitti Naamruud jabaachuudhaan (waraana addunyarratti dorgomaa hin qabne lafa ochisiisuu fi adamoo dadhabsiisaatti bobbaasuun leenjise ijaaruudhaan mootummaa isaa hundeesse) waraana cimaa qabuun saboota jilbeenfachiisuudhaan Shinaar bira darbee hanga magaalota akka Nanawwee kan maqaa isaatiin waamantu ijaaruutti ga'e, har'as illee hafteen hambaan magaalattii inni guddaan Naamruud jedhama.

Ninus eenyu akka ta'e erga barree booda amma immoo abbaan isaa eenyu akka ta'e baruun barbaachisaadha. Akka seenaan jedhutti hundeessaan Baabiloon Beel ture. (Amma sochii kana hunda bu'uura irraa kan jalqabe Beel yoo ta'u, kan ijaaree xumuruudhaan mootii tokkoffaa fi kkf itti ta'e garuu ilma isaa Niinus akka ta'e hubatamuu qaba.) Akka Caaffanni Qulqullaa'aa jedhutti garuu abbaan Naamrud Kuush ture: "Kuush Naamrudiin dhalche." Kana qofa osoo hin taane Haam Kuushiin akka dhalche arganna. Amma, aadaa Gibxii keessatti Beel Hermes jedhama ture, Hermes immoo, "ILMA HAAM" jechuudha. Akka seenaan jedhutti Hermes raajii guddicha waaqeffanna waqaq tolfamaa ture. Inni nama waaqayyolif afaan hiiku ture. Maqaan inni ittiin waamamu kan biraan immoo Meerkuriin jedhama ture. (Hojii Ergamootaa 14:11-12tti dubbisaa.)

Haayijinas waa'ee waqaq maqaa garaa garaa kan akka Beel, Hermes, Mercury fi kkfn beekamu sanaa akkas jedha, "Baroota dheeraaf namoonni mootummaa Joovee (Joovee isa kan Roomaa osoo hin taane, Yaahwee (Jehovah) warra Ibrootaa kan seenaan Roomaatiin dura turee ti) magaalota ykn mandarootaa fi seera utuu hin qabaatin jiraachaa turan, akkasumas hundi isaanii afaan tokko kan dubbatan turan. Garuu sana booda Meerkuriin (Beel, Kuush) haasaa namootaa hiike (achi irraa kaasee namni afaan hiiku *Hermeneutes* jedhamuu jalqabe), namnkun namichuma saboota garaa gara facaasedha. Sana booda wal dhabdeen namoota giduutti ni jalqabe." Kana irraa kan hubatamu Beel ykn Kuush, abbaan Naamrud geggeessaa jal'aa sabni Waaqayyo isa dhugaa irraa akka fagaatuu godhee fi akka "afaan-hiiktuu waaqolii" ta'ee sabni bifaa amantii biraa akka fudhatuuf jajjabeesse isa jalqabaa ture. Gara riqaa ykn masaraa ilmi isaa qabatamaan ijaaruuf jiruutti akka deeman isaan jajjabeesse. Jajjabina kanatu burjaajii ykn waliin makuu fi wal qoqqoodiinsa namootaa fide kanaafuu inni, "afaan-hiiktuu fi burjaajessaa ykn waliin makaa" lachuu ture.

Egaa Kuush abbaa sirna *Polytheism* kan turee fi yeroo namoonni namootaan waaqeffatamuuf muudamnittis, dhugumatti abbaa waaqayyolii ta'e. Yeros Kuush Beel jedhama ture. Beel immoo *mythology* Roomaa keessatti Jaanuu jedhama ture. Innis akka fakkaattii fuula lama qabuutti kan kaafame yoo ta'u kilabii ittiin saba waliin makuudhaan burjaajeessee "bittimsu" geggeessu qaba ture. Waan Jaanuu waa'ee ofii isaa ilaachisee dubbate Oviid akka barreessetti, "warri durii fincilaajedhanii na waamu turan" jedha. Kanaafuu Kuush Macaafa Qulqulluu, namni jalqaba *monotheism* irratti ka'ee fincile saboota durii biratti Beel, Beelus, Hermes, Jaanus fi kkf jedhamee akka waamamu hubanna. Inni nama mul'ata fi hiika mul'ataa waaqayyolii irraa gara sabaatti fidudha jedhamee amanama ture. Kana gochuudhaan dheekkamsa Waaqayyooisa saba bittimsu itti fiduudhaan, qoqqoodinsaa fi waliin makamiinsa ykn burjaajii itti fide.

Egaaa hanga ammatti *Polytheism* ykn waaqeffannaan waaqayyolii baay'ee eessa irraa ka'ee akka dhufe ilaalleerra. Garuu waa'ee nama Kuush jedhamuu isa maqaan ulfinaa "Abbaa Waaqayyolii" jedhu kennameefis kaafnee akka arganee hubattaniittuu? Asitti *theme* durii *mythology* dur durii keessatti waaqayyoliin namoota biratti akka adda baasanii of beeksisan hubattanii? Waaqeffannaan abaabilii waaqessuu achirraa dhufe. Kanaafuu amma waa'ee waaqeffanna ababilii waaqessuu baruuf seenaan qorachuu dandeenya. Tole, waaqeffanna waqaq sadan tokkoo Abbaa, Ilmaa fi Hafuuraa kan jalqaba fide Kuush ture. Waaqayyolii sadii kanneen hundi isaanii walqixa ta'an. Garuu waa'ee sanyii dubartii dhufuuf jiruu waan beekuuf dubartiin tokkoo fi sanyii ishee gara fuulduraatti as baafamuu qaba ture. Kunis yeroo Naamrud du'etti raawwatame. Haati manaa isaa, Semiramis isa waaqomsitee, akkasitti haadha ilma waaqaa, akkasumas haadha waaqayyolii gootee of waaqomsitee. (Akkuma Waldaan Roomaa Maariyaamiin waaqomsitee ti. Akka yaada isaaniitti isheen nama cubbuu hin qabne, haadha Waaqayyoos turte.) Isheen (Semiramis) Naamrudiin "Zeroashta" jettee waamti, kunis "Sanyii dubartittii isa abdachiifame" jechuudha.

Dubartittiin ilma ishee caalaa xiyyeeffannaa ofitti hawwachuu eegaluuf garuu yeroo dheeraa isheetti hin fudhanne, utuu baay'ee hin turin akka bifa fakkaattii dubartii bofa miilla ishee jalatti dhidhiitutti kaafamte. "Mootittii bantii waaqaa" jedhanii moggaasuudhaan ishee waaqomsan. Sun isa isaan har'a Maariyaam haadha Yesuus fuudhanii gara iddo uumama hin duunetti ol baasanii ishee kaa'anii wajjin attam attam wal fakkaata, ammuma Fulbaana 1964 kana irraa eegalee manni maree Vaatikaan Maariyaamiif ga'umsa qulqullunaa isheen hin qabne kennuufiidhaan, "Maariyaam *the Mediatrix*," "Maariyaam Haadha Amantoota Hundaa," ykn "Haadha Waldaa Kiristaanaa" jedhamtee akka waamantu raggaasisuuf xaaraa jira. Amantii tokko keessa waqaeffannaan abaabilii waqessuu warra Baabiloon takkaa jiraateera yoo ta'e, amantichi amantii Waldaa Roomaa ti.

Waaqeffaanna abaabilii waqessuu qofaa utuu hin ta'in maddi uumama waqessuu Baabiloon keessa ture. Baabiloon keessatti waqqayyoliin aduu, ji'aa fi kkf wajjin adda baafamanii beekamu turan. Mi'a uumamaa keessaa geggeessaa ol aanaan aduu yoo ta'u, innis amala ifaa fi ho'a kennuu kan qabuu fi akka kubbaa ibiddaatti bantii waqqaa keessaa kan namatti mul'atudha. Haala kanaan waqqayyo inni guddaan waqaq aduu isa isaan Ba'aal jedhanii waaman ta'a. Yeroo baay'ee aduun akka geengoo abiddaatti fakkeeffamtee kaafamaa kan turte yoo ta'u, yeroo muraasa booda immooo abiddichatti bofti marfamee mul'ifame. Bofti mallattoo aduu ta'ee fudhatamuuf, itti aansee waqeffatamuufis yeroo dheeraa hinfudhanne. Haala kanaan hawiin garaan Seexanaa guutuutti fiixa ba'e. Akka Waaqayyotti in waqeffame. Teessoon mootummaa isaaaf in dhaabame. Garboonni isaa isaaaf in jilbeenfatan. Egaa kunoo Phergamoos keessatti bifa bofa lubbuu qabutiin waqeffatame. Mukti wanta gaarii fi hamaa gar gar baasuu, amma bifa bofa jiraataatti fakkeeffame Hewaan qofa osoo hin taane dhala nاما harka caalu in gowwomse.

Garuu Baabilon teessoo Seexanaa erga turtee akkamitti Phergamoos teessoo isaa taate? Deebiin kanaa ammas seenaa keessaa argama. Baabiloon harka Miidiyanii fi Faarsetti yommuu kufte, mootii lubaa kan ture Attaalus magaalatiidhaa baqatee luboota fi dhoksawan qulqulluu (sacred) isaa waliin gara Phergamoosit gale. Achittis mootummaa isaa impaayera Roomaatiin alatti dhaabee, kunuunsa seexanaa jalatti guddate.

Kun seenaa amantii Baabiloonii fi akkaataa inni itti gara Phergamoos dhufe gabaabinaan kan ibsu ture. Gaaffii baay'een utuu hin deebi'in akka hafan wal nama hin gaafachiisu, baay'een utuu hin deebi'in hafaniirus, utuu irratti dubbatamee illee silaa caalaatti sammuu keenya nuuf ibsa ture, garuu kun seenaa qorachuu irratti kan xiyyeeffatame utuu hin ta'in, qoranno Sagalichaaf gargaarsa akka ta'uuf kan abbalame dha.

Balaaleffannaa

Mul'ata 2:14-15,

"Garuu wanta muraasa si irratti argadheera; namoota warra barsiisa Bala'aamitti qabamanii jiran achii qabda. Balaaq ijoolle Israa'el dura gufuu kaa'ee qalma waqqayyolii tolfaamaniif dhi'aate akka nyaatanii fi gaalamootummaatti akka jiraatan gochuu Bala'aamtu barsiisee ture."

Akkasumas immoo barsiisa warra Niqolaawotaa isa an jibbutti qabamanii warra jiran qabda."

Bara Phergamoont kana keessa doktiriini Gooftaan jibbee balaaleffatu lamatu jira: 1. Doktiriini waaqeffannaa waqaq tolfaamia Bala'aam isa iddo Ba'aal-Phe'oor jedhamutti cubbaa guddaa Israa'elitti fidee fi 2. Doktiriini warra Niqolaawotaa ti, innis bara Efesoonitti isa hojii qofa turedha. Balaaffannaa kana Phergamoos akka teessoo Seexanaatti cimsee ibsaa turuu isaa wajjin walitti dabaluudhaan, yaada dimshaashaa amantiin Baabiloon hamma tokko Kiristaanummaa wajjin wal makaan dhufe jedhurra salphaadhutti ni ga'ama, sirrii dhas.

Amma kun tilmaama osoo hin ta'in dhugaa seenaa kan seenaa bara 36 DH.K.B tti duuba deebinee hanga Yaa'ii Niiqiyaa bara 325tti qorachuudhaan mirkaneessinudha. Yeroo Kiristaanonne (irra jireessaan warri dhalootaan Yihudoota ta'an) Yerusaalem irraa gara biyya alaatti faca'anii turan iddo itti faca'an hundumaatti Wangeela lallabaa turan, keessumaa manneen sagadaa keessatti. Akkasitti wagga sadii keessatti, yookiis bara 36 Dh.K.B tti, akka Roomaa 16:7 keessatti eerametti ergamoonni Andronikosii fi Yuniyas Wangeela gara Roomaatti fidan. Hojiin kun waggoota hedduudhaaf hanga waldhabdee Yihudooni yeroo hunda walii walii isaanii gidduutti uuman irraan kan ka'e Emperor Claudius Roomaa keessaa isaan ari'eetti dagaagee ture. Yihudooni magaalaa sana keessaa ari'amuu isaanii lafeen dugdaa waldattii xiqqoo sanaa qabatamaatti cabe. Tarii jaarsoliin illee Yihudoota waan turaniif ni godaansifamu ta'a. Amantoota namni to'atu waan hin jirreef akka qajeechaattis Sagalichi bifa barreeffamamaatiin waan hin qophaa'iniif amantoota xobbee kana karaa irraa kaachisuu, yookiis barreeffama filoosoferootaa fi dura buutota paagaanii bara sanaatiin salphaadhumatti karaa irraa kaachifamaa turan. Yeeyyota butatoo raroo hoolaa uffatanii naannoo sana jiranii fi hafuura mormituu Kristos gadi dhiifamee, waldaan xiqqoon xiqqoo Roomaa kun abdii kutattee duubatti akka deebitee ture,

akkasumas maqaa Kiristaana jedhuun siran ayyaaneffannaa paagaanii akka jaqabde seenaan nu hubachiisa.

Dhorkaan kaa'ame waggoota 13f waan tureef, hundeessitoota warri ta'an Andronikosii fi Yuniyaas amma bara 54 Dh.K.B tti achitti hin deebine. Waldaa maqaa Kristaanaa qabdu kan haala nama gaddisun sirna waaqeffaannaa paagaanii keessatti kuftee jirtu yummuu argan akkam akka isaan naasise yaadaa mee. Waldattii keessa iddo aarsaaixaanni itti aarfamu fi ayyaanni amantii warra ormaa itti ayyaanaffatamtu ture. Hoggantoonni warri waldattii hundeessan itti dhi'aachuu waan hin dandeenyee, namoota muraasa amanamoo ta'anii itti fufuuf yaala waliin waldaa haaraa, ykn Waldaa Roomaa lammaffaa hundeessuu jalqaban. Waaqayyo ayyaana guddaadhaan isaanii wajjin ta'ee milikkita fi dinqii isaan gudduutti waan hojjeteef waldaa sadappaas hundeessan. Waldaan Isheen Jalqabaa waaqaffannaadhaan Kristaanaa irraa gala galtee kan paagaanii fudhachuu isheetiif tuffatamtus maqaa sanaan waamamuu hin dhiifne, AMMIYYUU Waldaa Roomaa jalqabaa taatee hafti—Waldaan Kaatolikii Roomaa.

Amma harki caalaan keenya yaada dogoggoraa isa namni Kiristaana jedhee of waamu kamyuu fi hunduu xiyyeffannoo seexanaa jala gala, kana irraa kan ka'es xiyyeffannaa dararaa hamaa mootummaa keessa bu'a jennee yaadnu qabna. Garuu akkas miti. Waldaan jalqabaa kun baay'inaan guddachuu fi baay'achuu waan jalqabdeef, moototaa fi qondaaltonni mootummaa adda addaa dhugumatti sababa siyaasaatiif waldaa sana ni jaallatu turan.

Akkasitti geggeessitoomni Waldaa Tokkoffaa Roomaa yeroo ija tolaan ilaalamuu argatan carraa argatanitti fayyadamuudhaan mootummaa amantoota dhugaa irratti kakaasanii yoo gara mooraanisaanii deebi'uu dhaabaatan akka ari'atamaniif gaaffii dhi'eessan. Phaaphaasota Waldaa Tokkoffaa Roomaa akkasii keessaa tokko *Anicetus* kan jedhamu nama jaarraa lammaffaa keessa jiraatee fi nama yeros Polycarp wajjin jiraataa turedha.

Kabajamaan Poolikaarp Waldaan Kiristiyaanaa Jalqabaa Roomaa sirna waaqeffannaa paagaanii irratti akka hirmaattuu fi dhugaa Wangeelaa akka faalte yommuu dhaga'etti, akka jijiiramaniiisaan kadhachuuuf garas dhaqe. Bifa fakkaattii maqaa ergamotootaa fi qulqullootaan moggaafamanii duratti utuu sagadaniis in arge. Dungoo iddo aarsaa irratti qabsiifamee ifuu fi ixaana aarfamus in arge. Maqaa Faasikaa jedhuun Ayyaana Du'aa Ka'u yeroo kabajan, daabboo boca geengoo qabu waaqa aduu kabajuuf yeroo ol kaasan, achiis daadhii wayinii waaqayyoliin akka dhuganiif yeroo dhangalaasan ni arge. Garuu namni qulqulluun dulloomaan maayilii 1500 imalee dhufe kun qileetti asii gadi deemuu irraa isaan oolchuu hin dandeenye. Akkuma inni iddo sana gadi dhiisee deemaa jiruun Waaqayyo Hose'aa 4:17, "Efrem hidhata waaqayyolii tolfamaa ta'eeraa itti dhiisaa!" kan jedhu isatti dubbate. Polycarp sana booda achitti hin deebine.

Anicetus hordofee lubni Roomaa hamaan *Victor* nama jedhamu ture. Innis ayyaanolataa fi sirnoota ayyaaneffaanna paagaanii kan duraa irra caalu Waldaa Tokkoffaa keessatti bu'uuresse, akkasumas waldoonni kiristaanaa dhugaan hunda keessa naanna'ee yaada wal fakkaatu akka of keessatti hammataan amansiisuuf waan danda'u hunda yaalii godheera. Waan inni isaanii dhi'eesse waan fudhachuu didaniif qondaalotni mootummaa amantoota akka ari'ataniif mana murtiitti isaan himatee injifatee, mana hidhaattis isaan darbatee namoota hedduu irrattis du'a murteessise. Fakkeenyi hojii fokkisaakkasii seenaa keessatti kan argamu himata *Emperor Septimus Severus* Kaalistoos (michuu *Victor*) ittiin himatee Tasalonqeetti namoonni 7000 ajjeesuuf mo'atee ti, sababni Isaas amantoonni dhugaan kun Ayyaana Faasikaa akka *Astarte*'tti ayyaaneffachuu didanii akka Gooftaa Yesuusitti waan ayyaaneffataniifi.

Mukti wayinii sobaa akkuma abbaan isaa Qaayin Abeeliin ajjeese, innis warra fo'aman ajjeesuudhaan Waaqayyo isa jiraataa mormuuf aarii isaa hiikee gadi dhiisee ture.

Waldaan dhugaa waldaan jalqabaa akka qalbiididiirottgochuuf carraaqqii gochuuf ittuma fufte. Isheen garuu sana hin goone. Guiddinnii fi dhiibbaa uumuun ishee dabalaan dhufe. Sanyii dhugaa maqaa balleessuuf duula wal irraa hin cinne gochuuf jalqabde. Nuyii fi nu qofaatu bakka buutota Gooftaa Yesuus Kristoosi ofiin jedhan, waldaan orijinalaa Roomaa keessaa jirtu nu qofa, nu qofaatu Waldaa Tokkoffaadhas jedhanii of jaju turan. Dhugumatti isaan Waldaa Ishee Tokkoffaa sana turan, EEYYEE ISAAN ISHEE JALQAA TI.

Kanaafuu jabana bara waldaa sadaffaa kanaatti waldoota lama kanneen maqaa tokko qaban garuu garaagarummaa hadhaa'an gidduu isaanii jiru qabna. Isheen tokko dhugaa irraa fagaattee, waaqayyolii tolfaamotti heerumte jireenyis ishee keessa hin jiru. Isheen hybridize of goote innis milkkita du'a ti, (kan jireenyaa miti), iddo hundumaattis ishee duukaa in bu'a. Isheen miseensoota hedduu irratti aboo qabdi. Isheen biyya lafaa biratti jaallatamuudha. Isheen kaan garuu garee xiqqoo ari'atama keessa jiraattudha. Isheen kun garuu Sagalicha duukaa buuti, milikkinni garaa garaas ishee duukaa bu'a. Dhukkubsattooni ni fayyu, warri du'anis ni kaafamu. Isheen Jirenyaa fi Sagalee Waaqayyootiin in jiraatti. Isheen lubbuu ishee hin mararfattu, Maqaa Isaa fi amantii Isaatti hamma du'aatti qabamtee jiraatti malee.

Kanaaf ari'atamni suukaneessaa Roomaa amantoota dhugaa irratti bu'ee hanga Qosxanxinoos ka'ee bilisummaa waaqeffannaa amantii labseetti seera qabeessa ture. Bilisummaan kun kan kennameef sababa

Iamaaf fakkaata. Jalqaba irratti impereroonni gaggeraaiin garaa garaa ari'atama hin hayyamne, garuu akkuma dhiifamaan irra isaaniif darbaniin warra Kiristaanota ajjeesaniin hordofamuu jalqabu turan. Ari'atamni waan baay'ee nama jibbisiisu ta'uun irraan kan ka'e xiyyeefanna ija uummataa keessa waan seeneef Kiristaanoni akka dhiifaman ta'e. Sababni lammaffaa fi quubsaan, Qosxanxinoos Impaayerattii harka keessa galfachuuf lola baay'ee hamaa of fuuldura qaba ture. Innis halkan gaaf tokkoo abjuudhaan fannoo adiin of duratti arge. Sanas milikkita raajii yoo Kiristaanoni isaaf kadhatan, lolicha akka injifachuu danda'uutti isatti dhaga'ame. Yoon injifanno argadhe bilisummaa isiniifan kenna jedhees waadaa isaaniif gale. Inni ijifannooodhaan waan galeefis bilisummaan waaqeffanna labsii Naantes 312 DH.K.Btiin labsame.

Garuu ari'atamaa fi du'a irraa bilisa ta'uun kun akka jalqaba mul'atetti arjummaa agarsiisaa itti hin fufne. Qosxanxinoos amma nama ispoonera godhuuf ta'e. Akka nama ispoonseraa tokkootti fedhiin isaa taajjabuu bira kan darbe ture, sababiin isaa waldaan dhimma ishee irratti gargaarsa isaa akka barbaaddu murteesesse. Dhimmoota addaa irratti walii galuu dhabuu isaaniis argee ture, isaan keessa tokko Aariyoos, Phaaphaasiif Aleeksandiriyaan kan ilaallatu yoo ta'u, Yesuus dhuguma Waaqayyo utuu hin ta'in uumama xiqqaa ta'u isaa, Waaqayyoon kan uumame ta'u isaa hordoftoota isaa kan barsiise ture. Waldaan warra dhihaa ilaalcha faallaa kanaa qabattee, Yesuus dhugumaessence Waaqayyoo ti, 'Abbaa wajjin wal qixa' isa isaan jedhanitti amanti turt. Rakkoo dhimmoota akkasii wajjin, ayyaaneffannaan paagaanii sirna waqqeffanna keessa seenuu wajjinis wal qabsiudhaan, mootichi gareewwan hundi garaagarummaa isaanii duubatti dhiisuudhaan gara wal hubanna walotti dhufuudhaanis hunduu tokko akka ta'aniif bara 325tti Yaa'ii Niiqiyaa waame. Kun Qosxanxinoos irraa eegalee du'uun didee har'a illee "Mana Maree Waldoota Addunyaa" ta'ee ituu lubbuu horee jiraachaa jiraachuun isaa waan addaa mitii? Wanti inni dhugaatti galmaan ga'uu dadhabes bara har'aa kana keessatti karaa sochii ekuumeenikaalii galma ga'a.

Amma mootummaan waldaa gidduu seenuuun kun gowwummaadha sababiin isaa biyyi lafaa dhugaa Dubbicha keessatti argamus ta'e adeemsa waldaa hin hubattu waan ta'eef. Maaliif, murtoon Aariyoos dogoggora qaba jedhee yaa'iin dabarse wagga lama booda mootichaan haqamuudhaan waggoota dheeraaf doktriiniin sobaa sun ummataa irratti fe'ame.

Garuu waldaan fi mootummaan akka walitti dhufan Gooftaan duraan dursee beeka ture. Maqaan Pheergamos jedhu iyyuu "gaa'ela dhugaa" jechuudha. Dhugumattis mootummaa fi waldaan walitti heerumsiifamanii turan; siyaasaa fi amantiin tokko ta'e. Ijoolleen gaa'ala uumame sanarraa dhalatan walitti fufiinsaan *hybridssuukanneessaa* addunyaan takkaa argitee hin beekne ta'aniiru. Dhugaan isaan keessa hin jiru, karaalee hamminaa Qaayin (*hybrid jalqabaa*) hundumaa malee.

Bara kana keessatti mootummaa fi waldaan qofa kan wal fuudhan osoo hin taane, amantiin Baabiloon ifatti Waldaa Tokkoffaatti makame. Seexanni amma Maqaa Kiristoos argachuu waan danda'eef akka Waaqayyootti waqqeffamuuf teessoo mootummaa irra taa'e. Gargaarsa gargaarsa (aid) federaalaa irraa argamuun walfoonni kun gamolee babbareedoo kanneen iddo aarsaa marbilii adii fi fakkii qulqulloota du'aniitiin kan guutaman ta'an. Kallattiidhaan barri yeroo "bineensichi" inni Mull'ata 13:3 keessatti madaa'ee ture: (paagaaniin Impaayera Roomaa); rukuttaan du'aan isa ga'u deebi'ee fayyee akka "Qulqulluu Impaayera Roomaatti" jirenya horatee aangootti deebi'ee ti. Roomaan akka qabeenya lafarrattu baay'ee dhabamtee waan turteef yeroo dhi'ootti guutummaatti in rakkatti; garuu ammatti rakkoo hin qabdu, sababiin isaa impaayerri amantii ishee inni isheen biyya lafaa karaa bakkeen mul'atuun utuu hin ta'in karaa keessaatiin bulchitu fiixeerratt ishee tiksa.

Mee dhugaa Caaffata Qulqulluu keessaa dhimma kanaan kan wal qabatu isintti agarsiisuun barbaada, sababiin isaa, namni tokko illee akka waanan mul'ata ofii kootii, kan Caaffata Qulqulla'aa keessaa hin ta'in tokkoottii dhi'eessaa jiruutti akka hubatu hin barbaadu.

Daani'eel 2:31-45,

"Yaa mootii ati abjuudhaan fakkeenya bifaa nama guddaa tokkoo argite; fakkeenyi bifichaa ol dheeraa, baay'ee calaqqisaa, ilaaluun isaa sodaachisaa ture;

mataan fakkeenyichaa warjee ba'eessa isaa irraa, qomni isaa fi harki isaa lamaan meetii irraa, garaan isaa fi mudhiin isaa sibiila diimaa irraa,

gudeedi isaa sibiila irraa, jilbii isaatii gad gar tokko sibiila irraa gar kaan immoo suphee irraa kan hojjetame ture.

Utuma ati ilaaltuu, dhagaan utuu harki namaat itti hin bu'in fottoqee dhufee, jilba fakkeenyichaa gad isa sibiilaa fi suphee sana rukute caccabse.

Achumaan sibiilichi, suphichi, sibiilichi diimtichi, meetichi, warqichis caccabee hurraa'ee, akka habaqii bonaa isa lafa oobdii midhaanii ta'e; hurraan isaa tokko illee akka hin hafnettis qilleensi isa fudhatee sokke; dhagichi inni fakkeenyicha rukute garuu tulluu guddaa ta'ee biyya lafaa guute.

*Egaa abjichi isa kana ture, amma immoo hiika isaa mootiitti in himna;
yaa mootii ati mootota warra kaan irratti mootii dha, Waaqayyo inni waaqa irraa
mootummaa, humna, jabina, ulfinas siif in kenne;
inni ilmaan namootaa, horii qe'ee, bineensota caakkaa, simbirroota qilleensa keessa
balali'anis lafuma jiranitti harka kee keessa galchee, ati hunduma isaanii akka seerrattu
godheera; egaa mataan fakkeenyichaa inni warqueen sun si.*

*Si booddeedhaan mootummaan kan keetii gadii in ka'a, sadaffaan inni sibiila diimaatti
fakkeeffame tokkos lafa hundumaa in seerrata.*

*Mootummaan afuraffaan tokkos inni akka sibiila jabaatu as in ba'a; akkuma sibiilli waan
hundumaa caccabsee hurreessu, egaa akkuma sibiilli waan halle hunkuteessu, innis isaan
kana hundumaa caccabsee in hunkuteessa.*

*Akkuma abjuu keetiin jilba fakkeenyichaa gadii fi qubbeetii miilla isaa gar tokko sibiila, gar
tokko immoo dhoqee suphee argites, mootummichi gargar hiramaa in ta'a; haa ta'u iyyuu
malee, sibiilli suphee wajjin walitti makamuu isaa akkuma argite, jabeenyi sibiila muraasi
keessa jira.*

*Akkuma qubbeetiin millan isaa gar tokko sibiila, gar tokko immoo suphee ta'e,
mootummichis gar tokkoon isaa jabaa, gar tokkoon isaas suphaa in ta'a.*

*Sibiila dhoqee supheetiin makame akkuma argites, akkasuma isaanis fuudhaa fi
heerumaan walitti in makamu; garuu akkuma sibiilli suphee wajjin walitti makame wal hin
fudhanne, isaanis walii wajjin hin hafan.*

*Bara mootota sanaatti Waaqayyo inni waaqa irraa mootummaa deebi'ee matumaa hin
badne, isa mo'ichi isaas saba biraatti hin darbine dhaabuuf jira; inni mootummoota sana
hundumaa caccabsee in hurreessa, badduus isaan in baasa; ofii isatii immoo bara bараan
jabaatee in dhaabata.*

*Kun akkuma isa ati dhagaan utuu harki namaa itti hin bu'in tulluu irraa fottoqee dhufe,
sibiilicha, sibiilicha diimaa, suphee, meetii, waqichas caccabsee hurreessu isaa abjuudhaan
argitee ti; Waaqayyo inni guddaan waan kana booddee ta'uuf jiru si mootichatti
beeksiseera; abjichi dhugaa dha, hiikaan isaas amanamaa dha."*

Asitti seenaa sirriin wanta gara fuulduraatti ta'u, kan fiixaan hin ba'in jiru, kan bara Daani'eel irraa
kaasee hanga Yesuus dhufee Ilma Daawit ta'ee moo'uutti lafa irratti dhufuuf jiruu raajii dubbatame ifatti
mul'iseera. Innis "Bara Warra Saba Waaqayyoo Hin Ta'inii" jedhamuun beekama. Barichi qoodinsa seenaa
afur of keessaa qabu yoo ta'u isaanis qoqqoodinsa tokkoon tokkoon isaanii keessatti impaayera
olaantummaa qabuun beekaman kan of keessatti hammatudha: Baabiloon, Medoo-Faares, Giriikii fi
Roomaa dha.

Mootummaan gonfoo mootummoota hundarra guddaan Baabilon yummuu ta'u innis akka mataa
warqeetti kan fakkeeffame ture.

Mootummaan ulfina qabeessi itti aanee dhufe kan Medoonii fi Faares yummuu ta'u, innis akka
seenaan jedhutti dhuguma ulfina xiqcaa kan qabuu fi akka qomaa fi harka meetiitti kan fakkeeffame ture.

Sana booda bara Giriikii kan mootiin isaanii hoggantoota waraanaa biyyi lafaa beektu hunda caalaa
qaroo waan ta'eef garaan isaafi mudhiin isaa sibiilatti fakkeeffame haaluma raajameen itti aanee dhufuu
isaa kan ibsu ture. Innis mootummoota isa dura turan lamaan caalaa ulfina xiqcaa kan qabu ture.

Dhumarratti mootummaan inni dhumaa kan dhufe yoo ta'u innis Impaayera Roomaa isa akka
gudeeda fi miillatti fakkeeffame ture. Garuu mootummoonti duraanii albuudota qulqulluu (warqee, meetii
fi sibiila diimaa) tti kan fakkeeffaman yoo ta'u, impaayerri inni dhumaa kun garuu gara miilla isaa qofaatu
sibiila qulqulluu dha; garri qubbeetii miilla isaa sibiila fi suphee wal makaadha, albuudaa fi biyyoo wal
makaa waan ta'eef ciminaa fi jabina dhaabbataa hin qabu ture. Garuu akkas ta'ee utuma jiruu, baay'ee
kan nama ajaa'ibu, impaayerri dhumaa (Roomaa) kun hanga Yesuus deebi'ee dhufuttu 'haala walmakaa'
adda ta'een kan itti fufee jiraatu ture

Impaayerri Roomaa sibiilli (sibiilli aangoo fi humna guddaa ittiin mormituu ofii barbadeessanitti
fakkeeffama) qoodama gurguddaa lama irraa ijaramuu qaba ture. Dhugumas impaayericha qabatamaatti
bakka lamatti qoodameera, Bahaa fi Dhihatti. Lamaanuu humna guddaa kan qaban si'a ta'u, warra isaan
dura goran hunda barbadeessaa turan.

Garuu akkuma ulfinni fi aangoon impaayera hundumaa dadhabu, impaayerri kunis kufaatii jalqabe.
Kanaafis Roomaan in kufte. Paagaaniin Impaayera Roomaa sana booda sibiila ta'uun ni hafe. Isheen ni

caccabde. Madaa du'aan ishee ga'uun madoofte. Roomaan amma bulchuu hin dandeenye. In raawwateef. Biyyi lafaas akkas jettee yaadde. Biyyi lafaa garuu baay'ee dogoggore, sababiin isaas mataan sun (Roomaan) madaa'us hanga du'aatti hin madoofne. (Akka Wu'est hiiiketti, Mul'atanni 13:3 akkas jedha, "Mataawwan isaa keessaa inni tokko hamma du'aatti waan madaa'e, mormi isaas isaa waan gorra'ame in fakkaata; rukuttaan du'aan ga'u sunis deebi'ee fayye. Guutummaan biyya lafaa dinqisiifatanii yaadaan Bineensa Bosonaa sana duukaa in bu'e.")

Namoonni gara Roomaa ilaalu. Isaan gara biyya Xaaliyaanii ilaalu. Akkuma ilaalanii Roomaan biyya biyya keessaa kan daangaa murtaa'a phaaphaasiidhaan qabatamaatti bultu, kan ambaasaaddaroota simattuu fi ambaasaaddaroota ishee muuddee ergitu akka of keessaa qabdu hin hubatan. SIRNI PHAAPHAASII KIRISTAANA SOBAA ROOMAA (Isheen magaalaa bara baraa jedhamti iyyuu ti—maal Waaqayyoon arrabsuun akkasii!) ISA BARA IMPAAYERA PAAGAANII ROOMAA HUMNA SIBILA QULQULLUTIIN BITAA TURTE CAALAA AMMAA HUMNA GUUTUUDHAAN AMANTII TO'ATTI. Roomaan liizii jirenyaa haaraa kan argatte yeroo Qosxanxinoos waldaa fi mootummaa walitti heerumsiisee gamticha humnaan deeggaretti ture. Hafuurri paagaanii Roomaa kakaase hafuura isuma amma Kiristaana sobaa Roomaa kakaasudha. Impaayerri afrappaan gonkumaa akka hin duune waan beektaniif sun dhugaa akka ta'e arguu dandeessu; inni bifaa isaa isa gara alaa qofa jijiirrate.

Manni Maree Niiqiyaa humna siyaasaa Roomaa gara waldaa erga jijjiiree booda, Waldaan Kiristaanaa Jalqabaa kun daangaan deemsaa ishee waan dhuma hin qabne fakkaata ture. Maqaan Kiristaana jedhu kan jalqaba ari'atama fide, amma maqaan ari'attootaa ta'e. Bara kana keessa ture kan Awugustiin bishooppipi Hippoo (354-430) seera waldaan ijoolee ishee gara mooraatti deebisuuf yoo barbaachisaa ta'e humna fayyadamuu akka qabdu, DIRQAMA raawwatamuu qabas kan jedhu, akkasumsa gantootaa fi warra addaan cabsatan ajjeesuun Sagalee Waaqayyoo wajjin kan walsimu akka ta'e labse. Falmii warra Donatistootaa wajjin taasise keessatti akkas jechuun barreesse... "Dhugumatti namoonni adabbii ykn dhukkubbii sodaatanii akka Isa duukaa bu'an gochuurra barsiisuudhaan gara Waaqayyoon waaqeffachuutti geessuutu gaariidha, garuu yaada isa duraatu caalaatti namoota qara, kanaafuu warri yaadich hin fudhanne jibbamuu qabu. Sababni isaas baay'een isaanii (akkuma kanaan dura mirkaneessinee fi guyyaa guyyaan muuxannoo qabatamaatiin mirkaneessaa jirrutti) jalqaba sodaachisuudhaan yookaan dhukkubbii reebichaatiin dirqisiisuudhaan, ergasii booda barsiisuudhaan waan dubbiidhaan baratan gara hojiitti akka hiikaniif dhiibbaa irraa fayyadamoo akka ta'an bira geenyerra... warri jaalalaan qajeelfaman gaarummaa fooyya'aa haa qabaatan malee, warri sodaadhaan sirreeffaman akka malee baay'ee akka ta'an beekamaadha. Kiristoos caalaa eenyetu nu jaallachuu danda'a, Isa lubbuu Isaa hoolotaaf dabaree kenne caalaa?

Phexrosi fi bartoota Isaa sagalee duwwaadhaan erga waamee booda, Phaawolsiin waamuun isaa yeroo ga'etti garuu sagalee Isaatiinisa dirqisiisuu qofa utuu hin ta'in, humna Isaatiinis hamma dha'ee lafatti kuffisuutti ga'e; kana gochuudhaanis humnaan dirqisiisee nama dukkana amanuu diduu keessa deddeebi'u gara ifa hafuuraatti fiduuf jalqaba jaamummaa ija fooniitiin rukute. Kanaaf Waldaan ilmaan ishee badan akka deebi'an dirqisiisuu keessatti maaliif humna fayyadamuu hin qabdu ree? Gooftaan mataan isaa, 'Gara karaa gurguddaa biyya keessaatti, keloota duubattis ba'iitii, manni koo hamma guututti ol haa galaniif nuffisiisi!' jedheera. jedheera. Kanaafuu aboon Waldattiin waqtin isaa yeroo ga'etti muudama hoodaatiin, karaa amala amantii fi amantii moototaa argatte, ulee dheekkamsaa isa ittiin warri daandii guddaa biyyaa fi keloota duubattis argaman—*heresies and schisms*—nuffisiifamanii manaitti ol galfaman haa ta'u, dirqisiifamuu isaaniitiifis akka balleessaatti hin fudhachuu haa dhiisan."

Dheebuun dhiigaa saffisaan guddachaa deeme. Wayiniin sobaa Ispeen keessa jiru Emperor Maximusitti dhimma ba'ee amantoota dhugaa Sagalicha, milikkita fi dinqiwwan of biraa qaban irratti haleellaa godhamu irratti hirmaachuutti dabalam. Akkasitti namoonni *Priscillianists* ta'an Bishoopi Ithacus (385) jedhamuun gara Treves fidaman. Innis yakka qoricha namatti gochuu fi safuu cabsuutiin isaan himate, hedduun isaaniis in ajjeefaman. Bishoopi Tuurs kan ture Maartiin fi Ambroos kan Miilaan kana mormaniiru, ari'atamni akka dhaabatuufis kadhataniiru, garuu akkasumaan dham'aan. Yeroo ari'atamni sun dheereffamutti luboonti kun lamaan luba Hydatus fi kanneen akka isaa ta'an wajjin *fellowship* gochuu didan. Wanti ajaa'iba nama jechisiisus immoo Sinodoosiin Treves ajjeechaa kana raggaasisuu isheeti.

Yeroo kana irraa eegalee keessumaa Bara Dukkanaatti ijooleen foonii ijoolee Hafuuraa akka ari'atanii fi lafarraa balleessan argina, lachuu akkuma Ismaa'elii fi Yishaaq Abbaan keenya tokko haa jedhan iyyuu malee. Dukkanni manca'iinsa hafuuraa hidda gadi in fageeffata, ifni dhugaa Waaqayyoos dimimmisaa'ee hamma guutummaatti dhaamuu jala ga'uutti in dhukkubsata. Ta'us abdiin Waaqayyoo dhugaa ta'ee ni jiraata, "Ifichi dukkana keessaatti in ibsa, dukkanichi immoo isa bira ga'u hin danda'u."

Egaa hanga yeroo kanaatti seenaa keessatti qabxiin uwvisuuf waadaa gale sana, jechuunis amantiin Naamrudii fi amantii Kiristaanaa walitti makamuu isaanii as hin baasne. Attalus Baabiloon irraa gara Phergamositti baqatee mootummaa isaa iddo Impererri Roomaa hin qaqqabanitti akka dhaabe ni yaadattu. Innis yeroodhaa gara yerootti dagaagaa deeme, waaqayyo biyya lafaa kanaatiin in kunuunfame. Mootoni lubootaa walduraan duubaan dhufan hanga bara bulchiinsa Attalus III'n maqaan Attalus hordofaa kan turan yoo ta'u, sababoota Waaqayyo qofti birmadummaa Isaatiin beekuun

mootummaa sana gara Roomaatti fiduun fedha isaa ta'e. Juuliyaas Qeesaar sana booda mootummaa foonii fi hafuuraa fudhate sababiin isaas inni *Pontiff Maximus*'ii amantii Baabiloon waan ta'eef luba-mootii ta'e. Maqaan ulfinaa kun hanga bara Maxums III'n fudhachuu dideetti impereroota walitti aananitti daddarbe. Akka Seenaa Isteeveensi barreesseetti yeroo sanatti Phaaphasiin maqaa ulfinaa impererichi dide kan fudhate yoo ta'u har'uma iyyuu akka addunyaatti *Pontiff* tokkotu jira, innis dhugumaan *Pontiff Maximus* dha. Inni gonfoo sadii mataarra kaa'atee Roomaa jiraata. Mul'ata 17 keessatti Waaqayyo itti fufee Phergamosiin akka teessoo Seexanaatti hin eeru akka iddo Seexanni jiraatuuttis hin caqasu. Lakki, kutaan teessoon mootummaa keessa taa'u kana booda Phergamos keessa hin jiru, Baabiloon maqaa DHOKATAA keessa jira malee. Inni Baabiloon keessa jira utuu hin ta'in maqaa DHOKATAA Baabiloon keessa jira. Inni magaalaa tulluu torba irratti ijaaramte sana keessa jira. Mataan ishee mormituu Kiristoosi, sababiin isaas inni aangoo araarsituu ta'u fi dhiifamuu cubbuu gochuu isa Kiristoos qofaaf kennname dhuunfateera waan ta'eef. Eeyyee, pontiff Maximus har'as nu wajjin jira

Barsiisa Warra Niqolaawotaa

Mul'ata 2:15,

"Akka summa immoo barsiisa warra Niqolaawotaa isa ani jibbutti qabamanii warra jiran qabda."

Bara Efesoon keessatti jechi Niqolaawota jedhu jechoota Giriikii lama irraa akka dhufe akkan ibse ni yaadattu. Innis: *Nikao* kan hiikni isaa weeraruu ta'ee, *Laokan* hiikni isaa nama laayyoo ykn *laity* jechuudha. Niqolaayintiin jechuun, "namoota laayyoo ta'an weeraruu" jechuudha. Amma kun maaliif waan akkaan suukaneessaa ta'e? Waaqayyo waldaa Isaa harka hoggansa filamee sammuu siyaasaatiin socho'uu keessa kaa'ee waan hin beekneef baay'ee suukaneessaadha. Inni Waldaa Isaa kunuunsa namoota Waaqayyoon muudamanii, Hafuuraan guutaman, warra Sagalichaan jiraatanii Sagalichuma nyaachisuudhaan namoota geggeessan jala galche. Inni akka sabni bal'aan sirna lubummaa qulqulluu tokko jalatti hoogganamutti saba gita gitaan hin qoqqoodne. Dhugaadha hoggansi qulqulluu ta'u qaba, amanaan hunduus qulqulluu ta'u qaba. Kana malees, Sagalicha keessa iddoon luboонни ykn tajaajiltooni ykn giddu seentuu Waaqayyoo fi namoota gidduu seenu jira jedhu hin jiru, waaqeffannaa Goftaa isaanii keessattis iddoon addaan qoodamu jedhu tokko illee hin jiru. Waaqayyo namni hunduu akka Isa jaallatuu fi wal faana Isa tajaajilu barbaada. Niqolaayintiiziimiin seera sana balleessee tajaajiltoota saba irraa adda baasuu bakka buusee, isa silaa geggeessitooni garba ta'u qaban gooftaa isaan taasisa.

Inni amma doktiriinii ta'e kun dhugumatti bara jalqabaa keessatti akka hojiitti jalqabe. Rakkoon sun jechoota lama irraa waan maddedha: isaanis 'jaarsolii' (presbyters) fi 'ilaaltota' (bishops) kan jedhanamanidha. Tokkoon tokkoon waldaa keessa jaarsolii hedduun akka jiran Caaffanni Qulqulla'oон kan argisiisu ta'us, namoonni tokko tokko (*Ignatius* isaan keessaa tokko kan ta'e) yaada ilaaltuun ykn bishoopiin tokko olaantummaa ykn aangoo qabaachuudhaan jaarsolii to'ata jedhu barsiisuu jalqaban.

Amma dhugaan dubbii kanaa jechi 'jaarsa' jedhu namni sun eenyu akka ta'e kan argisiisu yoo ta'u, jechi 'bishoopii' jedhu ammoo hojii ykn *office* namuma sanaa kan agarsiisudha. Jaarsi namicha. Bishoopiin gita hojii namichaati. Salphaadhumatti jechi 'jaarsa' jedhu yeroo hundumaa umurii tartiiba yeroo namni tokkoo Goftaa wajjin jiraate kan agarsiisudha, yeroo hundumaas kanuma agarsiisu ta'a. Nanmi tokko waan filatameef ykn waan muudamee fi kkf'f jaarsa jedhama osoo hin ta'in, waan UMURIIDHAAN kaan dursuuf jaarsa jedhama. Inni warra kaan caalaa kan baratedha, kan leenji'es, inni nama dhi'oo amane miti, sababa muuxannoo fi ragaa yeroo dheeraa jirenya kiristaanaa qabuuf amanamaa dha.

Garuu lakki, ilaalconni ykn bishooponni ergaa Phaawulositti hin maxxanne, sanaa mannaa akkaataa lakkofsa baraa isa Phaawuloos jaarsolii Efesoon irraa gara Miilexositti waame isa Hojii Ergamootaa boqonaa 20 keessatti eeramee duukaa bu'an. Lakkosa 17 irratti akka caafametti "jaarsolii" jedhaman, lakkofsa 28 irratti immoo "eegdota (bishops)" jedhaman. Akkasumas luboонни kun, (shakkii tokko malee barumsa siyaasaa kan qabanii fi aangoodhaaf kan yaaddaa'anidha) hiika Phaawuloos 'eegdonni' dandeettii fi hojidhaan jaarsa waldaa naannootii olitti kan qabaatan waldaa ofii isaanii qofa keessatti ta'a jedhee kenne cichanii morman. Akka yaada isaaniitti bishoopiin tokko geggeessitoota naannoo hedduu irratti aangoo bal'aa kan qabu ture. Yaadni akkasii yaadrimnee Caaffata Qulqulla'oos ta'e kan seenaa kan hin qabne ta'us, namni jabaan akka Poolikaarp illee utuu hin hafin gara jaarmiyaa akkasiitti luucca'an.

Akkasitti wanti bara jalqabaa keessatti akka hojii dhoksaatti jalqabe ifatti doktiriinii ta'e, har'as akkasumatti jira. Bishooponni ammaliee namoota to'achuu fi akka barbaadanitti isaan waliin wal'aansoo qabuuf aangoo qabda jedhu, akkasittis hojii tajaajila keessatti iddo ofii barbaadanitti isaan isaan muudu. Kun geggeessummaa Hafuura Qulqulluu isa Inni, "Baarnaabaasii fi Saa'oliin hojii ani itti isaan waameef, addaan anaaf baasaa" jedhe fudhachuu diduu dha. Mormituun Sagalichaan mormituun Kiristoosis kanadha.

Maatewos 20:25-28,

"Yesus garuu gara isaatti isaan waamee, 'Warri saba biyya lafaa kanaa abbooman goftummaadhaan akka isaan seerratan isin, iyyuu in beektu; gurguddoонни isaaniis aboo

isaanii isaan irratti argisiisu.

Isin gidduutti akkas hin ta'u; eenyu illee isin, keessatti guddaa ta'uu kan barbaadu, hojjetaa keessan ta'uutu isa irra jira.

Eenyu illee isin keessaa dura ta'uu kan barbaadu, garbicha isiniif ta'uutu isa irra jira.

Ilmi namaas akkasuma hojjechiifachuuudhaaf hin dhufne, namootaaf hojjechuu fi lubbuu isaa furii namoota baay'eedhaaf kennuuf dhufe malee' jedhe."

Maatewos 23:8-9,

"Isin garuu 'Barsiisaa guddaa ofiin hin jechisiisinaa! Barsiisaan keessan inni guddaan tokkicha, innis Kristos; isin immoo hundumti keessan obboloota.

Lafa irratti nama akka abbaatti hin waammatinaa! Abbaan keessanoo tokko, innis isa waqa irraa ti' jedhe."

Mee kana daran qulqulleessuuf jecha Niqoolaayitaaniizimii jedhu haala kanatti fufee jiruun nan ibsa.

Waan Mul'anni 13:3 jedhu yaadadhaa,

"Mataa isaa keessaa inni tokko hamma du'aatti waan madaa'e in fakkaata; rukuttaan du'aan ga'u sunis deebi'ee fayye ture. Namoonni guutummaan biyya lafaa dingisiifataniii yaadaan bineensicha duukaa bu'an."

Amma mataan madaa'e sun Impaayera paagaanii Roomaa, humna siyaasaa guddaa addunyaa sanaa akka ta'e ni beekna. Mataan kun ammas, "Impaayera Hafuraa Kaatolikii Roomaa" ta'ee mataa ol qabate. Amma kana of eeggannooodhaan ilaala. Hundeen siyaasa paagaaniin Roomaa ittiin galma geesse maal ture? Isheen mala, "Qoqqooduun bituutti" fayyadamte. Sun sanyii Roomaa ture— qoqqooduun bituun. Ilkaan ishee sibiila sanaan ciccirtee nyaatte. Warri isheen ciccirtee nyaattes akkuma isa isheen Kaarteegin balleessitee soogiddatti facaafteetti, deebi'anii hin kaane. Sanyii sibiila sun yeroo isheen waldaa sobaa taatee kaate ishee keessatti hafe, imaammanni ishees hin akkauma jirutti hafe— qoqqoodanii bituu. Sunis Niqoolaayitaaniizimii waan ta'eef Waaqayyo ni jibba.

Amma dogongorri kun waldaa kiristaanaa keessa yeroo lo'ee seenu namoonni aangoo bishoopii qabachuuf dorgomuu kan jalqaban yoo ta'u, bu'aan isaas sadrkaan kun namoota caalaatti baratanifi qabeenyaan tarkaanfataniifi yaada siyaasaa qabaniif kennamaa akka ture dhugaa seenaa irraa beekameera. Beekumsi fi sagantaan nama foonii iddoogummaa Hoodaa fudhachuu erga jalqabee booda Hafurri Qulqulluu iddoogummaa sana to'uu ni dhaabe. Kun dhuguma hammeenya gaddisiisaa ture, sababiin isaas luboonni kana booda Sagaleenis ta'e sirna waldaatiin tajaajiluuf amalli kiristaanaa iftoomina qabu akka hin barbaachifne ibsuu jalqaban sababiin isaas elementoota fi sirna ayyaanaatu lakkaa'ama waan ta'eef. Kunis namoonni hamoon (gowwomsitoonni) hoolota akka addaan cicciraniif karaa saaqe.

Doktiriiniin namtolchee kun bishoopota iddoogummaa Caaffata Qulqulla'o keessatti isaaniif hin kennamnetti ol baasuu yummuu ta'u, tarkaanfiin itti aanu immoo maqaa sadarkaa sadarkaan kennamuudhaan gara hierarchy amantiitti ol ijaaramu kennuu ture; sababiin isaas yeroo muraasa booda bishoopota irratti angafa bishoopaa, angafa bishoopotaa irratti kaardinalota muudaa kan turan yoo ta'u bara Boonifaas isa sadaffaatti immoo isaan kana hundumaa irratti Phaaphaasiin walii galaa, maqaa ulfinaa *pontiff* jedhu kennameef.

Doktiriiniin Niqoolaawotaa fi walitti baquu Kiristaanummaa fi Baabiloonyaaniiziimii irraa bu'aan dimshaashaa argamu waan Hisqi'eel Boqonnaa 8:10 irratti arge ta'u qaba.

"Yommus ani ol lixee ilaalee, bifni fakkeenya wanta lafa irra munyuuqanii hundinuu, kan bineensota ilaaluun isaanii nama jibbisiisu hundinuu, bifni waaqayyolii tol famoo mana Israa'el hundinuus, guutummaa keenyanichaatti kaafamanii nan arge."

Mul'ata 18:2,

"Inni sagalee cimaadhaan iyyee, 'Kufteetti, Baabiloon guddittiin kufteetti, iddoogummaa hafuurota hamootaa taateetti; lafa hafurri xuraa'aan itti deddeebi'u, lafa allaattiin xuraa'oonii fi jibbamoon itti deddeebi'an taateetti. Sabi hundinuu daadhii wayinii dheekkamsaa isa halalummaa ishee irraa dhufu dhuganiiru' jedhe."

Amma doktiriiniin Niqoolaawotaa kun, seerri waldaa keessatti hundeffame kun ergaan yookaan barreeffamni kanaan dura hin amaleeffatame kanneen Sagalicha ilaallatan namoota Waaqayyoon sodaatan tokko tokkoon barreeffaman dubbisuu waan danda'aniif namoota baay'ee biratti akka barbaadamutti galma hin geeny. Kanaafuu waldaan maal goote? Barsiisota qajeelotarra dhorkaa keessee caaffatoota sanas gube. "Sagalicha dubbisuu fi hubachuuf barnoota addaa qabaachuu gaafata. Maaliif

jennaan, Pheexros iyyuu wanti Phaawulos barreesse hedduun hubachuuf nama rakkisu jedheera" jedhan. Sagalichi namoota irraa erga fudhatamee booda, utuu hin turin yeroon namoonni waan lubi jedhu qofa itti dhaggeeffatan, waan inni itti hime qofa raawwata in dhufe. Sanas Waaqayyo, Sagalee Isaa qulqullutis jedhanii waamu. Sammuu fi jirenyaa namootaa to'atanii garboota lubummaa abbaa irree godhan.

Amma Waldaan Kaatolikii jirenyaa fi sammuu namootaa barbaaduu isheef ragaa yoo barbaaddan labsii Theodosius X labse dhaggeeffadhaa. Labsii Theodosius Isa Duraa dhaggeeffadhaa.

Labsiin kun kan ba'e battaluma inni Waldaa Roomaa Jalqaatiin cuuphameen booda ture. "Nuti impaayerooni sadan, namoonni keenya nu jalatti bulan amantii isa qulqulluu Pheexiroos warra Roomaa barsiise, isa duudhaadhaan amanamummaan isaa eegamee fi amma *pontiff* Roomaa kan ta'e Damasusiin, akkasumas bishoopii Iskindiriyaan kan ta'e Pheexiros nama qulqullummaa Ergamummaa akka jaarmiyaa Ergamootaattii fi akka doktiriini Wangeelaatti qabuun labsame haa hordofan; kottaa mee Waaqummaa Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu tokkocha, *Tirinity* Qulqulluu surraa walqixa qabuutti haa amannu. Hordoftooni amantii kanaa Kiristaanota Kaatolikii akka jedhaman ajajneerra; hordoftoota amantiwwan biroo gati dhabeeyyii hundaaf maqaa jibbamaa gantoota ykn *heretic* jedhuun maqaa balleessina, akkasumas walga'ii maqaa waldaa kiristaanaatiin godhan ni dhorkina. Haqa balaaleffanna hoodaa kana cinattis adabbii ulfaataa aboo keenyaan isaanitti dhufuuf jiru qajeelfama ogummaa waaqarraatiin sirrii akka ta'e amananii fudhachuu qabu..."

Seerri adabbii yakkaa kudha shanan impaayererri kun baase waggoota dheeraadhaaf mirga amantii hundumaa hojjettoota wangeelaa irraa mulqe, waajjiraalee siviili hunda irraa isaan dhorke, akkasumas dararaa addabbii maallaqaa, saamicha qabeenyaa, biyyaa baafamuu fi himata tokko tokko keessatti immoo du'aan immoo du'aan adabamuu isaan irraan ga'aa ture.

Maal akka ta'e beektuu? Har'as karuma sanarra geggeeffamna.

Waldaan Kaatolikii Roomaa waldaa Haadhoo jettee of waamti. Isheen waldaa tokkoffaa ykn waldaa originaala jettee of waamti. Sun guutummaatti sirrii dha. Isheen Waldaa Roomaa Jalqabaa ishee duubatti deebitee cubbuutti galtedha. Isheen waldaa gurmoofte kan jalqabaa ti. Hojiin, ittii aansees doktiriiniin Niqoolaayitaaniiziimii ishee keessatti argame. Haadha ta'uus ishee namni haalu hin jiru. Isheen intaloota hortee waan qabduuf haadha taate. Egaa intalli tokko dubartii tokko keessaa baati. Dubartiin uffata diimaa biluu uffattu tokko tulluuwan Roomaa torban irra teessee jirti. Isheen ejjituudha intalootas deesseetti. Intalooni sunis waldoota Pirootestaantii ishee keessaa ba'anii, ergasii booda gara gurmaa'insaa fi Niqoolaayitaaniiziimii deebi'aniidha. Haati waldoota intalaa kun ejjituu ykn *whore* jedhamti. *Whore* jechuun dubartii kakuu gaa'ela isheetiif hin amanamne jechuudha. Isheen erga Waaqayyootti heerumtee booda baatee seexanaa wajjin gaalamootummaatti jiraatte, gaalamootummaa isheetiinis intalootaakkuma ishee ta'an in deesse. Idaa'amni haadhaa fi intalaa kun mormituu Sagalichaa ti, mormituu Hafuurichaati, kana irraa kan ka'es mormituu Kiristoosidha. Eeyyee, MORMITUU KIRISTOOSI dha.

Amma osoon fagoo hin deemin bishoopponni jalqabaa kun Sagalichaa ol akka ta'anitti akka of fudhataa turan kaasuun barbaada. Cubbuu keessan yoo nutti himattan dhiifamuu cubbuu nu bira argattu jedhanii namootatti lallaba. Sun gonkumaa dhugaa miti. Jaarrraa lammaffaa keessa immoo daa'imman cuuphuu jalqaban. Isaan ifatti cuphaa *regenerational baptism* hojiirra oolchuu jalqaban. Burjaaja'uun namootaa har'a waan nama dinqu miti. Yeroo bara Pheenxeqoosxeetti baay'ee dhi'oo turanitti erga akkas burjaaja'anii, amma yeroo dhugaa orijinalaa irraa gara wagga 2000 fagataanitti immoo abdi kutannaasisa dhuma keessa jiru.

Yaa Waldaa Waaqayyoo, abdiin jiru tokko qofa. Gara Sagalichaatti deebi'aa, isatti qabamaas jiraadhaa.

Barsiisa Bala'aam

Mul'ata 2: 14,

"Garuu wanta muraasa si irratti argadheera; namoota warra barsiisa Bal'aamitti qabamanii jiran achii qabda. Balaaq ijoollee Israa'el dura gufuu kaa'ee qalma waaqayyolii tolfamniif dhi'aate akka nyaatanii fi gaalamootummaatti akka jiraatan gochuu Bala'aamtu barsiisee ture."

Amma ijaarsa Niqoolaawummaa waldaa keessaa qabaachaa, doktiriiniin biraakun akka hin seenne gochuu hin dandeessan. Argitanii, mi'a waaqeffanna isa ta'e Sagalee Waaqayyoo fi sochii Hafuuraa yoo lafa keessan (warri Ana waaqessan Hafuuraa fi dhugaadhaan Ana haa waaqssan) akka bakka bu'aatti bifaa waaqeffanna biraasabaaf kennuu qabdu, bakka buusuun ykn *substitution*'n immoo Bala'aamiziimii dha.

Doktiriiniin Bala'aam waldaa Kakuu Haaraa keessatti maal akka ta'e hubachuuf deemna yoo ta'e duubatti deebinee waldaa Kakuu Moofaa keessatti maal akka ture ilaallee sana booda bara sadaffaa

sanaa wajjin wal simsiifuudhaan, achiis gara bara ammaatti ol fiduu nuuf wayya.

Seenaan kun Seera Lakkoofsa Boqonnaa 22 hanga 25 keessatti argama. Amma Israa'el saba Waaqayyoo filatamoo akka turan ni beekna. Isaan warra Pheenxeqoostaalii bara isaanii turan. Isaan dhiiga jalatti kooluu galaniiru, hundi isaanii Galaana Diimaa keessatti cuuphamanii hafuura keessa galanii faarfachaa humna Hafuura Qulqulluu jala galaniis shubbisaa bishaanota keessa ba'aniiru, yummus Miiriyaam raajittiin dibbee isaaniif rukutti turt. Ba'eessa, ijoolleen Israa'el kun deemsaa yeroo gabaabaa booda biyya warra Mo'aab ga'an. Mo'aab eenu akka ta'e yaadadhaa. Mo'aab ilma Loox isa inni intaloota isaa keessa ishee tokkorraa dhalche yoo ta'u, Loox immoo ilma obboleessa Abrahaam waan ta'eef warri Israa'elii fi warri Mo'aab firooma qabu turan. Sana akka hubattan nan barbaada. Itti haa jiraatanis itti jiraachuudhaa baatanis warri Mo'aab dhugaa jiru ni beeku turan.

Kanaafis warri Israa'el gara daangaa Mo'aabitti ol ba'anii akkas jedhaa jedhanii namoota gara mootichaatti ergan, "Nuyi obbolaa dha. Lafa keessan keessa nu dararsaa. Namoonni keenyas ta'e horiin keenya waanuma fedhe illee haa ta'uu yoo nyaatan ykn dhugan gammachuudhaan isiniif kaffalla." Mootichi Balaaq garuu aaree lafaa ka'e. Mataan tuuta Niqoolaawotaa sun waldaan milikkita, dinqii fi hojii mul'achuu Hafuura Qulqulluu garaa garaa of biraa qabdu, isheen fuula ishee irraa ulfinni Waaqayyoo calaqqisu biyya isaa keessa akka hin drabine in dhowwe. Tuuta isaa keessaa waa muraasa dhabuu waan danda'uuf, balaa guddaa qaba jedhee sidaate. Kanaafis Balaaq Israa'eliin darbarsuu dide. Dhugaa dubbachuuf, sodaan inni isaan irraa qabu baay'ee guddaa waan tureef, gara raajii qacaramaa Bala'aam jedhamuu dhaqee isaa fi Waaqayyo gidduu seenee Israa'eliin akka abaaruuf, akkasumas akka isaan humna hin godhanne akka godhuuf, Isa Hundumaa Danda'u akka isaaf kadhatuuf isa kadhate. Bala'aam immoo dhimma siyaasaa irratti hirmaatee nama guddaa ta'uuf fedhii guddaa waan qabuuf, kana gochuu isaatti baay'ee gammade. Garuu ofii isaatii homaa gochuu akka hin dandeenyeefii namoota sana abaaruuf Waaqayyo duratti dhi'aatee dhageettii argachuu akka qabu waan beekuuf, Waaqayyo akka isaaf hayyamu kadhachuuf ba'ee deeme. Amma sun Niqoolawota har'a of biraa qabnuu wajjin tokkuma mitii ree? Nama karaa isaanii irra hin deemne hunda abaaru.

Yommuu Bala'aam achi deemuuf Waaqayyoon gaafatatti, Waaqayyo hin dhaqin isaan jedhe. Oo, yaa dhukkubbii isaa! Balaaq garuu badhaasa guddaa fi kabaja isa duraarra caalu abdachiisuudhaan isa kadhate. Kanaafis Bal'aam ammas fuula Waaqayyootti mul'achuuuf deeme. Amma deebiin Waaqayyo kenne tokkichi iyyuu ga'aa ture. Bala'aam nama ofiin bulaa ta'eef garuu akkas miti. Waaqayyos karaarraa kaachuu isaa yommuu argetti, dhaqi jedhee hayyameef. Innis ariitiidhaan harree yaabbatee karaarra bu'e. Fedha Waaqayyo yoo ta'e malee ofii isaatiin si'a digdama dhaqee si'a digdama abaaruu akka hin dandeenye salphumatti beekuutu isarra ture. Namoonni bara kanaa attam Bala'aam wajjin wal fakkaatu laata! Waaqota Sadiitti amanu, MAQAA TOKKOCHA sana dhiisanii maqaalee ulfinaatti cuuphamu, ta'us garuu Waaqayyoakkuma Bala'aamiif ergaa turetti Hafuura Isaa isaaniifis in erga, isaanis nuyi dhuguma sirriidha ofiin jedhu amantoonnis isaan duukaa bu'u, isaan dhugumatti Bala'aamota. Barsiisa bala'aam ilaala. Maaluma iyyuu haa ta'uu gara duratti deemi! Akkataa yaada mataa keetiin hojjedhu kan jedhu dha. Isaan, "Ba'eessa, Waaqayyo nu eebbiseera. Homaa rakkoo hin qabu" jedhu. Inni isin eebbiseera nan beeka. Sana hin haalu. Garuu karuma jaarmiyaan Bala'aam irra deemerra deemaa jirtu. Sun immoo Dubbii Waaqayyo tuffachuu dha. Innis barsiisa sobaa ti.

Kanaafis Bala'aam kophaa isaa karaa qabatee in sokke, ergamaan Waaqayyoos karaatti isa dura gore. Garuu raajiin sun (bishoopiin, kaardinaaliin, dura taa'an, prezidaantiin, bishoopiin walii galaa) yaada kabajaa fi ulfina argachuu, yaada horiitiinis wantoota Hafuuraa irraa akka malee waan jaameef ergamaa billaa gara lamaan qarame luqqifatee isa dura dhaabatu arguu hin dandeenye. Achitti raajii maraate sana dhowwee deebisuuf dura dhaabate. Harreen miskiinni sun ergimicha argitee asii fi achi isa daddarbachaa, ergamicha irraa utuu gortuu xumura irratti miilla Bala'aam dallaatti miciriqsite. Harrettiin in dhaabatte, deemuus in didde. Deemuu dide. Kanaafis Bala'aam ishee irraa bu'ee ishee dha'uutti ka'e. Sana booda harrettiin Bala'aamitti haasa'uu jalqabe. Waaqayyo akka harrettiin afaan haaraa dubbattu taasise. Harreen sun harree diqaalaa miti; isheen sanyii jalqabaati. Isheen raajii jaamaa sanaan, "Ani harree kee mitii? hanga ammaatti ani amanamummaadhaan si hin baannee?" jette. Innis deebiseefii, "Eeyyee, eeyyee, ati harree koo ti, hamma amaattis amanamummaadhaan ana baatteetta; hin deemtu yoo ta'e si ajjeeseen... Woo'aa! Maali inni wanti kun, harreettin haasa'aa jira moo? Kun qoosaa dha, harreettin haaa'aa jira natti fakkaata, harreefan deebii kennaa jira natti fakaatas" jedhe.

Waaqayyo yeroo hundumaa afaan haaraatiin dubbateera. Inni ayyaana Belshaazaar qopheesse irratti, ergasiis guyyaa Pheenxeqoosteetti afaan haaraatiin dubbateera. Har'as irra deebi'ee hojjechaa jira. Innis akekkachisa firdii yeroo dhi'ootti dhufuuf jiruu ti.

Ergasii ergamichi Bal'aamitti in mul'ate. Waaqayyoon qoruu keetiif harrettii hambisee si ajjeesuufan ture ittiin jedhe. Bala'aam yeroo deebi'uuf murteesettis, waan Waaqayyo dubbadhu jedhu qofa akka dubbatu akekkachiifamee ergame.

Kanaafis Bala'am gadi bu'ee aarsaa dhi'essuuf iddo aarsaa torba in ijaare. Dhufaatii Masihichaa kan argisiisu korbeessa hoolaa aarsaa dhi'eesse. Gara fuula Waaqayyootti dhi'aachuuf maal gochuu akka qabu

ni beeka ture. Inni makaaniksii sirriitti of harkaa qaba ture; garuu daayinamiksii hin qabu ture; akkuma warra ammaa kanaa. Niqoolaawota hin argitanii? Israa'elis achi dachaa lafa onaa keessatti aarsaa wal fakkaatu dhi'eessaa jiru tura, waanuma wal fakkaatu hojjechaa turan garuu tokko qofaatu milikkita isa duukaa bu'u qaba ture. Isa tokko qofaatu Waaqayyo of gidduudhaa qaba ture. Foormiin eessayyuu isin hin geessu. Inni iddo mul'achuu Hafuuraa bu'uu hin danda'u. Niiqiyaatti wanti ta'e kanuma. Achitti doktiriinii Waaqayyoo osoo hin taane doktiriinii Bala'aam raggaasisanii fudhatan. Isaanis ni gufatan; eeyyee ni kufan. Namoota du'an ta'an.

Aarsaan erga dhihaatee booda Bala'am raajii dubbachuuf qophaa'e. Waaqayyo garuu arraba isaa waan hidheef isaan abaaru hin dandeenye. Ini isaan in eebbise.

Balaaq baay'ee aare, Bala'aam garuu waa'ee raajii dubbatamee homaa waan gochuu danda'u hin qabu ture. Inni Hafuura Qulqulluudhaan dubbatame. Kanaafis Balaaq gara dachaatti gadi bu'ee dugda duubaan isaan ilaala yoo abaare tarii dhageettii ni argata jedhee waan yaadeef Bala'aam akka gadi bu'ee abaaru godhe. Malli Balaaq bara sanitti dhimma itti ba'e mala isaan bara kanaitti dhimma itti ba'a jiranii wajjin tokkuma. Dinoomineeshiinii guddoona garee xixiqqoo asii gadi ilaalu, waan isaan gidduutti argamu kamuu fudhatama dhabsiisanii isaan lafafu. Warri ammayyaa cubbuu keessa yoo jiraatan, namni waa'ee isaanii homaa tokko illee dubbatu hin jiru; warra fo'amoo keessaa nama tokko yoo argan garuu rakkoo keessa buusuuf waraqaa guutummaa biyyaatti raabsu. Eeyyee, Israa'el fooniin dugda kan itti gatu qabdi turte. Garee galata isaan dhiwwatu qabu turan; garuu hir'uutuu isaanii utuu hin ilaalin, akeeka Waaqayyoo isa karaa fo'amuu, karaa hojii utuu hin ta'in karaa ayyaanaa Isaa raawwatun, ISAAN GUYYAA GUYYAA DUUMESSA, HALKAN HALAKAN UTUBAA IBIDDAA QABU TURAN, ISAAN KATTAA DHA'AMEE BISHAAN BURQISIISU, BOFA SIBILA IRRAA TOLFAMEE FANNIFAMEE FI MILIKKITAA FI DINQII GARAA GARAA QABU TURAN. Isaan warra dhugaan ba'ameef turan; ofiin utuu hin ta'in Waaqayyo kan dhugaan ba'ameef turan.

Waaqayyo warra Niqolaawotaa kana Ph.D, LL.D, fi DD isaan qaban, jaarmiyaa gaggaarii isaan qabaniif fi qabeenya isaan ittiin of jajan hundumaa wajjin tuffataa ture; Israa'eliif garuu ulfina kennaa ture sababiin isaan Sagalee mirkanaa'e of gidduudhaa qabu turan. Dhugaadha Israa'el ariitiidhaan Gibxii keessa waan baateef amma iyyuu sirriitti boca hin godhanne, waanuma fedhes ta'u garuu saba eebbfamamaa turte. Waggoota 300 oliif kan isheen beektu bushaa'ee tiksuu, midhaan eeguu fi du'a sodaachuudhaan garbummaa Gibxii jala jiraachuu qofa ture. Garuu amma bilisa baateetti. Isheen karaa birmadummaa Waaqayyootiin saba eebbfamamaa turte. Dhuguma Mo'aab asii gadi ishee ilaale. Saboonni kaan hundis akkasuma godhan. Warri gurmaa'an yeroo hundumaa warra hin gurmaa'in tuffiidhaan ilaalu yookaan dirqisiisuudhaan gara gurmaa'inaatti galchu yookaan yoo isaan garas dhufuu didan lafarras dhabamsiisu.

Amma namni tokko tarii, "Obboleessa koo Biraanhaam, Israa'el walitti hin gurmeeffamne Mo'aabtu gurmeeffame malee jettee akka yaaddu maaltu si taasise? Yaada sana eessaa argatta?" jedhee na gaafata ta'a. Kunoo Macaafuma Qulqulluu kana keessaan argadha. Hundi isaa asitti barreeffamee jira. Wanti Kakuu Moofaa keessatti bifaa seenaatiin barreeffamee hundi ifatamudhaan akka irraa barannuuf barreeffamee.

Innis kunoo, Seera Iakkoofsaa 29:9 irratti argama,

"Ani gubbeewwan kattaa irratti isa nan arga, gaarota irraas isa nan ilaala; ilaa saba kophaa isaa jiraatu, ISA SABA WARRA KAAN KEESSATTI OF HIN LAKKOOFNE."

Kunoo achi jira. Waaqayyo gubbewwan kattaa irratti isaan arga malee hojii hamaa isaan hojjetan isaanitti lakkaa'ee itti faraduuf dachaa wayii keessa isaan hin barbaadu. Waaqayyo akkaataa itti isaan arguu barbaadetti isaan arga—gubbee jaalalaa fi araara irratti. Isaan KOPHAA jiraatan, kan gurmaa'anis hin turre. Mootii hin qaban turan. Raajii qabu turan, raajichis Hafuuraan Waaqayyo of keessaa qaba ture; Sagalichis gara raajii dhufee karaa rajichaa namoota bira ga'a ture. Isaan miseensa U.N. hin turre. Isaan miseensa Mana Maree Waldoota Addunyaa, kan Baaptisitootaa, kan Pirisbiteriyaanotaa, kan Assembly of God ykn kan garee biraan kamuu hin turre. Miseensa isaanii ta'uun isaan hin barbaachisu ture. Isaan Waaqayyoo wajjin walitti dabalamaniiru. Gorsu yaa'ii kamirraayyuu isaan hin barbaachisu ture—"Gooftaan akkas jedha" kan jedhu og gidduudhaa qabu turan. Haleeluyyaa!

Amma Bala'am karaa ittiin Waaqayyotti dhi'aachuun danda'amu isa sirrii beekuu fi dandeettii karaa humna addaatiin mul'ata Gooftaa bira fiduu qabaatus, sana hundumaa keessatti inni amma iyyuu bishoopii garee wayinii sobaa ture. Sababiin isaan, Balaaq biratti fudhatama argachuuf amma maal godhe? Foormulaa Israa'el Waaqayyo wal'aansoo qabuudhaan ittiin du'a ofitti fidu bocuutti gadi taa'e. Akkuma Seexanni Hewaan gowwoomsuu akka danda'u (cubbuu foonii keessatti akka kuftu gochu) akkasittis Waaqayyo cubbuu irratti murtee du'aa akka dabarsu godhe, Bala'aamis Israa'el cubbuu akka hojjettu gochuu yoo danda'e Waaqayyo hanga du'aatti akka wal'aansoo isaanii qabu ni beeka ture. Kanaaf karaa isaan garas dhufanii cubbuutti akka makaman godhu karoorfate. Ayyaana Baal-Phe'or (kottaa nuu wajjin waaqeffadhaa) akka dhufaniif warqaa afeerra isaanii erge. Amma Israa'el, shakkii

tokko malee, ayyana warra Gibxiitti hirmaachaa waan turteef dhaqxee namoota sanaa wajjin nyaachuun gofti akka waan dogoogora hamaa ta'ee itti hin dhaga'amne. (Tokkummaa qabaachuun dogoggora maalii qaba? Isaan jaallachuu qabna mitii, kanaa achii akkamitti isaan injifachuu dandeenyaa ree?) Michummaa horachuun gonkumaa nama tokkollee hin miidhu— akkas jedhanii yaadan. Garuu dubartoornni mimmidhagoon warra Mo'aab sun shubbisa *rock and roll* fi *twist* shubbisaa uffata ofirra baasuu yeroo jalqaban, fedhiin foonii Israa'elootaa ol danfe isaanis gara ejjaatti harkifamanii Waaqayyo aarii dheekkamsa Isaatiin isaan keessaa nama kuma afurtamii lama fixe.

Qosxanxinoosis Niiqiyaatti, warri isa boodaan dhufan immoo Niqiya booda wanti isaan raawwatan kanuma. Isaanis saba Waaqayyoo konferensii sanatti affeeraniiru. Yeroo waldaan nyaataaf maaddiitti dhi'atteetti, fedhiin ishee ol danfee (foormii waldaa, ayyanotaa fi sirna nyaachisa paagaanii maqaan ayyanota kiristaanaatiin moggaafaman irraa hirmaachuu) kiyyootti galte; isheen gaalamootummaatti hirmaatte. Waaqayyos ishee dhiisee manaa ba'e.

Eeny illee Hafuura Qulqulluu fudhachuu mannaa Sagalee Waaqayyoo irraa garagalee waldaa tokkotti yeroo makamu, namni sun ni du'a. Du'a! Wanti inni jedhamu kanuma. Waldaatti hin makaminaa. Gurmaa'ina keessa seentanii *creed* fi duudhaa ykn waanuma bakka Sagalee fi Hafuura bu'u kamiyyuu hin fudhatinaa, kanaa achii du'aa taataniittu. Keessan raawwateera. Du'a taataniittu. Innis bara baraan Waaqayyo irraa adda ba'uudha!

Ergasii bara hundumaa keessatti kan ta'e kanuma. Waaqayyo saba ni oolcha. Dhiigaan ba'anii, Sagalichaan qulqullaa'anii, cuuphaa bishaanii keessa darbanii Hafuuraanis ni guutamu; garuu yeroo muraasa booda jaalalli jalqabaa in qabbanaa'a, namni tokkos isaan akka hin banneef maqaan isaanii akka beekuuf gurmaa'uu qabu yaada jedhu dhi'eessaa, dhaloota lammaffaa irrattis yeroo tokko tokko immoo sana durallee of gurmeessuutti ka'u. Sana booda Hafuura Waaqayyoo hin qaban, bifaa waaqeffannaa qofa qabu malee. Isaan du'aniiru. Isaan *creed* fi *form'dhaan* of diqaalomsaniif jireenyi isaan keessa hin jiru.

Kanaafuu Israa'el akka gaalamootummaatti jiraattu Bala'aamtu godhe. Gaalamootummaan foonii hafuura qabatamaatti amantii gurmaa'e keessa jiru beektuu? Hafuurri gaalamootummaa hafuura gurmaa'inaati jedheen ture. Iddoon gaalamootaaq qophaa'e kuufama haroo ibiddaa ti. Waa'ee jaarmiyaa ilaachisee waniti Waaqayyo yaaduu kanuma. Eeyyee gooftaa, ejjittuttii fi intalooni ishee kuufama ibiddatti in darbatamu.

Dinoomineeshiinonni kan Waaqayyoo miti. Gonkumaa kan Isaa hin turre, sichis hin ta'an. Dinoominee shiiniin hafuura dogoggoraa isa saba Waaqayyoo sadarkaa abbootii amantii fi amantoota laayyootti adda quodu dha; kanaafis, hafuura dogoggoraa saba tokko saba isaa irraa adda quodudha. Innis hojii jaarmiyaa fi dinoomineeshiinii ti. Gurmaa'insaan Sagalee Waaqayyoo irraa adda of baasanii, gara ejja hafuuraatti of galchu.

Amma Qosxanxinoos namootaaf ayyanota bekkeekamoo akka kenne hubadhaa. Isaanis ayyanota paagaanii durii maqaan haaraa waldaa irraa kennae, yookaan haala tokko tokko keessatti *rites* kiristaanaa fudhatamee ayyaaneffannaa paagaaniitiin akka faalamu ykn arrabsamu taasifamu ture. Inni waaqeffannaa waqaq aduu (sun god) fuudhee gara Ilma Waaqayyootti (Son of God) jijiire. Muddee 21, jechuunis yeroo ayyanini waqaq aduu itti kabajamaa ture dhiisanii, Muddee 25tti ol butuudhaan guyyaa dhaloota Ilma Waaqayyooti jedhanii waamu. Garuu ji'a Muddeetti utuu hin ta'in ji'a Eblaa yeroo jireenyi mutu ykn sanyiin biqilutti akka Inni dhalate ni beekna. Guyyaa ayyana faasikaas isa Kiristaanni du'u fi du'aa ka'u Gooftaa itti kabaju jedhamee yaadamu fuudhaanii *Astarte* ykn Asheeraadhaaf kennanii guyyichas *Easter* jechuudhaan moggaasan. Dhugumayyuu guyyaa ayyana paaganii *Astarte* ture.

Isaan iddo aarsaa waldaa keessatti ijaaran. Fakkiwwan waldaa keessatti kaasan ykn dhaaban. Macaafa Qulqulluu keessatti argamuudhaa baatus amantii ergamootaa ykn *apostles' creed* waan jedhamu namootaaf kennan. Sirna abaabilii waaqeffachuu saba barsiisanii kanaanis Waldaa Kaatolikii Roomaa waldaa *spiritistic* guddittii addunyaa kanaa taasisan. Simbirroon xuraa'an hundinuu godoo sana keessa turan. Isinis Piroottestaantota jaarmiyaa isaaniitiin wanuma wal fakkaatu godhan qabdu.

Isaan wantoota waaqayyolii tolfamoodhaaf aarsaa dhi'effaman nyaatan. Amma dhuguma kana jechuun jechaatti foon waaqayyolii tolfamaadhaaf aarsaa dhi'aate nyaachaa turan jechuu koo miti. Yaa'iil Yerusaalem irratti dhimma kana mormanii yoo dubbaten iyyuu, Phaawulos waaqayyolii tolfamoon wanta waan tokkotti hin galledha waan jedheef sun xiyyeffannaa hin arganne. Obboleessa dadhabaa in gufachiisa yoo ta'e malee, hanga hubannaan namaa bilchaataa ta'etti sun hin dhiwwamne. Kana malees, Mul'anni kun warra Yihudoota hin ta'ii wajjin kan wal qabatu malee Yihudoota wajjin waan wal qabatu miti, isaan kun Waldoota warra saba Yihudoota hin ta'inii ti. Kanas ifuma dubbi Gooftaa, "Foon koo yoo nyaachuun dhaabaattan, dhiiga koos yoo dhuguu dhaabaattan, jirenya of keessaa hin qabdan. Namni nyaata duwwaadhaan hin jiraatu, dubbi afaan Waaqayyoo keessaa ba'u hundumaan malee" jedhu keessattan ilaala.

Egaa namoonni kun yeroo fakkiwwan sanaaf qoomma'anii sagadanitti, dungoo qabsiisanitti, guyyooya ayyana paagaan fayyadamanitti, cubbuu isaanii namootatti himachaa turanitti (isaan kun hundinuu

amantii seexanaa ti,) isaan hirmaattuu seexanaati malee hirmaattuu Gooftaa miti. Amananis amanuudhaa baataniis waaqeffannaa waqa tolfamaa keessa turan. Iddoowwan aarsaas ta'e ixaanni kadhanna Gooftaa ittiin yaadachuuf ykn hiika fedhan itti kennuudhaan isa ittiin yaadachiisuuuf qofa kana hunda goona jedhanii dubbachuu danda'u; yeroo fakkaattii duratti gombifamanii kadhatanis cimsuuf *emphasis* qofaa kana goona jechuu danda'u; lubichatti yommuu cubbuu himatanis dhuguma garaa isaanii keessatti Waaqayyotti akka jiran, lubatu dhiifama nuu godha yeroo jedhanis Maqaa Gooftaatiin raawwachaa jiraachuu isaa haqa jechuuus danda'u; isaan waanuma fedhan haa jedhan iyyuu malee amantii Baabiloon isa akka gaariitti beekame, amantii Seexanaattii hirmaachuudhaan waaqayyolii tolfamoo waaqessuutti makamanii ejja hafuuraa raawwachaa jiru, kana jechuunis du'a jechuudha. Isaan du'aniiru.

Waldaan fi mootummaan akkasitti wal fuudhanii walitti heeruman. Waldaan waqa tolfamaa wajjin walitti makamte. Humna mootummaa isaan duubaan jiruun amma, "Mootummichi dhufeera fedhiin Waaqayyoos lafa irratti in raawwatame" miira jedhutu isaanitti dhaga'ame. Waldaan Kaatolikii Roomaa deebi'ee dhufuu Gooftaa Yesuu eegaa jirachuu dhabuun ishee nama hin ajaa'ibu. Isaan warra barkumee miti. Isaan barkumee isaanii asumaa qabu. Phaaphaasichi yeroo ammaa kana bulchaa jira Waaqayyo immoo issa keessaan bulchaa jira. Kanaafuu akka isaan jedhanitti yeroon Inni itti dhufu yeroo waaqni haaraa fi lafti haaraan qophaa'u ta'uu qaba. Garuu isaan dogogoraniiru. Phaaphaasiichi mataa waldaa sobaa ti, barkumeenis ta'uuf jira, garuu osoo sun ta'aa jirutti inni isa keessa hin jiru. Inni iddo kan biraa jiraata.

Akeekkachiisa

Mul'ata 2:16,

"Ammas yaada garaa kee geeddadaradhu! Kana yoo gochuu dhaabaatte garuu, ani dafee sitti nan dhufa; jara sanas billaa afaan koo keessaa ba'uun nan lola."

Waan biraan maal jechuu danda'a ree? Waaqayyo cubbuu warra Maqaa isaa akkasumaan baatanii bira darbuu danda'aa? Yeroo cubbuutti karaan ayyanaa ittiin argannu tokkicha, innis YAADA GARAA GEEDDARACHUU DHA. Cubbuu hojjedheera jedhaa. Hafuura Waaqayyoo biraan Waaqayyoo biraas dhiifa akka argataniif gara Isaa koottaa. Kun abboommii Waaqayyooti. Abboomamuu diduun du'a fida waan ta'eef, "Billaa afaan koo keessaa ba'uun sin lola" jedha. Bineensichi qulqulloota irratti lola bane, Waaqayyo garuu bineensicha irratti lola bana. Warra Sagalicha lolan gaaf tokko Sagalichi loluuf jira. Dubbii Waaqayyoo irraa hir'isuun, ykn itti dabaluun waan balaa fidudha. Warra jijjiiranii, akka isaanitti tolutti ittiin hojjetaniif, du'aa fi badiisa malee dhumni isaanii maal ta'a? Garuu ammas ayyaanni Waaqayyoo "Qalbii jijjiirradhaa" jedhee isaanitti iyya. Oo, yaada garaa geeddarachuuun akkam mi'aawaa dha. Kanan Siif kenu homaa harka koo keessaa hin qabu, akkasumatti fannoo Keetti nan maxxana. Gadda koo Si durattin dhi'eessa. Ani waanan ta'eef, waanan hojjedhettis gaabee qalbii koo jijjiirradheera. Amma dhiigadha, innis dhiiga Yesuu malee kan biraan miti. Maal ta'a? Yaada garaa geeddarachuu, kanaa achii billaa du'aati mitii? Filannoon kan keessani.

Badhaasa

Mul'ata 2:17,

"Namni gurra qabu isa hafuurri qulqulluun waldoota kristaanaatiin jedhu haa dhaga'u! Isa mo'uuf maannaa dhokataa sana keessaa nan kennaaf; dhagaa calaqqisaa maqaan haaraan irratti caafame tokkos nan kennaaf; maqichas isa fudhatu sana irraa kan hafe, namni tokko illee hin beeku."

Tokko tokkoon ergaa bara tokko jajjabina amanaaf fidee dhufu qaba, mo'ee Gooftaa bira badhaasa akka fudhatuufis isa jajjabeessa. Bara kana keessatti Hafuurichi maannaa dhokataa fi maqaa haaraa dhagaa calaqqisaa irratti barreeffame abdachiisaa jira.

Amma ergaawan kun tokkoon tokkoon isaanii gara 'ergamaa'— (ergamaa namaa)tti waan ergamaniif itti qoodni ergamichaa itti gaafatamummaa baay'ee guddaa akkasumas mirgi ajaa'ibaa ti. Waaqayyo namoota kanaaf abdii addaa abdachiisa,akkuma ergamoonni kudha lama teessoo kudha lama irra taa'anii gosoota Israa'el kudha lamaan irratti faradan isaan kunis faraduuf jiru. Achiis, yaadadhaa Phaawuloos abdiin addaa akka kennameef: namoota misirroo bara isaa turan Yesuusiif kaadhimu ture,

2Qorotos 11:2,

"Ani akka durba amanamtutti Kristos abbaa manaa tokkichatti isin heerumsiifachuudhaaf, isin kaadhimachiisee waanan tureef, akkuma Waaqayyo hinaafu, anis isiniif nan hinaafa."

Inni akkasuma ergamaa Sagalichaa isa yeroo isaa fi bara isaatiif amanamaa ta'e hundaa wajjin ni ta'a. Guyyaa dhumaattis akkas in ta'a. Innis badhaasni addaa Phaawulosiif in kennama. Sababiin yeroo baay'ee Isa dha'uu dideef Gooftaa natti aareera waan ta'eef, Gooftaa wajjin utuun wal hin arginan du'aa

Iaata jedhee isan sodaachaa ture baay'een keessan in yaadattu. Gaarii dha, waa'ee kanaa ganama gaaf tokkoo siree koo irra ciisee utuun yaadaa jiruu, tasa mul'anni takkaa an argee hin beekne ol na bute. Mul'ata kumaatamaan lakkaa'amu argaan ture garuu qaama koo keessaa ba'ee waanan ol fudhatameef inni kun mul'ata addaa ti. Achitti garuu ol nan butame; haadha manaa koo arguuf of duuba ilaaleen, reeffi koos cinaa ishee utuu ciisuu nan arge. Achiis iddoon argee beeku hunda caalaa iddo bareedaa ta'ettin of arge. Innis jannata ture. Achittis tuuta namoota baay'ee babbareedoo fi gammadoo ta'aniin arge. Hundi isaanii baay'ee dargaggoota fakkaatu—umuriin isaanii gara waggaa 18 hanga 21 ti. Isaan gidduu namni rifeensa arrii ykn kan fuulli wal guuru ykn kan qaamaa hir'ate tokkollee hin turre. Shamarran hundi isaanii rifeensa hanga mudhii isaaniitti gadi dheeratu kan qaban si'a ta'u, dargaggooni sun baay'ee babbareedoo fi ciccimoo turan. Oo, akka isaan itti na simatanii! Na hammatanii obboleessa keenya isa jaallatamaa naan jedhanii, na arguu isaaniitti hammam akka gammadan natti himuu itti fufan. Namoonni sun hundi eenu akka ta'an osoon yaaduu, tokko na cinaa "Isaan saba keeti" naan jedhe.

Baay'ee ajaa'ibsiifadheen, "Kun hundinuu ilmaan Biraanhaamiitii?"

Innis, "Lakki isaan warra ati amantii isaanii jijiirtedha" jedhe. Sana booda gara dubartii giiftii tokkotti quba qabee, "Shamarree yeroo muraasa dura dinqisiifachaa turte sana ilaali. Yeroo ati gara Gooftaatti ishee injifatte umriin ishee waggaa 90 ture" naan jedhe.

Anis, "Maaloo, kana yaaduun waan sammuu kootiin ol ta'edha"n jedheen.

Namichis, "Nuti dhufaatii Gooftaa eeggachaa as boqochaa jirra" naan jedhe.

Anis "Isa arguun barbaada" jedheen deebiseef.

Innis, "Amma Isa arguu hin dandeessu; garuu Inni dhi'ootti dhufa, yommuu dhufus dursee gara keessan ni dhufa, akka Wangeela isin lallabdaniittis firdii farada, nuti immoo garboota keessan taana" naan jedhe.

Anis, "Kanneen hundaaf itti gaafataman si naan jechuu keetii?"

Innis, "Hundinuu. Ati gaafuma dhalatte hogganaa taatee dhalatte."

Anis, "Hunduu itti gaafatamummaa qabaa? Qulqulluu Phaawuloos hoo?"

Innis "Innis bara isaatiif itti gaafatamummaa ni fudhata" jedhee naaf deebise.

"Eeyyee, Wangeeluma Phaawulos lallabe sana lallabeen jira"n jedheen. Tuutni sonaan baay'eenis, "Sana irratti boqochaa jirra" jedhanii iyyan.

Eeyyee, Waaqayyo ergamotoo isaa warra itti gaafatamummaa Inni isaanitti kenne amanamummaadhaan raawwataniif badhaasa addaa kennuufiif akka jiru nan arga. Bara sanaaf mul'ata Sagalichaa fudhatanii bara isaaniitti amanamummaadhaan kan lallaban yoo ta'e, wanta lallaban sanattis yoo jiraatan badhaasa guddaa ni argatu.

Amma yaada kana yaada keessa galchuudhaan irra deebi'atii lakkofsicha ilaala. "Mannaah dhokataa isaaaf nan kenna." Mannaan nyaata ergamotoo akka ture hundi keenya ni beekna; innis wanta Waaqayyo yeroo Israa'elonni deemsarra jiranitti margarratti isaaniif roobsee turedha. Inni nyaata mudaan hin qabne ture. Nyaanni xixiqloon sun fayyaa gaarii akkasii akka qabaatan gochuun waan nama ajaa'ibsiisu ture. Namni tokko illee hin dhukkubsanne. Wantaa isaan barbaachisu hundaaf kan dhimma baasu ture. Saanduqi kakuu yeroo hojjetametti mannaa sana keessaa hamma tokko isaa keessa kaa'an. Sana booda saanduqi kakuu sun golgaa duuba kaa'ame, isatti dhi'aachuuf kan ija jabaatus angafa lubaa qofa ture, sana gochuufis dhiiga aarsaaf dhi'aatu of harkaa qabaachuu qaba ture. Buddeenni waaqarrraa dhufe, inni mannaatti fakkeeffame, guyyaa tokko waaqarrraa bu'ee warra isatti amanan hundumaaf Jirenya ta'e. Innis, "Ani buddeena jirenyaa ti. Ani buddeena jiraataa isaa waaqa irraa gadi bu'e dha; eenu illee buddeena kanattii yoo nyaate bara baraan in jiraata" jedhe. Yeroo deemettis Sagalee Isaa isaa, "Namni nyaata duwwaadhaan hin jiraatu, dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'u hundumaan malee" jedhu nuuf dhiisee deeme.

Dubbiin Isaa buddeena ture. Innis mannaa mudaan hin qabne ture, kana jechuunis namni tokko yoo ittiin jiraate yoomiyuu hin du'u. Garuu battala du'a abbootiin booda namni dhugaa sirrii beeku waan jiru waan hin fakkaanneef yeroo gabaabaa keessatti mannaan kun saba duraa waan dhokate fakkaata. Garuu bara hundumaatti Waaqayyo wanta dhokatee ture karaa mul'ataa deebisuu jalqabe hanga guyyaa dhumaa kanaatti itti fufee akka Mul'ata 10:7ttis raajiin tokko dhufee dhoksaa hundumaa bakkeetti baasee ni mul'isa egasii boodas Gooftaan ni dhufa. Amma, kana nan jedha, tokkoon tokkoon baraa keessatti ergamooni dhugaa dhokataa fudhatu. Garuu ofii isaanii qofaaf hin fudhanne. Akkuma yeroo bartoonni buddeena fi qurxummii namoota sonaan baay'ee sanaaf akka hiraniif ajajamaniiti malee; Yesus buddeena sana caccabsee isaaniif kenne, isaan immoo dabarsanii namoota sanaaf kennan. Waaqayyo nama mo'uuf mannaa dhokataa Isaa kenna. Kanaa ala ta'uun hin danda'u. Inni warra waan duraan mul'ate

tuffatanitti qabeenya Isaa isa gati-jabeessa hin mul'isu.

Tokkoon tokkoon ergamaa bara hundumaa Waaqayyo biraad dhugaa orijinaala Pheenxeqoostee irraa waa qunxuranii fudhachuu isaanii ilaalcissee kanan dubbachaa ture gaadidduun isaa isa Kakuu Moofaa keessatti Museen mannaa kiiloo sadii fi walakkaa huuroo warqee irraa tolfametti naqsiisee golgaa duuba iddo qulqulluu qulqullootaa akka kaa'uuf abboomameeti. Dhadhaloota hundumaa keessattis angafni lubaa aarsaa dhiigaa qabatee achitti ol seenuu danda'a ture. Sana booda mannaa isuma orijinaalaa kana irraa (hin samu hin badus waan ta'eef) waa qunxuree nyaachuu danda'a ture. Amma bara hundumaa keessatti ergamaa Gooftaa bara sanaaf kan kennamu mul'ata Waaqayyoo isa yeroo murtoofte sanaaf qunxurumu ture. Dhugaan erga ergamichaaf ifee boodaa, dhugaa sana gara sabaatti fida ture. Waarri gurri isaanii Hafuuraan banames dhugaa sana dhaga'anii, itti amanu isaanis in jiraatu turan.

Amma egaa, gara fuulduuraatti mannaa dhokataa sana irraa hirmaachuu yaadni jedhus ni jira. Innis bara bara baraa dhufu keessatti mul'ata Yesuus Kiristoos irraa hirmaannaa bara baraa qabaachuu ta'a jedheen yaada. Kanaan ala akkamiiin badhaadhina Jirenya Isaa isa bira hin ga'amne beekuu jalqabna ree? Wanti baruuf hawwinu hunduu, gaaffiwwan keenya deebii hin argatin hunduu, wanti hundinuu ifatti nuuf ba'a. Jirenya keenya Isa ta'e Kiristoos irraa isa fudhanna. Oo, yeroo tokko tokko waa'ee Isaa fi Sagalee Isaa as gaditti xiqqoo waan beeknu nutti fakkaata, sun baay'ee gaarii dha, nu gammachiis; garuu gaaf tokko yeroo fooni keenya jijiiramu Sagalichii fi Inni waan nuyi ni ta'a jennee takkaa abjoonnee hin beekne ta'a.

Akkasumas iddo kanatti nama mo'uuf dhagaa calaqqisaa maqaa haaraan keessatti (irratti miti) caafame tokko nan kennaaf; maqichas isa fudhatu sana irraa kan hafe, namni tokko illee hin beeku jedhee dubbata. Amma yaadni maqaa haaraa jedhu kan baramedha. Abraam gara Abrahaamitti, Saaraayi gara Saaraatti, Yaaqoob gara Israa'elitti, Simoon gara Pheexiroositti, Saa'ol immoo gara Phaawulositti jijiirame. Maqaaleen kun yookaan jijiirama fiduuf yookaan jijiirama waan fidaniif isaaniif kennaman. Abraamii fi Saaraay erga Gooftaan maqaa isaanii jijiirree booda ilma dhufu simachuuf of qopheessan. Yaaqoob yoo ilaalle immoo ilma mootii jedhamuuf dura mo'achuu qaba ture. Simoonii fi Saa'ol yoo ilaalle Gooftaa erga fudhatanii booda maqaan isaanii jijiirame. Har'as nuyi amantoonni dhugaa, tokkoon tokkoon keenya maqaa nuuf jijiirame tokko qabna. Nuyi Kiristaana dha. Innis maqaa waloo hunda keenyaaf kennname dha. Garuu gaaf tokko maqaa jijiirame kan biraad in qabaanna; maqaa haaraa tokko akka argannu beekamaadha. Maqichi maqaa keenya isa dhugaa fi orijinaala uumamuu biyya lafaatii jalbee Macaafa Jirenyaa isa kan Hoolichaa keessatti caafame ta'u danda'a.

Dhagaa calaqqisaa. Attam attam miidhagaadha. Suuraan nama qulqulluu lafa irratti qoramuu isaatiif badhaasa haraka Waaqayyoo irraa isaaf kennamuu inni kan biraan kunoo ti. Akkuma beektan, Qosxanxinoosiin booda waldaan sobaa kaazinnaa mootummaa keessa harka galfachuudhaan gamoolee babbareedoo siidaa jaalaan nama hawwataniin guutaman ijaaruu dandeesseetti. Siidaaleen kun, marbilii adii irraa hojjetaman, isaan dhugumatti waaqayyolii tolfamoo Roomaa durii akka qulqullootaatti moggaafaman turan. Manneen amantaa fi meeshaaleen isaanii akkuma har'a illee namni kamuu arguu danda'u, haala adda ta'een kan miidhagan turan. Waaqayyo garuu isaan bira hin turre. Waaqayyo eessa ture? Inni qulqulloota Isaa wajjin mana xiqqoo wayii keessa, yookaan holqa xiqqoo wayii keessa, yookaan naanno gaara lafa onaa iddo isaan miseensota waldaan sobaa jalaa dhokatan keessa ture. Isaan gamoo mimmidiaghoo, gaawonii kuwaarii, uffata gaggarii fi waan biyyi lafaa ittiin nama ofitti harkisu hin qaban turan. Amma garuu amantoota dhugaa bara hundumaaf adii addaa kana keessatti Waaqayyo badhaasa bareedina guddaa fi bara baraan irra hin dabarre isaaniif kennuuf labseera. Warri sooretti warra hiyyeessa haa tuffatan. Isaan maallaqa gurguddaa waldaaadhaaf haa kennan, isheen immoo siidaa marbilii isaaniif boccee isaan haa badhaastu, ulfina isaanii mul'isuuufis agarsiisa ummaataatiif dhi'eessitee harka walitti haa rukuchiistuu. Gaaf tokko Waaqayyo Inni hundumaa arguu fi beeku, dubartii haadha hiyyeessaa sana deebisee yaadachuudhaan waan hundumaan ishee in badhaasa, garee xiqqoo nama lamaa illee haa taatu, Inni, Ofii Isaatii, qabeenya waaqarraa ishee badhaasuuf jira.

Eeyyee, mannaa dhokataa fi maqaa haaraa dhagaa adii keessatti caafamedha. Gooftaan waan dinqisiisaa akkasii nu warra hin malle badhasuun Isaa attam attam gaarummaa nutti argisiisuu Isaa ti! Oo, yeroo hundumaa fedha Isaa raawwachuuf, waaqarratti badhaadhina walitti kuufachuufis qophaa'uun nan barbaada.



www.messagehub.info

Kan Lallabame

Wiiliyaam Maariyoon Biraanhaamiin

"Bara malakanni... afuufamutti garuu..." Mul. 10:7